

KITAABA KANA HAALA GAARIIN QABUU QABDA



- Kitaaba kana haala gaariin qabuu qabda.
- Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetilti.
- Kana gochuuf qabxilleen kurnan (10) armaan gaditti tarreefaman llaali.

1. Kitaaba kana wantoota akka plastikii, gaazeexaa fi k,k,f niin ujisuu qabda.
2. Yeroo hunda kitaaba kana iddoogogaa kaauu qabda.
3. Yeroo kitaaba kanatti fayyadamtum harki kee qulquulluu ta'uu qaba.
4. Qola kitaaba kanaa irraattis ta'ee fuula irratti barreessu hin qabdu.
5. Kitaaba kana mallatloo itti godhachuu yoo barbaadde waraqaa xiqqoo ykn kaardii itti fayyadami.
6. Fikkii fuula kitaaba kanaa irra jiru hunda gonkumaa kutuu hin qabdu.
7. Kitaabni kun yoo akka tasaa tarsa'e battaluma sanatti hapheen ykn 'maastishiin' qabsiisuu qabda.
8. Kitaaba kana erga fayyadamteen booda haala gaariin teessoo kitaabaa irra kaa'uu qabda.
9. Kitaaba kana yeroo namaaf kennitus ta'ee; fudhattu eeggannoo gochuu qabda.
10. Kitaaba haaraa kana yeroo jalqabaaf yeroo fayyadamtum fuula jal qabaa suuta saaqqoo qaba. Erga saaqte booda suuta jedhii dugda isaa gadi qabi akka hin cinnetti. Kunis qola kitaaba kana haal gaariin qabuuf gargaara.



FIZIKSII

Kitaaba Barataa

Kutaa 7

Qopheessaan:

Hayiluu Leenjisoo (M.SC.)

Madaaltoonni:

Yuusuf Muhammad
Adam Goobanaa



Mootummaa Dimookiraataawaa Federaalawaa
Rippaabiliikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

AL GHURAIR
Qophii fi maxxansa

Galata

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota **Fiizixsiin** kun deeggersa karaa **Piroojektii Fooyya’insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa** (GEQIP)n kan argame yommuu ta’u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabiliikii Itoophiyaa fandii **Fooyya’insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa**(GEQIP) kana dhaabilee gargaarsa **International Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK** fi **Walta’insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeeri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabiliikii Itoophiyaa qaamolii kallattiinis ta’e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa **Fiiziksii** maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galchuu barbaada.

**© Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabiliikii
Itoophiyaa, bara 2003**
ISBN 978-99944-2-201-2

Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii

Lakk. Sanduuqa Poostaa 5613

Dubaayi, U.A.E

Wal ta’insa

Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinalii

Lakk Sanduqa Poostaa 100767

Finfinnee,

Itoophiyaa

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egsisuuf angoon kennameefiin alatti baay’isuun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamasaasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda’ametti beekamtii kenuun ragaalee adda addaa fudhanneerra. Akka tasaa ta’ee beekamtii osoo hin keniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaanmi mirgi maxxanssaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadiitiin nuuf barreessuu ni danda’aa:

Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa
Lakk. Sanduuqa Poostaa 1367
Finfinnee,
Itoophiyaa

BAAFATA

Qabiyee

Fuula

BOQONNAA 1: FIIZIKSII FI SAFARA

1.1 Hiikkaa Fiiziksii	2
1.2 Waaltinaa Fi Safari	6
1.3 Dheerina Hangaa Fi Yeroo Safaruu	10
Cuunfaa barnoota boqonnichaa	17
Gilgaala 1	18

BOQONNAA 2: SOCHII

2.1 Hikkaa Sochii	21
2.2 Sochii Daandii Sirrii	23
2.3 Hubannoo Akaakummaa Ariitii Walfakkaataa Fi Guula Walfakkaataa.....	30
Cuunfaa barnoota boqonnichaa	38
Gilgaala 2	39

BOQONNAA 3: HUMNA FI SEEROTA SOCHII NIIWUTONII

3.1. Humna	42
3.2. Seerota Sochii Niiwutonii	46
3.3 Humna Rigataa	55
Cuunfaa barnoota boqonnichaa	61
Gilgaala 3	62

BOQONNAA 4: DALAGAA, ANNIISAA FI AANGOO

4.1. Dalagaa	65
4.2. Anniisaa	68
4.3. Jijiiramaa fi Gitaa'ummaa Anniisaa	72
4.4. Aangoo	75
Cuunfaa barnoota boqonnichaa	78
Gilgaala 4	79

BOQONNAA 5: MAASHINOOTA SASALPHOO

5.1 Hiikkaa Maashinootaa	81
5.2 Faayidaa Makaanikaalaa, Reeshiyoo Ariitii fi Ga'umsa Maashinootaa	84
5.3 Akaakuuwan Maashinoota Sasalphoo	89
Cuunfaa barnoota boqonnichaa	99
Gilgaala 5	100

BOQONNAA 6: TEEMPIREECHARAA FI HOO'A

6.1. Hiikkaa Teempireecharaa	101
6.2 Teempireechara Safaruu	103
6.3. Gulantaalee Teermoomeetiraa	105
6.4. Jijiirama Gulantaalee Teempireecharaa	108
6.5. Maddoota Hoo'aa	109
6.6. Taateewwan Hoo'isuu.....	111
Cuunfaa barnoota boqonnichaa	116
Gilgaala 6	117

BOQONNAA 7: SAGALEE

7.1 Hiikkaa Sagalee	120
7.2. Uumamaa Fi Daddarbuu Sagalee	121
7.3. Saffisa Sagalee Yaa'aa Adda Addaa Keessatti	124
7.4 Balaqqeessa'uu Sagalee (Goha)	126
7.5. Faayidaa Gohaa Sagalee	127
Cuunfaa barnoota boqonnichaa	129
Gilgaala 7	130

BOQONNAA 8: ELEKTIRISIITII FI MAAGNEETIIZIMII

Damee - 1: MAAGNEETIIZIMII

8.1. Maagneetota	133
8.2. Maappii Sararaawwan Humna Maagneetawaa	140
8.3. Faayidaa Maagneetotaa	141

Damee 2: ELEKTIRISIITII


8.4. Elektirikii Dhaabbataa	142
8.5. Maloota Qaamolee Chaarjeessuu	144
8.6 Seera Elektirikii Dhaabbataa	146
8.7. Kaarentii Elektirikii fi Caalmaa Kuufamaa	151
8.8. Daandii Elektirikii	153
Cuunfaa barnoota boqonnichaa	157
Gilgaala 8	158

BOQONNAA 1


FIIZIKSII FI SAFARA

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa: Barnoota boqonnaa kana erga xumurteen booda:


- ✓ Wantootni hundumtuu walitti dhufeenya kan qaban ta'uu dinqisiifachuu.
- ✓ Ragaalee yaaliiwyan keessatti akkinootaa fi hariiroowwan qo'achuun argachuu.
- ✓ Beekumsa yaad-rimeewwan ijoo Fiiziksii dagaagsuuf karaalee fi filannoowaan adda addaan fayyadamuu ni dandeessa.




a) Fageenyi A fi B gidduu jiru hammami?



b) Dheerinni bilookii An hammami ($L_A = ?$)



c) Dheerinni bilookii Bn hammami ($L_B = ?$)



d) Dheerinni dimshaashaa bilookiwwan A fi B hammami ($L_D = ?$)

$$L_D = L_A + L_B$$

Seensa

Kutaalee gadi'aanan keessatti waa'ee saayinsii dimshaashumaan baratteetta. Kutaa kanaa fi kutaalee kanaa ol keessatti garuu waa'ee barnoota Fiiziksii, keemistirii fi Baayoljii akka dameewwan gurguddoo barnoota saayinsiitti baratta. Barnoota boqonnaa kana kaassatti immoo barnootni Fiiziksiin maal akka ta'ee fi waa'ee safaraa ni baratta.

Gocha 1.1


Gaaffilee armaan gadii irratti gareen walmar'a dhaa.

- i. Saayinsiin maali?
- ii. Dameewwan gurruddoon saayinsii maal fa'i?

Karaa salphaa ta'een yemmuu ibsamu, saayinsiin qo'annoo uumama adunyaa naannoo keenyaati. Dameewwan gurruddoon saayinsii akka armaan gaditti ibsamu.

1.1 Hiikkaa Fiiziksii

a) Hiika Fiiziksii



Hiikkaan Fiiziksii karaalee adda addaan kennamuu ni danda'a. Kanneen keessaa kan itti aanu isa tokko dha. Fiizkiin karaa haala uumama naannoo keenyaa ittiin hubannuu dha. Adunyaa keenyaa seeraa fi haala wantootni ittiin waliin jiraatan (laws of nature) hubannee qayyabanna. Kanaafuu, haala salphaa ta'een yoo ibsinu, Fiizkiin saayinsii safaraati.

Gocha 1.2

- i. Marii hamma ammaatti gaggeessitee turte irraa ka'uun, akkasumas, jechoota ofii keetii fayyadamuun Fiizkiin maal akka ta'e ibsi.
- ii. Nama Fiizksii qo'a tu maal jennee waamna?

'Fiizkiin' jecha afaan Giriikii yoo ta'u hiikni isaas uumama jechuu dha.

Kanaafuu, Fiizkiin damee saayinsii uumamaa yoo ta'u waa'ee uumama maatarii, anniisaa fi hariroo isaanii kan qo'atu dha.



Ayizaak niwutonii(1643-1727)
Seerota sochii fi seera giraavitii
Argateera

Mikaa'el Faaraday(1791-1867)
maagneetizimii irraa elektirisitiitii
maddisiisuu kan argate yoo ta'u
dinaamoo yeroo jalqabaaf
tolcheera

Jeems pirooskoot juul
(1818-1889)uumama
hoo'aa qo'ateera
akkasumas, harriroo
anniisa hoo'aa fi
anniisa makaanikaalaa
argateera

Meeri kuurii(1867-1934)
Elementoota poloniymii fi
raadiyem jedhaman waan argatteef
badhaasa "noobil piraayis" jedhamu
moo'atteetti.

Fakkii 1.1 Fiiziistota beekamoo tokko tokkoo fi argannoo isaanii

Hiikkaa Fiiziksii sirriitti hubachuuf beekumsa yaadrimee maatarii fi anniisaa qabaachuu qabda. Gaaffilee xiinxallii barbaadan kanneen armaan gadii hiriyyoota yookiin maatii kee wajjin mari'achuun deebii isaanii kenni.

Gaaffilee xiinxallii barbaadan

- i) Maatariin maali?
- ii) Amaloota maatarii muraasaa ibsi.
- iii) Anniisaan maali?
- iv) Hariiroo maatarii fi anniisaa ibsi.

Gochal 1.3

Yoo xiqqaate qo'anoowwan yookiin mata dureewwan shan.

- i. Fiiziksii wajjin walitti dhufeenza qaban
- ii. Fiiziksii wajjin walitti dhufeenza kan hin qabne ibsi

b) Kaayyoowwan Qo'annoo Fiiziksii

Fiiziksiin kutaalee 7, 8 fi sadarkaa lammaffaa keesatti akka barnoota tokkotti ni kennama.

Gocha 1.4

- Sii fi hiriyyoonni kee maaliif Fiiziksii akka qo'attan gareedhaan irratti wal mari'adhaati gabaasa marii keessan barattoota dareef dhiheessaa.

Kaayyoowwan qo'annoo Fiiziksii muraasni akka armaan gaditti ibsamu:

- Qo'annoonti Fiiziksii ta'iwwan muraasaa Baayolojii, Keemistirii, Ji'olojii fi Astiroonoomii Keessatti argaman sirriitti habachuuf gargaara.
- Fiiziksiin duudhaawwan/piriinsippiloota/ hojii jirenyaa guyyaa guyyaa keetiif barbaachisan sirritti hubachuuf si gargaara.
- Fiiziksiin dirra soofamaa irratti tarkaanfachuun maaliif akka namatti ulfaatu; chaarjotni elektirikii maaliif akka sochoo'an; konkolaattonni, xayyaaronni, rokkeetonni samii keessaa, sa'atii dammaqsituu, raadiyoononni, televizyinonnii fi kkf akkamitti akka dalagan beekuuf si gargaara.

- Fiiziksiin seerota ta'iiwwaan uumamaa hin beekamnee fi raajii ta'an qorannoон argachuun adunyaa ammayyaa wajjin akka wal barattu si gargaara.

Walumaagalatti Fiiziksii qo'achuun:

- Yaadriimeewwan ,hariiroowwan,duudhaawwanii/piriinsippilotaa/ fi seerota uumamaa hubachuu,
- Gochaawwan yookiin yaaliiwwan hojjachuun ti'ooriwwan gara foormulaatti jijiiruu yookiin dhugoomsuu,
- Hojiirra oolmaa Fiiziksii jirenya guyyaa guyyaa kee keessatti itti fayyadamuu fi
- Sababaa fi taatee ta'iiwwan uumamaa hubachu dandeessisa.

c) Qo'annoowwan Fiiziksii Wajjin Walitti Dhufeenyaa kan Hin Qabne

Qo'annoowwan yookiin gochaawwan beekumsa Fiiziksii kan hin barbaanne tokko tokko ni jiru. Fakkeenyaaaf, seenaa, Barnoota lammummaa fi amala gaarii, siyaasa, daa'ima da'u, amantaa fi kkf barnoota Fiiziksii wajjin walitti dhufeenyaa battalaa hin qabani.

d) Galma Ijoo Qo'onnoo Fiiziksii

Galmi barnoota fiiziksii fi saayinsi kan biraan barachuun hubannoo gaarii waa'ee yuunivarsii (Hawaa) fi wantoota yuunivarsii keessatti argaman argachuu dha. Yuunivarsii fi wantoota yuunivarsii keessatti argaman hubachuu argannoowwan haqaa fi dhugaa ta'an beekuu ni dandeessa. Argannoowwan haqaa fi dhugaa ta'an kunniin yaadriimeewwan saayinsawaa, seerota, duudhaawwanii fi hariiroowwan adda addaa uumu. Fiiziksiin seerota fiizikaalaa bira ga'anii argachuuf qo'atama.

Gocha 1.5

- Fakkeenyota 'haqoota saayinsawaa' fi 'Seerota saayinsawaa' gareedhaan wal mari'achuun tarreessaa.

Haqoota saayinsawaa	Seerota / Duudhaawwan saayinsawaa

e) Hariiroo Saayinsotaa Fi Qo'annoowwan Biroo Wajjin Qabu

Sarara daangaa dameewwan saayisii gidduutti ifaan kaa'ame hin jiru. Beekumsi Fiiziksiin beekumsa keemistirii, Baayoolojii. Astiroonomii fi kkf wajjin walitti dhufeenyaa qabaachuu ni danda'a. fakkeenyaaaf, Fiiziksii fi keemistiriin akka barnoota tokkootti Saayinsii fiizikaalaa yookiin Fiizikaal keemistirii jedhamee qo'atama. Gosoota barnootaa asii gaditti tarreeffaman saayinsonni biroo Fiiziksii wajjin kan ittin makamanii dha.

- **Baayoofiiziksii:** Makaa baayolojii fi Fiiziksii
- **Astiroofiiziksii:** Makaa Astiroonomii fi Fiiziksii
- **Ji'ofiiziksii:** Makaa ji'olojii fi Fiiziksii

f) Dameewwan Fiiziksii

Fiiziksiin dameewwan garaagaraatti qoodamee qo'atama. Dameewwan fiiziksiin muraasni gabatee 1.1 kan armaan gadii irratti tarreeffamanii jiru.

Gabatee 1.1: Dammeewwan fiiziksii	
Dameewwan	
Meekaaniiksii	Waa'ee sochii qaamolee fiizikaalaa qo'ataa
Sagalee	Uumama, daddarbuu fi amaloota sagalee qo'ata
Optiiksii	Uumama, daddarbuu fi amaloota biroo kan ifaa qo'ata
Elektirisiiiti fi Maagneetilizimii	Waaee chaarjota sochii irra hin jirree fi sochii irra jiran akkasumas, hariiroo amaloota elektrikaalaa fi maagneetawaa qaamolee adda addaa qo'ata.
Hoo'a	Waa'ee suudoowwan atoomii, caasaa niyuuklarii fi anniisaa qo'ata
Niyuuklar fiiziksii	Waa'ee suudoowwan atoomii, caasaa niyuuklarii fi anniisaa qo'ata.
Astrofiiziksii	Waa'ee qaamolee gurguddoo yuunivarsii keessatti argaman kanneen akka pilaaneetotaa, urjiilfee fi gaalaaksiwwan fi kkf qo'ata.

Gocha 1.6

- Dameewwan Fiiziksii shan jirenya guyyaa guyyaa kee keessatti mula'tan barreessi.

g) Hariiroo Fiiziksiin Injinariingii fi Teeknolojii wajjin qabu.

Gocha 1.7

- Hariiroon Fiiziksii fi Teeknolojii gidduu jiru maali ?
- Isa kamiitu dursee dhufa ?

Barnoota hamma ammaatti dhihaate irraa Fiziksiin maal akka ta'e baratteetta. Amma immoo teeknolojiin maal akka ta'ee fi faayidaa akkamii akka qabu ni beekta. Teeknolojiin namoonni beekumsa saayinsawaa ta'e faayyadamanii hojii isaanii haala salphaa ta'een akka hojjatan taasisuu fi naannoo isaanitti gammadanii jirenya gaarii akka jiraatan gargaaruu dha. Wantoonni kanneen akka konkolaattota, televizyinoota, xayyaarotaa fi meeshaaleen manaa bu'aawwan Teeknolojiiti. Namni teeknolojii qo'atu teeknologistii jedhama. Teeknologistrooni meeshaa faayidaa qabeessa ta'e oomishuuf beekumsa Fiiziksii fi Herregaan fayyadamu.



a)



b)



c)



d)

Fakkii 1.2 Oomisha teeknolojii

Injinaroonni teeknolojistoota oomisha adda addaa wixineessan walitti gurmeessuun oomishanii dha.

Oomishoonti injinarootaa ulaagaalee jahaan madaalamu.Isaanis:

1. Oomishni oomishame haala barbaadameen ni dalagaa?
2. Oomishni oomishame umrii qabaa?
3. Oomishni oomishame gatii gaarii qabaa? Rakasaa dha?
4. Oomishni oomishame namoota biratti fudhatama qabaa?
5. Oomishni oomishame hawwaasa ittiin tajaajilamaa jiru keessatti fudhatama qabaa?
6. Oomishni oomishame naannoo itti argamutti fudhatama qabaa?

Gaaffilee Mirkanneeffannoo 1.1

1. Fiiziksiin maal akka ta'e ibsi.
2. Dameewwan Fiiziksii shan tarreessi.
3. Kaayyoon Fiiziksii barachuun maali?
4. Hariiroon yookiin walitti dhufeenyi Fiiziksii fi
 - a) Baayoljii
 - b) Keemistirii
 - c) Astiroonomii gidduu jiru maal akka ta'e ibsi.
5. Qo'annoowwan kanneen biroo muraasaa fiiziksii wajjin hariiroo qaban tarreessi.
6. Hariiroon fiizksii fi teeknolojii gidduu Jiru maal?
7. Ulaagaalee wixinee injinariingii gaarii madaaluuf fayyadan maal fa'i?

1.2 Waaltinaa Fi Safari

Gocha 1.8

- i. Dheerinaa fi dalgee kitaaba kanaa safari.
- ii. Hojjaa hiriyyaa kee ati safari, akkasumas, hojjaa kee immoo hiriyyaan kee haa safari.
- iii. Meeshaa kan akkamii fayyadamte?
- iv. Safari kitaabichaa fi hojjaa hiriyyaa kee akkamitti barreessite?
- v. Gatiwwan safara armaan olii fayyadamuun bal'ina kitaaba kanaa shallagi.

Safara

Gocha 1.8 yemmuu hojjattu lakkofsotaan fayyadamteetta. Lakkofsonni kun kophaa isaanii hiikkaa hin qabani. Yuunitota kanneen akka seentimeetira fi meetira wajjin yemmuu walmakamanii ibsaman garuu, waa'ee bal'ina kitaaba kee fi hojjaa hiriyyaa kee odeeffannoo ifa ta'e kennuu ni danda'u. Kunis akka armaan gaditti ibsama.

- Dheerinni kitaaba kanaa seentimeetira 24 (24cm) yoo ta'u
- Dalgeen isaa immo seentimeetira 17 (17cm) dha.
- Hojaan hiriyyaa kee meetira 1 fi seentimeetira 45 dha.

Safari qaama hamma hin beekamne qabu tokko qaama bira hamma beekamaa ta'e qabu wajjin wal bira qabanii ilaaluu dha. Adeemsi kunis waa lama of keessaa qaba:

- Yuunitii
- Lakkoofsa, yuunitota qaama safaramu keessa jiran ibsu.

Yoomiyuu, wanta tokko yemmuu safartu, qaamolee lama, tokko kan waaltawaa ta'ee fi kan biraan kan safaramuu qabu walbira qabdee wal dorgomsiisuun ilaaluu qabda. Safarri adeemsa gochaa fiiziksii keessatti raawwatuu dha. Fiizistonni odeeffannoo hamma wanta tokkoo ibsu adeemsa safaraa keessatti argatu.


Waaltina

Gocha 1.9

Yuunitota aadaa dheerinaa, yeroo fi hangaa safaruuf fayyadan maal fa'aa beekta ?


Yuunitonni kanneen sirriitti itti fayyadamuu dandeenyu yookiin abdachiisaa dhaa?

Yeroo durii ummanni Itoophiyaa qaamolee fiizikaalaa kanneen akka yeroo, hangaa fi dheerina safaruuf yuunitota aadaa fayyadamaa tureera. Fakkeenyaaaf yeroo safaruuf yemmuu aduun baatu yookiin lixxu 'barii' yookiin 'galgala' akkasumas, yemmuu aduun gama mataa gubbaa dhufu waaree jechuun fayyadamaa turaniiru. Akkasumas dheerina dhuundhumaan, taakkkuu, faanaa fi tarkaanfii dheeraan safaraa turaniiru.



a. Taakkkuu

Fakkii 1.3 yuunitota safaraa kan aadaa



b. Dhundhuma

Yuunitota aadaa dheerinaa fi yeroo asii olitti ibsaman kunniin yeroo ammaa illee ni beekamu garuu sirriitti hojiirra oolaa hin jirani.

Gocha 1.10

- Daree keessan keessatti barataa baay'ee dheeraa fi barataa barattoota hunda irra gabaabbate addaan baasi.
- Dhundhumaa fi taakkkuu isaanii wal dorgomsiisi. Walqixxee dhaa?
- Maal murteessuu dandeessa? Yuunitonni safaraa kan aadaa haala abdachiisaa ta'een faayidaa irra ooluu ni danda'u?

Yuunitonni waaltawwaan
Yuunitota waliigalteedhaan
qaamolee fiizikaalaa karaa
saayinsawaa ta'een safaruuf
fayyadaa jiranii dha.

Guddinni Saayinsi fi teeknolojii yuunitota abdachiisaa fi waaltawaa ta'aniin fayyadamuu akka dandeenyu taasiseera. Saayintistoonni addunyaa yaa'ii waliigalaa gaggeessuun yuunitota safaraa waalteessuun sadarkaa addunyaatti akka fayyadan irratti waligalaniiru. Yuunitonni kunniinis **yuunitota waaltawaa SI (System of International Units)** jedhamuun beekamu. Gabaabinaan **yuunitota SI** jedhamuun barreffamuu.

Fakkeenya

1. Yuunitiin waaltawaa (SI) kan dheerinaa meetira (m) dha
2. Yuunitiin waaltawaa (SI) yeroo sekondii (s) dha
3. Yuunitiin waaltawaa (SI) hangaa kiiloogiraama (kg) dha

Qaamolee Fiizikaalaa

Dheerina, dalgee fi hojja kitaba kee safarteetta. Qaamoleen kunniin qaamolee safaramoo fiizikaalaa jedhamu. Yeronii fi hangi illee qaamolee safaramoo fiizikaalaa dha.

Qaamoleen battalumatti yookiin karaa biraatiin safaramuu danda'an kamiyyuu qaamolee safasamoo Fiizikaalaa Jedhamu.

Gatiiwan safaraman qaamolee fiizikaalaa kunniin lakkofsaa fi yuunitiin barreffamanii ibsamu. Qaamoleen fiizikaalaa fi yuunitonni iddo bu'eewan isaaniitiin barreffamuu.

$$\ell = 24\text{cm}, w = 17 \text{ cm}$$

' ℓ ' fi ' w ' n iddo bu'eewan dheerinaatti

24 fi 17 gatiiwan lakkofsaa yoo ta'ani 'cm'n yuunitii dheerinaati. Gocha 1.8 keessatti dheerinaa fi dalgee kitaaba kanaa battalumaan safartee turte garuu, bal'ina isaa shallagdee argatte. Garaagarummaan safartoota karaalee lamaan kunniin gidduu jiru maali? Gocha qabatamaa kana irraa wanta hubachuu dandeessu qaamoleen fiizikaalaa tokko tokko battalumatti kan safaramuu danda'an yoo ta'u qaamoleen fiizikaalaa kanneen biroon immoo qaamolee battalumatti safaraman lamaa fi lamaa ol walitti fiduun shallagamuu danda'uu isaaniiti.

Qaamoleen fiizikaalaa iddo lamatti ramadamu.Isaanis:

1. Qaamolee fiizikaalaa bu'uuraa fi
2. Qamolee fiizikaalaa diriirfamoodha.

Qaamolee fiizikaalaa bu'uura: Qaamolee battalumatti safaramuu danda'anii dha. Qaamolee fiizikaalaa birootiin bakka bu'amaniibamuun hin danda'ani. Dheerina hangaa fi yeroon fakkeenyota qaamolee fiizikaalaa bu'uuraatti. Yuunitonni qaamolee safaramoo bu'uuraa safaruuf fayyadan yuunitota bu'uuraa jedhamu. Gabatee 1.2 keessatti yuunitota bu'uuraa torba kan ibsamaman ta'uu hubachuu ni dandeessa. Maqaa isaanii eeruu ni dandeessa?

Dheerina hangaa fi yeroo alatti qaamolee fiizikaalaa bu'uuraa kanneen biroo afur ni jiru. Isaanis teempireechara, kaarentii elektirkii, hamma maatarii fi cimina ifaa dha.

Gabatee 1.2: Qaamolee Fiizikaalaa Bu'uura			
Qaamolee bu'uura		yuunitota bu'uura	
Maqaa	Iddoo Bu'ee	Maqaa	Iddoo Bu'ee
Dheerina	ℓ	Meetira	m
Yeroo	t	Sekondii	s
Hanga	m	Kiilogiraama	Kg
Teempireechara	T	Kelviinii	K
Kaarentii	I	Ampeerii	A
Hamma Maatarii	M	Mole	Mol
Cimina Ifaa	I	Kaandeellaa	Cd

Gaaffilee Xiinxallii Barbaadan

- Qaamoleen bu'uura walitti dhufanii makamuun bal'ina, qabee, rukkinaa fi saffisa kenuu danda'an maal fa'i?
- Yuunitonni bu'uuraa akkamitti walitti makamuun yuunitota diriirfamoo kan humnaa, ariitii, dhiibbaa fi dalagaa akka kennan ibsi.

Qaamoleen Fiizikaalaa diriirfamoo: Qaamolee battalaan osoo hin ta'in karaa biraatiin safaramaniidha. Qaamolee fiizikaalaa bu'uuraa lamaa fi lamaa ol walitti fiduun shallagamu. Bal'inaa fi qabeen fakkeenyota qaamolee fiizikaalaa shallagamoodha. Yuunitonni qaamolee fiizikaalaa diriirfamoo yuunitota diriirfamoo dha.

Gabatee 1.3: Qaamolee diriirfamoo muraasa			
Maqaa	Iddo-bu'ee	Yuunitii	Iddo-bu'ee
Bal'ina	A	Meetira iskuweerii	m^2
Qabee	V	Meetir kiyubii	m^3
Rukkina	p	Meetir kiyubitti kiilogiraama	Kg/m^3
Guula	a	Sekondii iskuweeritti meetira	m/s^2
Humna	F	Niiwutonii (N)	$Kgm/s^2 = N$
Dhiibbaa	P	Paaskaalii (p)	$\frac{kg\ m/s^2}{m^2} = \frac{N}{m^2} = p_a$

Kal- qabee Fi kal- dhabee

Qaamoleen safaramoo fiizikaalaa tokko tokko laccofsaa fi yuunitiin guutumaatti ibsamu . Laccofsi yuunitii wajjin ibsame hamma jedhama. Qaamoleen kan biroon immoo kallattii wajjin malee laccofsaa fi yuunitii qofaan ibsamuu hin danda'ani. Kanaafuu, qaamoleen safaramoo fiizikaalaa garee lamatti ramadamu. Iaanis:

- i) Kal- dhabee fi
- ii) Kal-qabee dha

Kal-dhabeen: qaama fiizikaalaa hamma qofaan ibsamuu dha.

Yeroo, hanga, qabee, rukkina, teempireecharaa fi anniisaan fakkeenyota kal- dhabeeti.

Kal-qabeen: qaama fiizikaalaa hammaa fi kallattii wajjin ibsamuu dha

Qaxxaamuura, ariitii fi humni fakkeenyota kal- qabeeti.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 1.2

1. Safarri maali?
2. Qaamoleen safaramoo fiizikaalaan maali?
3. Garaagarummaa qaamolee fiizikaalaa bu'uuraa fi qaamolee fiizikaalaa diriirfamoo ibsi.
4. Qaamolee fiizikaalaa bu'uuraa yuunitota waaltawaa isaanii wajjin ibsi.
5. Qaamolee fiizikaalaa diriirfamoo muraasa tarreessi.
6. Kal- qabee fi kal dhabee akkamitti addaan baafta?
7. Gabatee kan armaan gadii irratti fakkeenyota kal- dhabee fi kal- qabee tarreessi.

Kal- dhabee	Kal- qabee

1.3 Dheerina Hangaa Fi Yeroo Safaruu

1.3.1 Dheerina Safaruu

Gocha1. 11

- i. Manni barumsaa kee mana kee irraa hammam fagaata?
- ii. Dalgee fi hojjaan keessa daree kan mana barumsaa kee hammami?

Fageenya mana barumsaa fi mana kee gidduu jiru yookiin dalgee fi hojjaan daree kee yemmuu himtu dheerina safaraa jirta.

Dheerinni qaama fiizikaalaa bu'uuraa fageenya qabxiilee lama gidduu jiru ibsuu dha.


Iddoo bu'een dheerinaa 'ℓ' dha. Garuu yeroo tokko tokko iddo bu'eewan kanneen biroo kan akka 'b', 'h' fi 's' fayyadamuu ni dandeenya. Dheerina wanta tokkoo yemmuu safartu hamma dheerina wantichaa safara dheerina dhaabbataa fi yuunitii waaltawaa ta'e wajjin walbira qabnee wal dorgomsiifna. Haala kanaan yuunitiin waaltawaan SI dheerinaa meetira (m) dha. Yuunitiwwan dheerinaa kanneen biroo waaltawaa kan hin ta'inis ni jiru. Isaanis, seentimeetira (cm), miiliimeetira (mm), kiiloomeetira (km) fi kkf dha.



a) Sarartuu



b) Teepha Safaraa



c) Meetira anaaxii



d) Varniyer Kaalippari

Fakkii 1.4 Meeshaalee dheerina safaran

Gocha 1. 12

Dheerina qaamolee garaagaraa sarartuu (50cm) n safaruu. Hamma dheerina qaamolee kanniin armaan gadii iddo bu'ee fayyadamuun barreessi.

- i) Dura dheerina isaanii tilmaami. ii) Itti aansuun dheerina isaanii safari.
- a) Dheerina gabatee gurraachaa
- b) Furdina kitaaba Fiiziksii kee
- c) Dalgee balbala daree kee.

Gabatee 1.4: Hariiroo meetiraa fi yuunitota waaltawaa hin taane kanneen biroo

Meetira 1(1m) = miiliimeetira 1000 (1000mm)

Meetira 1 (1m) = seentimeetira 100 (100cm)

Meetira 1 (1m) = deesimeetira 10 (10dm)

Meetira 1 (1m) = 0.001km

Miiliimeetira 1 (1mm) = 0.001m

Seentimeetira 1 (1cm) = 0.01m

Deesimeetira 1(1dm) = 0.1m

Kiiloomeetira 1 (1km) = 1000m

Fakkeenya 1.1

Fageenyi qabxiilee lama gidduu jiru meetira 100 dha. Fageenyi kuni

- a) Seentimeetiraan
- b) Miiliimeetiraan
- c) deesimeetiraan fi
- d) kiilometiraan meeqa ta'a?

Kennamaa:

Furmaata:

a) $\ell = 100\text{m}$

a) $1\text{m} = 100 \text{ cm}$ yoo ta'u $\Rightarrow 'l'$ seentimaatiraan = $\frac{100\text{cm} \times 100\text{m}}{1\text{m}}$

$100 = ?$

Kanaafuu, $\ell = 10,000\text{cm}$

b) $1\text{ m} = 1000\text{mm}$

$100\text{m} = ?$

$\Rightarrow 'l' (\text{mm})_n = \frac{100\text{m} \times 1000\text{mm}}{1\text{m}}$

Kanaafuu, $\ell = 100,000\text{mm}$

c) $1\text{m} = 10\text{ dm}$

$100\text{m} = ?$

$\Rightarrow 'l' (\text{dm})_n = \frac{100\text{m} \times 10\text{dm}}{1\text{m}}$

Kanaafuu, $\ell = 1000\text{dm}$

d) $1\text{m} = 0.001\text{km}$

$100\text{m} = ?$

$\Rightarrow 'l' (\text{km})_n = \frac{100\text{m} \times 0.001\text{km}}{1\text{m}}$

Kanaafuu, $\ell = 0.1\text{km}$

Gaaffilee Xiinxallii Barbaadan

Dheerinaalee kanneen armaan gadii safaruuf yuunitii kam fayyadamuu akka qabdu barreessi.

- a) Fageenya mana kee fi mana barumsa kee gidduu jiru.
- b) Furdina kitaaba Fiiziksii kee.
- c) Hojjaa kee.

1.3.2 Hanga (m) safaruu

Hamma ammaatti dheerina akkamitti safaruu akka danda'amu baratteetta. Qaamni fiizikaalaa kun qaama fizikaalaa baay'ee barbaachisaa ta'ee dha. Qaama fiizikaalaa baay'ee barbaachisaa ta'e kan biraan barachuu qabdu immoo hanga (m) dha.

Hangi qaama fiizikaalaa bu'uuraati. Hiikkaan isaas, hamma maatarii qaama tokko keessatti argamuu dha.


Karaaleen hanga safaruuf fayyadan lama dha. Isaanis:

- i. **Karaa aadaatiin** hamma wantoota adda addaa walbira qabanii waldorgomsiisuun hanga wanta tokkoo tilmaaamaan himuu.


Yaadannoo: Adeemsi kuni gatii safara hangaa sirrii ta'e hin kenuu.

- ii. **Karaa saayinsawaa** ta'een hangi wanti tokkoo meeshaa **madaala hangaa** jedhamuun safarama.

Madaalli hangaa Sibiila utubduu isaa irratti hirkate fixeewan lamaan isaatti sahanii toko tokko ittiin rarra'e qaba. Fakkii 1.5 ilaaali.



- a) Madaala hangaa naannoo keenyaatti tolfamu



- b) Madaala hangaa



- c) Madaala hangaa abbaa ulee sadii

Fakkii 1.5 Meeshaalee hanga safaran

Gochaa 1.13

- Madaala hangaa fayyadamuun hanga qaamolee safaruu yaaltee beektaa?
- Suuqii (dukkaana) qe'ee keessanitti argamu daawwadhu. Tartiiba raawwii hanga qaamolee madaala hangaatiin ittiin safaramu sirriitti hubadhuuti barreessi. Waan barreessite barattoota daree keetiif gabaasi.

Wanti yookiin qaamni hangi isaa safaramu sahanii tokko irratti yemmuu kaa'amu madaaltoowwan hangaa, hanga dhaabbataa fi beekamaa ta'e qaban hamma madaalliin bitaa fi mirgaa wal qixxaatutti sahanii biraa irratti kaa'amu. si'a kanatti hangi wantichaa hanga madaaltoowwan wajjin walqixa ta'a.

Yuunitiin waaltawaan (SI) hangaa kiiloogiraama (kg) dha. Yuunitonni hangaa kanneen waaltawaa hin taane biroos ni jiru. Muraasni isaani gabatee armaan gadii irratti eeramaniiru.

Gabatee 1.5: Hariiroo yuunitota hangaa gidduu Jiru

Kiiloogiraama 1000 = Toonii 1

Kiiloogiraama 100= kuuntaala 1

Killoogiraama 1 = Giraama 1000

$$\begin{aligned} \text{Giraama 1} &= \frac{1}{1000} \text{ kg} \\ &= 0.001 \text{ kg} \end{aligned}$$

$$\begin{aligned} \text{Miiliigiraama 1} &= \frac{1}{1000} \text{ g} \\ &= 0.001 \text{ g} \end{aligned}$$

Gocha 1.14

- Madaala hangaatiin osoo hin safarin hangoota gaamolee asii gaditti tarreffaman tilmaami.
 - kitaaba barataa Fiiziksii kutaa 7
 - Boronqii tokko
 - Daastara tokko
- Hanga qaamolee asii gaditti tarreffaman madaala hangaatiin madaali.
- Hamma gatiwwan tilmaamaan argamanii fi safaruun argaman waldorgomsiisiiti garaagarummaa isaanii shallagi. Garaagarummaa argameef sababa isaa ibsi.

Fakkeenya 1.2

1. Sahanii madaala hangaa isa tokko irratti madaaltooowwan hangaa afur hangi sahanii 1 kg, 500g, 30g fi 0.6g ta'e kaa'amaniiru. Qaamni hangi isaa madaaalame immoo sahanii gama biraa jiru irratti kaa'ameera. Madaalliiin sahaniwwan lamaan yoo walqixxaate hangi qaamichaa hammam ta'a?

Kennamaa
 $m = 1\text{kg}, 500\text{g}, 30\text{g}, 0.6\text{g}$

Barbaadamaa
Hanga dimshaashaa = ?

Furmaata

$m = \text{Ida'ama hangaawwan kennamanii dha.}$

$$\begin{aligned} &= 1\text{kg} + 500\text{g} + 30\text{g} + 0.6\text{g} \\ &= 1000\text{g} + 500\text{g} + 30\text{g} + 0.6\text{g} \\ &= 1530.6\text{g} \text{ yookiin} \\ &= 1.53\text{kg} \end{aligned}$$



Fakkii 1.6 – Si arge - Si argeera


2. Abeelii fi zaharaan fiixeewwan lameen **Si arge - Si argeera** irratti fageenya utubduu irraa walqixa ta'e irratti akka fakki 1.6 irratti mul'atutti taa'aniiru. Hangi zaharaa 37kg, kan Abeel imoo 29kg yoo ta'e madaallii **Si arge - Si argeera** eeguudhaaf hangi Abeel baachuu qabuu hammam ta'uu qaba?

1.3.3 Yeroo (t) Safaruu

Yeroon maali? Aduun ganama kallattii bahaa irraa baatee galgala gara dhihaatti lixxi. Aduun baatee hamma lixxuutti yeroo hammam itti fudhata? Namoonni gaaddiduu aduun uumtu akka meeshaa safaraa yerootti itti fayyadamu. Kunis **sa'aatii aduu (sandyaal)** jedhamee beekama. *Yeroon qaama fizikaalaa bu'uuraa turtii jalqabaa fi xumaraa gocha yookiin ta'ii tokko ibsuu dha. Iddo bu'een isaa 't ' yoo ta'u yuunitiin waaltawaan(SI) isaa immoo sekondii (s) dha.*

Gocha 1.15

- Irratti walmari'adhaa: Baha aduu fi lixa aduu haala akkamiin yeroo guyyaa safaruuf fayyada?



a) Sa'aatii



c) Sa'aatii battalaan dhaabbattu



b) Sa'aatii dijitalii

Fakk 1.7 Meeshaalee yeroo safaraan

Sa'atiin miinjaalaa fi sa'atiin harkaa meeshaalee beekamoo yeroo safaruuf fayyadanii dha. yuunitota yeroowwan baay'ee gabaabaa fi dheeraa ta'an safaruuf fayyadan ni jiru. yuunitota yeroo gochaawwan kanneen armaan gadii safaruuf itti fayyadamuu qabdu barreessi.

- a) Tirrisa onnee kee
- b) Turtii wayitii barnootaa tokkoo
- c) yeroo mana kee irraa kaatee mana barumsaa ga'uuf sirraa fudhatu.

Gocha 1.16

- i. Tirrisa onnee kee sa'atii harkaa fayyadamuu safari. Safari kee iddo - bu'ee fi yuuniti yeroo fayyadamuu ibsi.
- ii. Gocha kee kana akkamitti akka raawwatte barsiisaa ketiif ibsi

Hariiroo Yuunitota Yeroo Waaltawaa (SI) fi Waaltawaa Hin Taane Gidduu Jiru

Gocha 1.17

- i. Hariroo sa'atii, daqiqaa fi sekondii gidduu jiru takkaa yaadattee beektaa?
- ii. Gochaawwan (hojiwwan) sa'atiwwan diigdamii afur (guyyaa tokko) keessatti raawwattu tareessi.

Yeroo	Gocha
Ganama	12:00
	1: 00
	2: 00
	... kkf

Yeroo guyyaa tokkoo sirritti itti fayyadamtaa? Yeroo kee yeroo hiriyyoota kee wajjin wal dorgomsiisi.
Yeroo guyyaa tokoo sirritti itti hin fayyadamne eenu? Hiriyyoota kee wajjin irratti wal mari'adhaa.

Gaabatee 1.6: Hariroo Yuunitota yeroo Gidduu jiru

sa'atii 1 (1h) = Daqiqaa 60
(60min)
daqiqaa (1min) = sekondii 60
(60s)
Guyyaa 1 = sa'atii 24 (24h)
Torbaan 1 = Guyyaa 7
Ji'a 1 = Guyyaa 30
Wagga 1 = Guyyaa 365

Sa'atiwwan harkaa tokko tokko lakkooftuu sa'atii, lakkooftuu daqiqaa fi lakkooftuu sekondii qabu.

- Lakkooftun sekondii yemmuu marsaa tokko naannooftu lakkooftun daqiqaa yuunitii tokko sochoofti (daqiqaa tokko).
- Lakkooftun daqiqaa yemmuu marsaa tokko naannooftu lakkooftuu sa'atiin immoo yuunitii tokko sochoofti (sa'atii tokko)
- Lakkooftun sa'atii yemmuu marsaa tokko naannooftu, sa'atii 12 jenna.

Fakkeenyaa 1.3

1. Yeroowwan kanneen armaan gadii gara daqiqaaatti jijiiriiti ibsi.
 - a) sa'atii 3
 - b) sa'atii 3/4
 - c) sa'atii 1.25

Furmaata:

a) $1\text{h} = 60\text{min}$

$$3\text{h} = ? \Rightarrow t = \frac{3\text{h} \times 60\text{ min}}{1\text{h}}$$

Kanaafuu, $t = 180\text{min}$

b) $1\text{h} = 60\text{ min}$

$$\frac{3}{4}\text{h} = ? \Rightarrow t = \frac{3/4\text{h} \times 60\text{ min}}{1\text{h}}$$

Kanaafuu, $t = 45\text{ min}$

c) $1\text{h} = 60\text{ min}$

$$1.25\text{h} = ? \Rightarrow t = \frac{1.25\text{h} \times 60\text{ min}}{1\text{h}}$$

Kanaafuu, $t = 75\text{ min}$ **Gaaffilee Xiinxallii Barbaadan****Kanneen armaan gadii safaruuf yuunitii akkamii fayyadamuu akka qabdu barreessi.**

- a) Tirrisa onnee kee.
 b) Wayitii barannoo tokko kan daree kee.
 c) Yeroo mana kee irraa kaatee hada mana barumsa kee geessutti sirraa fudhatu.

1. Guyyaa tokko keessatti sa'atii, daqiqaa fi sekondii hammamtu jira?**2. Karaalee aadaa muraasaa yeroo safaruuf fayyadan ibsi.****3. Waggaan tokko keessatti guyyoota meeqaatu jiru?****4. Umriin kee meeqa? a) Waggaan ibsi b) ji'aan ibsi.****5. Yeroowwan asii gaditti kennaman sekondiidhaan ibsi.**

- a) Daqiqaa 75
 b) sa'atii 2
 c) daqiqaa 0.6

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 1.3

- 1. Dheerinni maali? Maqaa meeshaa dheerina safaruuf fayyadu eeri.**
- 2. Yuunitii waaltawaa SI dheerinaa fi yuunitota dheerinaa kanneen waaltawaa hin taane beekamoo muraasa ibsi. Hariiroo gidduu isaanii jirus ibsi.**
- 3. Hangi maali? Meeshaalee hanga safaruuf fayyadan tokko tokko ibsi.**
- 4. Yuunitii waaltawaa SI fi kanneen waaltawaa hin taane muraasa kan hangaa ibsi. Hariiroo gidduu isaanii jirus ibsi.**
- 5. Yeroon maali? meeshaalee yeroo safaruuf fayyadan ibsi.**
- 6. Hariiroo yuunitii waaltawaa yeroo fi yuunitota yeroo kanneen waaltawaa hin ta'in gidduu jiru ibsi.**

Cuunfaa Barnoota Boqonnichaa

- Fiiziksiin damee saayinsii uumamaati.
- Fiiziksiin waa'ee seerota uumamaa qo'ata.
- Fiiziksiin guddina saayinsii fi Teeknolojii kamiifuu ni fayyada.
- Meekaaniiksii, sagalee, ooptiaksi. Elektirisitii fi Maagneetiizimii, Hoo'a, Niyukilar Fiiziksii, Astiroofiiziksii fi Fiiziksiin suudootaa dameewwan garaagaraa Fiiziksiiti.
- Safari adeemsa hamma qaama safaramuu qabuu fi hamma qaamaa dhaabbataa duraan safaramee beekame wal bir aqabani waldorgomsiisuu dha.
- Safari wanta tokkoo waa lama of keessaa qaba. Isaaanis:
 - i. Gatii lakkoofsaan ibsamee fi
 - ii. Yuunitii safaraa dha.
- Yuunitonni waaltawoon yuunitota waliigaltee saayintistoota addunyaatiin argamanii fi hamma qaamolee fizikaalaa safaruuf fayyadanii dha.
- yuunitonni aadaa abdachiisaa fi qabatamaa miti.
- qaamoleen fiizikaalaa qaamolee battalaan yookiin karaa biraatiin safaramuu kan danda'an yoo ta'an
 - i. Iddoo bu'een
 - ii. Lakkoofsaa fi
 - iii. yuunitiin ibsamu.
- Kal- dhabeewwan hamma qofaan ibsamu. kallattii hin qabani.
- Kal - qabeen hammaa fi kallattii wajjin ibsama.
- Dheerina, yeroo, hanga, teempireechara, kaarentii fi hammi maatariin qaamolee safaramoo bu'uuraati. Qaamoleen safaramoo kanneen hafan garuu, qaamolee diriirfamoo you ta'ani qaamolee safaramoo bu'uuraa lamaa fi lamaa ol walitti fiduun diriirfamu.

Gilgaala 1

I. Dhugaa yookiin Soba Jedhii Deebisi.

1. Meetirri tokko kiiloomeetira 100 wajjin walqixa dha
2. Fiiziksii keessatti qaamolee safaramoo bui'uuraa torbaatu jiru.
3. Meeshaan hanga safaruuf fayyadu kiiloogiraama dha.
4. Kiiloogiraamaa fi kiiloogiraamni yoo walitti ida'ame bu'aan isaa yuunitii dirirfamaa ta'a.
5. (m/s)n yuunitii diriirfamaa dha.

II . Deebii Sirrii Ta'e Filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa kal- qabee kan hin taane kami?
 a. Qaxxaamara b. Rukkina c. Humna d. Ariitii
2. Kanneen armaan gadii keessaa qaama fiizikaalaa bu'uuraa kan hin taane kami?
 a. Yeroo b. Hangaa c. Humna d. Dheerina
3. Kanneen armaan gadii keessaa yuunitii dirirfamaa fi waaltawaa kan ta'e kami?
 a. Niwitoni b. Kiiloogiraama c. Keelviinii d. Sekondii
4. Ida'amni 2h+ 20min + 60s daqiqaa _____ wajjin wal qixa dha.
 a. 120 b. 141 c. 150 d. 161
5. Madaalli hangaa meeshaa _____ safaruuf fayyaduu dha.
 a. dheerina b. qabee c. hanga d. rukkina

III. Deebii Gaggabaabaa kenni.

1. Dheerina, hangaa fi yeroo karaa aadaatiin safaruun maaliif abdachiisaa ta'uu hin dandeenye?
2. 9.3m keessatti seentimeetira meeqaatu jira?
3. Hiikkaa kanneen armaan gadii ketti:
 a) Fiiziksii e) kal- qabee
 b) Yuunitii waaltawaa f) Dheerina
 c) Safari g) Yeroo
 d) Qaama safaramaa bu'uuraa h) Hangaa
4. Qaruuraa guddaan kiniiniwwan tokkoon tokkoon isaanii hanga 250mg qaban of keessaa qaba . hangi dimshaashaa kiniiniwwanii 0.5kg dha. Baay'ina kiniiniwwanii qaruuricha keessatti argaman shallagi.

Gaaffilee Xiinxallii Barbaadan

1. Meetira, kiiloogiraamaa fi sekondiin yuunitota waaltawaa dheerina hangaa fi yeroo dha. Yuunitota waaltawaa sadarkaa addunyaatti kan irratti waliigalamee dha. seenaa, malaa fi haala yuunitonni kunniin ittin murtaa'anii fi hiikkaa meetira, kiiloogiraamaa fi sekondii kenni.
2. Yuunitonni waaltawaan afur kanneen armaan gadii maqaa saayintistota waattii, Juulii, paaskaalii fi kelviin jedhamaniin moggaafamaniiru.
 - i. Saayintistonni kunniin, qo'anno Fiziksii maal maal irratti shoora argannoo ofii isaanii gumaachan?
 - ii. Yuunitonni kunniin qaamolee safaramoo maal maal safruuf fayyadu?


BOQONNAA 2

SOCHII

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa: *Barnoota boqonnaa kana erga xumurteen booda:*

- ✓ Yaadrimeewan sochii wajjin wal qabatan hubachuu;
- ✓ Ogummaa piroobleemota shallagamoo sochii wajjin walqabatan shallaguu dagaagsuu;
- ✓ wantoonni hundumtuu walitti dhufeenya yookiin hariiroo kan qaban ta'uu sirriitti hubachuu fi
- ✓ Beekumsa yaad-rimeewan ijoo Fiiziksii dagaagsuuf karaalee fi filannoowaan adda addaan fayyadamuu ni dandeessa.

Seensa



Gaaliliyoo Gaaliilee (1564-1642)

Boqonnaa kana keessatti yaadrimeewan bu'uuraa sochii wajjin walqabatan baratta. sochiin Fiiziksii keessatti mata dureewwan ijoo ta'an keessaa isa tokko dha. Wantootni yuunivarsii keessatti argaman martinuu ni sochoo'u. Sochii yemmuu qo'annu yaadota bu'uuraa tokko tokko ni fayyadamna. Isaanis, **fageenya, qaxxaamura, saffisa, ariitii fi guula** dha. karaalee itti adeeman irratti hundaa'uun akaakuwwan sochi garaagaraatu jiru. kanneen keessaa sochiin daandii sirrii isa salphaa dha. Sochiin daandii Sirrii sochii kallattii murtaa'e tokko irratti taasifamuu dha.

Gaaffii Xiinxallii Barbaadu

Gumaacha Gaaliiliyoo Gaaliileen saayinsii fi Fiiziksii keessatti gumaache maal fa'i?

2.1 Hikkaa Sochii

Gocha 2.1

Gaaffilee armaan gadii hiriyyoota kee wajjin walmari'achuun deebisi.

- I. Sochiin maali?
- II. Wanti tokko boqonnaa irra jira kan jennu yoomi?
- III. Konkolaataa keessa teessee konkolaatichi yemmuu sochoo'u ati boqonnaa irra jirta immoo sochoo'aa jirta?
- IV. Jecha sadhaata jedhu irraa maal hubatta?

Deemsa mana kee irraa gara mana barumsaa kee guyyaa guyyaan deemtu yaadadhu. Gara mana barumsaa yemmuu deemtu deemsa kee mana jirenyaa kee irraa jalqabda. Manni kee iddo ka'umsaa keeti. Yeroo murtaa'een booda mana barumsaa geessa. Manni barumsaan kee iddo ga'umsaa keeti. Adeemsa akkasii kana keessatti teessoo kee haala itti fufiinsa qabuun jijiirita. Yemmuu adeemuu fageenya bakka itti argamtuu fi mana kee giddduu jiru dabalaad ee. Jijiiramni iddo itti fufiinsa qabu kun **sochii** Jedhama. Jijiiramni iddoon kee kan hubatamu fageenya mana kee fi mana barumsa kee hubannoo keessa galchuudhaanii fi mana jirenyaa kee akka sadhaataati fudhachuun ta'u isaa sirriitti qalbeefadhu.

Sochiin jijiirama iddo itti fufiinsa qabu qaama tokko birqaba teessoo wanta biraatiin (sadhaataan) taasifamuudha.

yaadrimeewwan boqonnaa
fi sochiin birqabaan ibsamu.
Qaamni birqaba sadhaata
tokkoon boqonnaa irra jiru,
birqaba sadhaata kan
biraatiin garuu sochii irra
jiraachuu ni danda'a.

Qaammi tokko teesssoon isaa birqaba sadhaata ittiin argamu keessatti yeroo wajjin yoo jijiiramu baate qaamichi boqonnaa irraa jira jedhama. Teesssoon qaamni tokko sadhaata tokko keessatti yeroo wajjin yoo kan jijiiramu ta'e, qaamichi sadhaata sana keessatti **Sochii** irra jira jedhama.

Gosoota Sochii

Gocha 2.2


- I. Sochiwwan fakkii 2.1 irratti agarsiifaman hubadhu.
- II. Sochiwwan fakkii 2.1 (a - d) irratti hubatte giddutti garaagarummaa tokko illee addaan baaftee hubatte jiraa? Yoo jiraate ibsi.
- III. Sochiwwan kunniin daandii ittiin adeemaa jiraniin addaan baasiiti ramadi.




a) Konkolaataa daandii qajeelaa irra deemaa jiru



b) Konkolaattota karaa marfatoo irra deemaa jiran



c) Peendulamii salphaa hollachaa jiru.



d) Sirna cedheeda- hangaa hollachaa jiru.

Fakkii 2.1: Akaakuwwan sochii

Fakkii 2.1 (a) irratti konkolaataa daandii sirrii irra adeemaa jiru hubatteetta. Karaa isaa sarara qajeelaa dha.

Fakkiin 2.1 (b) karaan konkolaataa daandii marfatoo ta'uu isaa yoo agarsiisu fakkiin 2.1 (c fi d) sochiin peendulamii fi bilookii fuulduraa duuba kan hollatan ta'uu agarsiisu. Kanneen armaan gadii akaakuwwan sochii qaamoleeti.

1. Sochii Daandii Sirrii: Sochiin kun sochii daandii yookiin karaa qajeelee diriire irra taasifamuu dha.

Fakkeenyaa:

- Sochii konkilaataa karaa sirrii irra
- Kufaatii walabawaa kubbaa hojjaa murtaa'e irra

2. Sochii Daandii Marfataa: sochiin kun sochii daandii marfataa ta'e irratti taasifamuu dha.

Fakkeenyaa:

- Sochii konkolaataa karaa geengawoo ta'e irratti taasifamu.
- Sochii kubbaa hojjaa murtaa'e irra qilleensa keessatti dalga darbamte.
- Sochii addeessaa naannaawa lafa irra taasiftu.

Qalbeeffadhu: Sochiin geengawoo sochii daandii marfatoo gosa addaa karaa geengawoo ta'e irratti taasifamuu dha.

3. **Sochii Martoo:** Sochiin kun sochii siiqqee tokko irra naanna'een taasifamuu dha.

Fakkeenya:

- Sochii lakkooftuu sa'atii
- Sochii goommaa konkolaataa.

4. **Sochii Hollannaa:** Sochiin kun sochii fuulduuraa fi duubatti yookiin gara olii fi gaditti daddeebu'un taasifamuu dha.

Fakkeenya:

- Sochii peendulamii
- Sochii wantoota cedheedha irra rarra'an.
- Sochii dambalii bishaanii.

Qalbeeffadhu: Sochiwwan geengawoo fi hollannaan lamaanuu sochiwwan wayitawaati. Sochiwwan wayitawaan ariitii dhaabbataa yookiin immoo kan jijiiramu qabaachuu danda'u.

Gocha 2.3

Muuxannoo jirenya guyaa guyaa kee irraa tokkoon tokkoo akaakuuwan sochiitiif fakkeenyota muraasa ta'an barreessi. Garaagarummaa isaan gidduu jiru irratti hiriyyoota kee waliin wal mari'adhu.

Akaakuuwan Sochii	Fakkeenyota Qabatamaa
1. Daadii sirrii irra	• _____
2. Marfatoo	• _____
3. Geengawoo	• _____
4. Hollannaa	• _____
5. Sochii martoo	• _____

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 2.1

1. Akaakuuwan sochii yoo xiqqaate afur ibsiiti tokkoon tokkoon isaaniitiif fakkeenyota qabatamaa kenni.
2. Hiikcaa sochii kenni.

2.2. Sochii Daandii Sirrii

Sochiin daandii yookiin karaa qajeelee diriire irratti taasifamu sochii daandii sirrii jedhamaa.

Gocha 2.4

Haalota beekamoo sochii daandii sirrii irratti gareen wal mari'adhaa



Fakkii 2.2: Wal dorgommii keessatti atleetonni adda addaa fageenya tokko yeroo adda adda keessatti fiiganii xumuru

Sochii daandii sirii keessatti qaamni yookiin wanti tokko karaa qajeelaa qabatee **fageenya** murtaa'e yeroo murtaa'e keessatti adeema.

Atleetonni biyya keenyaa fageenya adda addaa 5,000m, 10,000m fi kkf fiiguuf yeroo adda addaa irraa fudhata. Fageenya isa kamtu yeroo gabaabaa keessatti xumuramuu danda'a?


Fageenya yeroo murtaa'e keessatti adeemamu maal jennee waamuu dandeenyaa?

Gocha 2.5

Sochii wajjin wal qabatee jechoota kal-qabee fi kal-dhabee jedhaman irraa maal hubatta?

Fageenya: Qaamni tokko karaa qaleelaa ta'e irra yemmuu adeemu bakki itti argamu kan jijiiramaa adeemu ta'uu takkattuu hubachuu dandeenyaa. Wanta sochoo'aa jiru tokkoof bakka ka'umsaa fi bakka ga'umsa isaa yoo beekne fageenya isaa akkamitti beekuu dandeenyaa?

Fageenyi: **qaama safaramaa fiizikaalaa dheerina qabxiilee lama gidduu jiru ibsuu dha. Dheerina karaa wanta tokkoon adeemamee dha. Karaa adeemuuf filatame irratti hundaa'a.**



Fakkii 2.3: Garaagarummaan fageenya karaa filatame irratti hundaa'a.

Fageenya ibsuuf kallattii eeruun hin barbaachisu. Kanaafuu, fageenyi kal- dhabee dha.

Akkaataa fakkii 2.3 irratti agarsiifameen namoonni lama qabxii A irraa gara qabxii Btti karaalee adda addaan (1) fi (2)n adeemaniiru. Waa'ee fageenya namoonni lamaan adeeman maal jechuu dandeessa?

Barnoota boqonnaa darbe irraa yuunitii dheerinaa ni yaadattaa? Yuunitiin waaltawaa (SI) dheerinaa maali? Yuunitiin dheerinaa fi fageenya walfakkaata jettee yaaddaa? Iddoo bu'een fageenya "S" yoo ta'u, yuunitiin waaltawaan isaa immoo meetira (m) dha. Yeroo baay'ee garuu, fageenyi konkolaataan yookiin xayyaaraan adeemame kiiloomeetiraan (km) safarama.




Fakkii 2.4: Dirree fiigichaa

Gaaffii Xiinxallii Barbaadu

Fageenyi naannaawa dirree fiigichaa beekamaan hammami?


Qaxxaamura (\vec{s})

Abbabaan qabxii A irra gara Btti 300m adeemee deebi'ee 200m adeemuun C irratti dhaabbate. Jijiiramni iddo abbabaan A irraa kaasee hamma Ctti taasise hammami?



Fakkii 2.5 Jijiirama teessoo barbaaduu

Wanti tokko yemmuu sochoo'u bakka itti argamu ni jijiira. Jijiiramni argame birqabaan kallattii murtaa'een taasifamu kun qaxxaamura jedhama. Qaxxaamurri fageenya gabaabaa qabxiilee lama gidduutti jiru kallattii wajjin ibsamee dha. Hammaa fi kallattii wajjin waan ibsamuuf kal qabee dha.



Fakkii 2.6: Qaxxaamurri karaa irratti hin hundaa'u.

Akkuma fakkii 2.5 irratti agarsiifameen qaamni tokko qabxii 'A' irraa ka'ee gara Btti karaalee adda addaan 1, 2 fi 3 yoo adeemu qaxxaamurri isaa tokkuma.

Gocha 2.6

- Karaa isa kamtu gabaabaa dha? Karaa isa kamtu sochii isaa keessatti kallattii wal fakkaatu /dhaabbataa ta'e/ qaba? /Fakkii 2.6 ilaali/

Akkuma beektu dheerinaaleen karaalee hundinuu fageenyotaa dha. Karaan $2^{ffaa}n$ karaa qajeelaa fi fageenya gabaabaa qabxiilee ka'umsaa fi ga'umsa gidduu jiruu dha. Kanaafuu qaxxaamura qaamichaati. Qaxxaamurri karaa adeemamu irratti hin hundaa'u.

Karaan qajeelaan kallattii murtaa'e qabu kuni qaxxaamura dha. Kanaafuu, qaxxaamurri fageenya gabaabaa qabxiilee lama gidduu jiruu dha.

Yuunitiin waaltawaa qaxxaamuraa yuunitii waaltawaa fageenyaaya wajjin tokko yoo ta'u innis meetira (m) dha. Iddoo bu'een qaxxaamuraa \vec{s} dha. Kunnis xiyyaa mataa s irra kaa'uun ibsama. Qaxxaamurri karaa adeemamu irratti hin hundaa'u.

Fakkii 2.7 irraa hubachuun akka danda'amuutti qaxxaamurri jijiirama teessoo isa xumuraa (x_f) fi teessoo ka'umsaati (x_i).

- Qaxxaamurri handhuura (0) irraa gara mirgaatti jiru poozatiivii dha. Kunis:

$s > 0$ waan ta'eef $x_i < x_f$ ta'a.

Fakkeenyaaaf, $x_i = 60\text{m}$ irraa jalqabuun $x_f = 150\text{m}$ irratti yoo xumurame qaxxaamurri:

$$\vec{s} = x_f - x_i = 150\text{m} - 60\text{m} = 90\text{m}, \text{ gara mirgaata'a.}$$

- b) Qaxxaamurri handhuura (0) irraa gara bitaatti argamu negaatiivii ta'a. Kunis: $\bar{s} < 0$ waan ta'eef $x_i > x_f$ ta'a.

Fakkenyaaf, $x_i = 150\text{m}$ irraa ka'uun $x_f = 60\text{m}$ irratti yoo xumurame qaxxaamurri:

$$\bar{s} = x_f - x_i = 60\text{m} - 150\text{m} = -90\text{m} \text{ (kallattiin isaa gara bitaa ta'uu agarsiisa)}$$

- c) Argamni teessoowwan gara mirgaa poozatiivii dha. Argamni teessoowwan gama bitaa negaatiivii dha.




Fig.2.7 Qaxxaamura konkolaataa siiqqee - x irratti yeroo adda addaatti

Fageenyaa fi Qaxxaamura Waldorgomsiisuu

Gocha 2.7

Sochii daandii sirriif garaagarummaa fi tokkummaa fageenyaa fi qaxxaamuraa gidduu jiru tarreessi.

	Tokkummaa	Garaagarummaa
Fageenyaa fi Qaxxaamura		

Saffisa (v)

Gocha 2.8

- Xiruunash Dibaabaan olomiikii Beejiingiitti fakkeenyaa 10,000m daqiqaa 28 keessatti fiigdee xumurteetti. Silaashiin immoo fageenyaa ibsame kana daqiqaa 24 tti fiiggee yoo xumure safsni giddu galeessi isaanii hammam ta'a?

Saffisni fageenya yeroo murtaa'e keessatti adeemame ibsa. Yuunitiin waaltawaan saffisaa sekondiitti meetira (m/s) dha.

Haala qabatamaa ta'een qaamni tokko sochii isaa keessatti saffisa wal fakkaatu qabaachuu hin danda'u. Qaamichi yeroo muraasaaf saffisa dabalaad adeema, yeroo muraasaaf saffisa dhaabbataan adeema, akkasumas yeroo muraasaaf saffisa isaa hir'isaa adeemuun ni danda'a. Kanaafuu, saffisni qaamichaa shallagamu, saffisa giddu galeessaa ta'uu qaba.

Saffisni giddugaleessaa fageenya dimshaashaa yeroo dimshaashaa fudhateef hiramee dha.

$$\text{Saffisa giddugaleessa} = \frac{\text{fageenya dimshaashaa deemame}}{\text{yeroo dimshaashaa itti fudhate}} \Rightarrow v_{av} = \frac{s}{t}$$


Yuunitiin waaltawaan saffisaa m/s dha.

Foormulaa kana haala barbaadamuu yoo mijeessine kanneen armaan gadii arganna.

$$s = vt \text{ fi } t = \frac{s}{v}$$

Bakka bu'insa rog-sadee fayyadamuun qindoomina foormulaawwan asii olii argachuun ni dandeenyaa. Yuunitiin waaltawaa saffisaa m/s akka (ms^{-1}) illee barreeffamuu ni danda'a. ibsa ekispoonentii fayyadamuun akka armaan gaditti ibsamuu

$$\text{danda}'a \cdot \frac{m}{s} = m \cdot \frac{1}{s^{+1}} = m \cdot s^{-1}$$



Gocha 2.9

- i. Yuunitota saffisaa (m/s) alatti kanneen biroo muraasaa ibsi.
- ii. (1 km/hr) gara (m/s)tti jijiiriiti ibsi.
- iii. Jijiirtoon (m/s) fi (km/hr) gidduu jiru maali?

Fakkeenya 2.1

1. Xiruunash Dibaabaan fageenya 5000m daqiqaa 14.5tti yoo fiigdee xumurte saffisni giddu galeessi ishee hammam ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$s_T = 5000\text{m}$	$v_{av} = ?$	$v_{av} = \frac{s_T}{t_T} = \frac{5000\text{m}}{870\text{s}} = 5.75\text{m/s}$

$$t_T = 14.5\text{min} = 870\text{s}$$

2. Konkolaataan tokko daandii qajeelaa irra saffisa 25m/s wajjin deemaa jira. Yeroon fageenya 5km deemuuf irraa fudhatu hammam ta'uu qaba?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$v = 25\text{m/s}$	$t = ?$	$v = \frac{s}{t}$
$s = 5\text{km} = 5000\text{m}$		$t = \frac{s}{v} = \frac{5000\text{m}}{25\text{m/s}} = 200\text{s}$ $= 3.33\text{min}$

3. Saffisa 20m/s gara (km/hr)tti jijjiiri.

Furmaata

$$1\text{m/s} = 3.6\text{km/hr}$$

$$20\text{m/s} = x \quad \text{Px} = \frac{20\text{m/s} \times 3.6\text{km/hr}}{1\text{m/s}} = \underline{\underline{72\text{km/hr}}}$$

4. Saffisa 60km/hr gara (m/s)tti jijjiiri.

Furmaata

$$1\text{km/hr} = \frac{1}{3.6}\text{m/s}$$

$$60\text{km/hr} = x \Rightarrow x = \frac{60\text{km/hr} \times \frac{1}{3.6}\text{m/s}}{1\text{km/hr}} = \underline{\underline{16.67\text{m/s}}}$$

Gilgaala

Barattoonni afur, Almaaz, Soofiyaa, Abbabaa fi Gammachuun fiigichaa 100m wal dorgomaniiru. Fageenya kana Almaaz (12s)tti Gammachuun (13s) tti Soofiyaan (14s) tti fi Abbabaan (15s)tti fiiganii xumuraniiru. Saffisa tokkoo tokkoo isaanii shallagiiti chaartii armaan gadii irratti Guutuun gaaffilee kanneen armaan gadii deebisi.

- a) Saffisa hunda caaluun fiige eenu?
- b) Saffisa hunda irra xiqqaateen fiige eenu?
- c) Hariiroo saffisaa fi yeroo giidduu jiru ilaachisee maal murteessuu dandeessa?

S(m)	Yeroo (s)	Saffisa (ms^{-1})
Almaaz		
Abbabaa		
Soofiyaa		
Gammachuu		

Chaartii armaan olii irraa yeroon yemmuu xiqqaachaa adeemu saffisni kan dabalaan adeemu ta'uu hubatteettaa?

Ariitii

Ariitiin qaama safaramaa fiizikaalaa qaamni tokko kallatti murtaa'e tokkon hammam saffisaa akka adeemu ibsuu dha. Kanaafuu, ariitiin kal-qabee dha. Iddoo- bu'een isaas \vec{v} (v mataa isaatti xiyyaa qabuu) dha.

Ariitiin jijirama qaxxaamuraa yeroo yuunitii tokko keessatti taasifamuu dha.

$$\text{Ariitii} = \frac{\text{Qaxxaamura}}{\text{Yeroo itti fudhate}}$$

$$\vec{v} = \left(\frac{\vec{s}}{t} \right)$$

$$\text{Yuunitii waaltawaa } (\vec{v})_n = \frac{\text{m}}{\text{s}} \text{ dha.}$$

Yuunitiin waaltawaa ariitii m/s dha. Ariitiin giddu galeessaa (\vec{v}_{av}) qaxxaamura dimshaashaa yeroo dimshaashaaf hiramee dha.

$$\text{Ariitii giddugaleessaa} = \frac{\text{Qaxxaamura dimshaashaa}}{\text{Yeroo dimshaashaa}}$$

$$\vec{v}_{av} = \frac{\vec{s}_T}{t_T}$$

Fakkeenya 2.2

- Konkolaataan tokko saffisa 20m/s wajjin gara kallattii bahaatti sekondii 120f deemee jira. Qaxxaamurri konkolaatichaa hammami?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$\vec{v} = 20\text{m/s}$ gara bahaa	$\vec{s} = ?$	$\vec{v} = \frac{\vec{s}}{t}$
$t = 120\text{s}$		$\vec{s} = \vec{v}t$

$$\begin{aligned} \vec{s} &= 20\text{m/s} / \text{s} \times 120\text{s} \\ &= 2400\text{m, bahaa} \\ &= \mathbf{2.4\text{km, bahaa}} \end{aligned}$$

- Awutoobisiin tokko fageenya 72km gara kaabaa sa'atii 2 keessatti adeemeera. Ariitiin Awutoobusii kanaa meeqa dha?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$\vec{s} = 72\text{km, kaabaa}$	$\vec{v} = ?$	$\vec{v} = \frac{\vec{s}}{t} = \frac{72\text{km}}{2\text{hr}}, \text{kaabaa}$
$t = 2\text{hr}$		$= \mathbf{36\text{km/hr, kaabaa}}$

Gocha 2.10

Sochii daandii sirriif tokkummaa fi garaagarummaa saffisaa fi Ariitii gidduu jiru tarreessi.

	Tokkummaa	Garaagarummaa
Saffisa Ariitii		

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 2.2

- Saffisa kallattii qabu maal jennee waamna?
- sochii walfakkaataa ta'e keessatti amaloonni beekamoon ariitii maali?
- Konkolaataan tokko saffisa 20m/s ta'een gara kallattii bahaatti yoo kan deemaa jiru ta'e hammaa fi kallattiin ariitii konkolaatichaa maal ta'a?
- Konkolaataan xiqqa tokko sa'atii isa jalqabaa keessatti 43km, sa'atii isa sadaffaa keessatti immoo 46km yoo adeeme ariitiin giddugaleessi isaa meeqa ta'a?
- Xayyaarri tokko saffisa (360km/hr)n balali'aa jira. Xayyaarri biraan immoo saffisa 120m/s wajjin balali'aa jira. Xayyara isa kamtu saffisa guddaa qaba ?

2.3 Hubannoo Akaakummaa Ariitii walfakkaataa fi Guula Walfakkaataa

2.3.1. Sochii Walfakkaataa

Gocha 2.11

Sochiiwwwan qaamolee lamaa safaramanii gabateewwan armaan gadii 'A' fi 'B' keessatti galmaa'aniiru.

A.

S(m)	6	12	18	24	30	36	42	48
t (s)	1	2	3	4	5	6	7	8
V(m/s)								

B.

S(m)	4	9	15	22	30	39	49	60
t (s)	1	2	3	4	5	6	7	8
V(m/s)								

- Saffisa qaamolee kanneenii yeroo adda addaatti qaban shallagiiti gabateewwan irratti guuti.
- Garaagarummaan saffisa gabateewwan 'A' fi 'B' keessatti guutte gidduu jiru maali?
- Akaakuwwan saffisa gabaateewwan 'A' fi 'B' keessatti galmaa'an maal jettee waamta?

Qaan ni tokko qaxxaamura isaa hamma wal qixxaateen yeroo wal qixa ta'e keessatti yoo jijiire ariitiin isaa **ariitii wal fakkaataa** ta'u isaa gabatee 'A' irraa hubatteetta. Sochiin kun saffisa dhaabbataa fi kallattii murtaa'e tokko qofa qaba. **Sochiin ariitii wal fakkaatu** qabu sochii walfakkaataa jedhama. Kanaafuu, sochii walfakkaataa ta'e tokkoof:

$$\vec{v} = \frac{\vec{s}}{t} \Rightarrow \vec{s} = \vec{v}t; \text{ Akkasumas,}$$


Sochiin Walfakkaataa: Sochii wanti tokko daandii sirrii irra ariitii dhaabbataa ta'een yookiin saffisa dhaabbataa ta'een kallattii murtaa'een taasisuu dha.

Gocha 2.12

- Wanti tokko saffisa dhaabbataa 2m/s wajjin daandii qajeelaa irra adeemaa jira. Dhuma sekondiitokkoffaatti 2m iddo ittiin jalqabe irraa fagaatee deemeera. Dhuma sekondoota lamatti fageeniyi adeemame 4m dha. Gabatee kan armaan gadiitti fageenya sekondiiwwan 3, 4 fi 5 keessatti adeemame guuti.

t (s)	1	2	3	4	5
s(m)	2	4	?	?	?

Sochii walfakkaataaf yeroon yemmuu dabalaan adeemu qaxxaamurri illee dabalaan akka adeemu qalbeeffadhu. Daata asii olitti kennama fayyadamuun giraafii ($s-t$) yoo kaafte giraafii fakkii 2.8 irratti agarsiifame argatta.



Fakkii 2.8 fayyademuun dhundhula giraafichaa barbaadi.

$$\left[\begin{array}{l} \text{Dhundula} \\ \text{giraafichaa} \end{array} \right] = \frac{\text{Jijjiirama qaxxaamuraa}}{\text{Jijjiirama yeroo}} = \frac{\vec{s}_f - \vec{s}_i}{t_f - t_i} = \frac{\vec{s}}{t}$$

Garuu, hiikcaa \vec{v}_{av} irraa; $\vec{v}_{av} = \frac{\vec{s}_T}{t_T}$ dha.

Kanaafuu, dhundhulli giraafii ($s-t$)n Ariitii giddu galeessaa dha.

2.3.2 Sochii Guula Walfakkaataa

Barannoo 2.3.1. keessatti waa'ee sochii wal fakkaataa baratteetta. Kunis sochii daandii qajeelaa irratti kallattii tokkoon saffisa dhaabbataa wajjin taasifamuu dha. Barannoo kana keessatti waa'ee sochii ariitiin haala walfakkaatuun ittiin jijjiiramu baratta.

Gocha 2.13

- Jijjiirama ariitii jechuun maal jechuu akka ta'e ibsi.
- Paaraameetiroota sababa jijjiirama ariitii ta'an uumaman ibsi.
- Guulli maali? Garaagarummaan ariitii wajjin qabu hoo maali?

Guula

Hammi ariitii fi kallattiin isaa yookiin lamaanu yemmuu jijiiramani wanti sochoo'aa jiru sun guula'eera jedhama.

Guulli safara jijiirama ariitii yeroo yuunitii tokko (sekondii tokko keessatti) taasifamuu dha.

Guulli jijiirama ariitii yeroo yuunitii tokko keessatti taasifamuu dha.

$$\text{Guula} = \frac{\text{Jijiirama Ariitii}}{\text{Yeroo itti fudhate}}$$

$$\vec{a} = \frac{\vec{v}_f - \vec{v}_i}{t}$$

Iddoo bu'een guulaa \vec{a} yoo ta'u hammaa fi kallattii waan qabuuf kal-qabee dha.

\vec{v}_i : ariitii ka'umsaati

\vec{v}_f : ariitii ga'umsaati (xumuraati)

t: yeroo itti fudhatee dha.

Yuunitiin waaltawaan (SI) guulaa: meetira/sekondii/ sekondii = $m/s^2 = ms^{-2}$ dha.

Qaamni tokko sochii isaa boqqonnaa irraa yoo jalqabe ariitiin ka'umsaa isaa zeeroo dha. ($\vec{v}=0$). Ariitiin qaama sochoo'aa jiru yoo hir'achaa adeeme ariitiin ga'umsaa /xumuraa/ ariitii ka'umsaa isaa irra xiqqa dha. Sochiin akkasii guula negaatiivii qaba; ($\vec{v}_f < \vec{v}_i$) kan qabu yoo ta'u, alguulaa jedhama.

Qaamni kun ariitii isaa hir'isaa adeemuun dhuma irratti yoo dhaabbate ariitiin xumuraa isaa zeeroo dha ($\vec{v}_f = 0$) .

Sochiin guula wal fakkaataa sochii daandii qajeelaa irratti jijiirama ariitii haala wal fakkaatuun raawwatu wajjin taasifamuu dha.

Fakkeenya 2.3

- Saffisni konkolaataan tokko 8m/s irraa gara 48m/s haala wal fakkaatuun 10s keessatti jijiirameera. Guula konkolaataa kana shallagi.

Keennamea	Barbaadamaa	Furmaata
$v_i = 8\text{m/s}$	$a = ?$	$\vec{a} = \frac{\vec{v}_f - \vec{v}_i}{t}$
$v_f = 48\text{m/s}$		$a = \frac{(48-8)\text{m/s}}{10\text{s}}$
$t = 10\text{s}$		$\therefore a = \underline{\underline{4\text{m/s}^2}}$

2. Konkolaataan tokko boqqonnaa irraa jalqabee haala wal fakkaatuun guula'ee sekondii 5 keessatti saffisa 20m/s irra gaheera. Guulli konkolaatichaa hammam ta'a?

Keennamaa	Barbaadamaa	Furmata
$v_i = 0$	$\vec{a} = ?$	$a = \frac{(20-0)m/s}{5s}$
$t = 5s$		$\therefore a = \underline{\underline{4m/s^2}}$
$v_f = 20m/s$		

3. Konkolaataan boqqonnaa irra ture tokko guula walfakkatu $4m/s^2$ wajjin guula'eera. Dhuma 5s irratti saffisni isaa hammam ta'a?

Keennamaa	Barbaadamaa	Furmata
$v_i = 0$	$V_f = ?$	$a = \frac{v_f - v_i}{t}$
$t = 5s$		$v_f = v_i + at$
$a = 4m/s$		$= 4m/s \times 5s + 0$
		$\therefore v_f = \underline{\underline{20m/s}}$

Kufaatii Walabawaa

Gocha 2.14

Sochiin dhagaa asii gaditti ibsame maal akka ta'u gareen mari'adhaa.

- i. Dhagaan qilleensa keessatti yemmuu ol darbamuu.
- ii. Dhagaa qilleensa keessatti hojja murtaa'e irraa yemmuu gadi lakkiftee kuffistuu.

Giraavitiin humna harkisa lafaati. Nama jalqabaa waa'ee wantoota walabaan kufan qo'ate Gaaliiliyoo Gaaliilee dha. Qaamoleen gara lafaatti walabaan kufan martinuu guula walfakkaa ta'een gula'aa akka gadi kufan agarsiiseera. Guulli kunis guula giraavitii (\bar{g}) jedhama.

Qaamoleen walabaan kufan marti haala wal fakkaatuun guula'uun saffisa isaanii tokkoon tokkoo sekondii keessatti $9.8m/s$ dabalaan gadi bu'u.

Sochiin qaama walabaan kufu fakkeenya qabatamaa sochii guula walfakkaataa daandii sirriiti.

Kuufatiin walabawaa sochii gocha humna giraavitiin taasifamuu dha.


2.3.3 Bakka Bu'insa Akaakummaa Sochii Wal Fakkaataa fi Sochii Guula Wal Fakkaataa

Tokkoon tokkoo sekondii lama keessatti gulantaa tokko tokko yoo adeemte sochiin kee kun giraafii tuqaawwaniin bakka bu'uu ni danda'a.

Fakkii yookiin giraafii tuqaawwanii ariitii dhaabbataa (Fakkii 2.8)




$$\text{Ariitii} = \frac{\text{tuqaa} 1}{2s} = \frac{1}{2} \text{tuqaa} / s$$



Fakkii. 2.9 Ariitii giddugaleessaa = Dhundhula Giraafii(s - t)

Gabatee (s-t)	
t	s
2s	tuqaa 2
4s	tuqaa 4
6s	tuqaa 6



Fakkii. 2.10 Girafii sochii qaamolee A fi B saffisa adda addaan sochoo'aa jiran.

Fakkii 2.9 irratti hundaa'uun kan armaan gadii shallaguu ni dandeenya.



$$v_{av}(A) = \frac{\text{tuqaa} 10}{1s} = \frac{\text{tuqaa} 20}{2s} = \frac{\text{tuqaa} 30}{3s} = 10 \text{tuqaa} / s$$

$$v_{av}(B) = \frac{\text{tuqaa} 20}{1s} = \frac{\text{tuqaa} 40}{2s} = \frac{\text{tuqaa} 60}{3s} = 20 \text{tuqaa} / s$$

Dhundhulli 4tuq/s ariitii dhundhula 2 tuq/s irraa caalu qaba. Kana jechuun dhundhulli ol ka'an dhundhula gadi bu'aa ta'e irraa ariitii guddaa qaba jechuu dha. Giraafii sochiiwwani yemmuu kaaftu kanneen armaan gadii qalbeeffadhu.

1. Siiqqee murteeffadhu.
2. Yuunitota siiqqeewan lamaanuu irratti barreessi.
3. dhundhulaawan addaan baafadhu
4. Maqaa isaanii waraqaa irratti barreessi.


Dhundhula giraaficha irraa jalqabaa kaasee hanga xumuraatti birkiiwwan/intarvaalota/ baay' eef shallagi (Fakkii 2.9 fi 2.10 ilaali)



Fakkii 2.11 Giraafii (tuqaawwanii - t) ariitii dhaabbataa

Ariitii Dhaabbataaf Fakkii Tuqaa Kaasuu(Fakkii 2.11)

Barataan tokko sekondii 3f miilaan deemeera. Itti aansee sekondii 3f erga dhaabbateen booda deemuu jalqabee jira. (Fakkii 2.11a ilaali)



Ariitiin giddugaleessi = Dhundhula giraafii (s-t)

$$\begin{aligned} V_{av} &= \frac{3-0}{3-0} [\text{tuqaa/s}] \\ &= \frac{3}{3} \left[\frac{\text{tuqaa}}{\text{s}} \right] \\ &= 1 \text{ tuqaa/s} \end{aligned}$$

Bakka Bu'insa Giraafii Sochii Guula Walfakkaataa

Giraafii tuqaawwanii sochii Guula walfakkaataa kaasuu



Teessoowwan tuqaawwanii kanneen asii olii fageenyaawwan sochii guula'aa tokkoon tokkoo sekondiiwwan lamaa bakka bu'aniiru.

Mee fakteenyota sochii guula wal fakkaataa ibsan kanneen armaan gadii haa ilaallu daataa gabateewwanii sochii awutoobusii fi konkolaataa xiqqoo daandii sirrii irra guula'aa jiran irratti hundaa'a.

Gabatee 1. Sochii Awutoobusii							
$\vec{v}(m/s)$	0	10	20	30	30	40	50
t (s)	0	5	10	10	15	20	25
$\vec{a}(m/s^2)$							

Gabatee 2. Sochii konkolaataa xiqqaa						
$\vec{v}(m/s)$	0	20	40	60	80	100
t (s)	0	5	10	15	20	25
$\vec{a}(m/s^2)$						

Gaaffiilee xiinxallii barbaadan

1. Guulaawwan awutoobusichaa fi konkolaataa hammam ta'u?
2. Garaagarummaa gabateewwan kennaman gidduu jiru akkamitti hubatta?

Daataa sochiiwwan Awutoobusii fi konkolaataa gabatee 1 fi 2 irratti kenname fayyadamuun giraafii isaanii kaasi.


Dhundhulli giraafii ($v - t$) guula wanta sochoo'aa jiruu dha.

$$\text{Guula} = \text{dhundhula} = \frac{\text{Jijiirama Ariitii}}{\text{Jijiirama Yeroo}}$$

$$\text{Guula Awutoobusii} = \frac{(20-0)m/s}{10-0s} = 2m/s/s = 2m/s^2$$

$$\text{Guula konkolaataa} = \frac{(40-0)m/s}{(10-0)s} = 4m/s/s = 4m/s^2$$

Dhundhulli giraafiiwwan ($\vec{S} \sim t$) fi ($\vec{v} \sim t$) ariitii fi guula walduraaduubaan kan agarsiisan yoo ta'u, bal'inni giraafiiwwan ($\vec{v} - t$) fi ($\vec{a} - t$) immoo walduraaduubaan fageenya adeemamee fi jijiirama ariitii kenna.




Fakkii 2.12 Giraafii ($v - t$) sochii konkolaataa fi awutoobusii

Gaaffiilee xiinxallii barbaadan

1. Garaagarummaa ariitii fi guulaa ibsi.
2. Garaagarummaa sochii wal fakaataa fi sochii guula wal fakkaataa ibsi.
3. Qaamni tokko guula dhaabbataa 2m/s^2 wajjin sekondii 5f sochoo'eera. Aritii giddugaleessaa qaamichaa barbaadi.

Gaaffiilee Mirkaneeffannoo 2.3

1. Dhundhulli giraafii ($s-t$) maal ibsa?
2. Sochii guula wal fakkaataa keessatti ariitiin maal ta'a?
3. Gaaffilee araan gadii giraaficha ilaaluun deebisi.
 - a) Fageenyi qaamichi sekondii 15 keessatti adeeme hammami?
 - b) Fageenya 6m adeemuuf yeroon itti fudhate Hammam ta'a?
 - c) Saffisni qaamichaa hammami?



Cuunfaa Barnoota Boqonnichaa

- Sochiin jijjirama teessoo itti fufiinsa qabu birqaba sadhaata qabxii tokkoon taasifamuu dha.
- Akaakuuwan sochii afurtu jiru. Insaanis, sochii daandii sirrii, marfatoo, martoo fi sochii hollannaa dha.
- Fageenyi dheerina qabxiilee lama gidduu jiruu dha.
- Saffisni fakkeenya yeroo yuunitii tokko keessatti adeemamee dha. Qaamni tokko hammam daddafaa adeemaa akka jiru nuuf ibsa.
- Qaamni tokko safisa dhabbataan daandii qajeelaa irra yoo adeeme sochiin isaa sochii wal fakkaataa daandii sirrii jedhama.
- Qaxxaamurri fageenya gabaabaa qabxiilee lama gidduutti argamuu fi kallatti murtaa'e qabuu dha. Hammaa fi kallattii waan ibsamuuf kal-qabee dha.
- Ariitiin jijjirama qaxxamuraa yeroo yuunitii tokko keessatti taasifamee dha. Hammaa fi kallattii waan qabuuf kal-qabee dha.
- Guulli jijjirama ariitii yeroo yuunitii tokko keessatti taasifamee dha.kal-qabee dha.
- Ariitiin qaama tokko dabaluu yookiin hir'achuu ni danda'a. Qaamni ariitiin isaa dabalaad ee qabuu dha. Qaamni ariitiin isaa hir'achaa adeemu immoo guula negaatiivii qabaata. Guulli sababoota armaan gadiitiin uumamuu danda'a.

Jijjirama saffisaa

Jijjirama kallattii


Jijjirama saffisaa fi kallattii si'a tokkotti

- Sochiin guula walfakkaataa qaama tokkoo sochii guula dhabbataa yeroo murtaa'e keessatti qabu dha.
- Kufaatiin walabawaa fakkeenya qabatamaa sochii guula walfakkaataati.

Gilgaala 2


Piroobleemota Armaan Gadi Shallaguun Furmaata Isaanii Barbaadi.

1. Namni biskileettii oofaa jiru tokko ariitii giddugaleessa 15km/h ta'een gara kaabaa daqiiqaa 20 deemeera. Qaxxaamurri namichi adeeme hammami?
2. Konkolaataan xiqaan tokko boqonnaa irraa jalqabuun gara 90km/h sekondii 8f guula'eera. Guulli giddugaleessi isaa (m/s^2)n meeqa ta'a?
3. Xayyaaraan ariitii jalqabaa ($v_i = 215\text{km/h}$) ta'een adeema ture tokko sekondii 2.7 keessatti akka dhaabbatu taasifameera. ($v_f = 0$). Guulli giddu galeessi xayyaarichaa hammami?
4. Konkolaataan xiqaan tokko boqonnaa irraa jalqabuun guula dhaabbataa 2.4m/s^2 wajjin sochoo'aa jira. yeroon ariitii 90km/h dhaqqabuuf itti fudhatu hammami? Hamma ariitii kana dhaqqabutti hammam fagaatee adeema?
5. **Giraafii faktii 2.14 ilaaluun gaaffilee armaan gadii deebisi.**
 - a) Ariitii sochii kanaa shallagi.
 - b) Dhundhulli giraafichaa maal ibsa?
 - c) Hamma yeroon ($t = 6\text{s}$) ta'utti hammam fagaatee adeema?



Fakkii. 2.14 Giraafii ($s - t$)

6. **Giraafii faktii 2.15 ilaaluun gaaffilee kanneen armaan gadii deebisi.**
 - a) Guula sochii kanaa shallagi
 - b) Dhundhulli giraafichaa maal ibsa?
 - c) Yeroon sekondii 8 yoo ta'u ariitiin hammam ta'a ?



Fakkii. 2.15 Giraafii ($v - t$)

7. Daataa qaama sochii kuufatii walabawaa keessa jiru gabatee armaan gadiitiin kenname fayyadamuun piroobleemota armaan gadii raawwadhu.

- a) Giraafii ($v - t$) kaasi.
- b) Guula giraavitii bakka daataan kun fudhatameetti shallagi.
- c) Guulli kun jijiiramaa dha moo dhaabbataa dha ?

$t(\text{s})$	$v(\text{m/s})$
0	0
1	9.8
2	19.6
3	29.4
4	39.2

8. Hariiroon ariitii fi saffisa gidduu jiru maali?
9. Ariitiin sochii kufaatii walabawaa haala akkamiin jijiirama? Fageenyaa fi guulli isaa hoo haala akkamiin jijiirama ?
10. a) Konkolaataan tokko saffisa walfaakkaata 25m/s ta'een sochoo'aa jira. Yeroo 5s keessatti hammam fagaatee deema?
b) Giraafii ($s - t$) sochii konkolaatichaa agarsiisu kaasi.
c) Dhundgulli giraafichaa hammam ta'a ?
11. Baaburri boqqonnaa irra ture tokko guula dhaabbataa 0.5m/s^2 ta'een sochoo'uu jalqabeera.
a) Yeroo 15s booda saffisni isaa hammam ta'a?
b) Yeron saffisa isaa 25m/s dhaqqabsiisuuf itti fudhate meeqa ta'a?
c) Giraafii ($v - t$) sochii baaburichaa agarsiisu kaasi.

BOQONNAA 3

HUMNAА FI SEEROTA SOCHII NIIWUTONII

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa: Barnoota boqonnaa kana erga xumurteen booda:

- ✓ Hubannoo akaakummaa seerota sochii Niiwutonii fi humnaa haalota boqqonnaa keessatti dagaagsuu;
- ✓ Ogummaa ka'umsaa piroobleemota shallagamoo seerota sochii Niiwutonii fi humna wajjin wal qabatan shallaguu dagaagsuu;
- ✓ wantoonni hundumtuu walitti dhufeenya yookiin hariiroo kan qaban ta'uu sirriitti hubachuu fi
- ✓ Beekumsa yaad-rimeewan ijoo Fiiziksii dagaagsuuf karaalee fi filannoowaan adda addaan fayyadamuu ni dandeessa.

Seensa

Boqonnaa lammaffaa keessatti yaadrimeewan tokko tokko waa'ee sochii ibsan baratteetta. Yaadrimeewan kanneen akka saffisa, ariitii fi guula akaakuwwan sochii garaagaraa naannoo keetitti hubatte addeessuuf fayyadu.

Gocha 3.1

- Mata dureewan armaan gadii irratti hiriyoota yookiin maatii kee wajjin mari'adhu
- i. Akaakuwwan sochii
 - ii. Garaagarummaa kal-dhabbeewan fi kal-qabeewan gidduu jiru.

Sochiiwwan qaamolee (birqaba sirna sadhaata tokkoon) guula'aa yookiin ariiti isaanii gadi hir'isaa yookiin kallattii sochii isaanii jijiiraa fi kkf jiru. Haalota kanneen hunda keessatti ariitiin qaamolee jijiiramaa waan jiruuf guulli ni uumama. Guula qo'atanii hubachuu danda'uun baay'ee barbaachisaa dha. Kanaafuu, guula sirriitti hubachuuf haala akkamiin akka uumamu beekuu qabda.

3.1. Humna

Gocha 3. 2

Gaafffiawan kanneen armaan gadii gareedhaan irratti walmari'adhaa.

- i. Humni maali ?
- ii. Gochaawwan guyyaa guyyaatti raawwatu keessaa fakkeenyota humnaa tokko tokko eeri.
- iii. Kanneen armaan gadii ibsi:
 - Humna hawaasaa
 - Humna siyaasaa
- iv. Gochaawwan armaan gadii ibsi.
 - Dhiibuu keenyan irratti dalageessite.
 - Harkisuu, saanduqa miinjaala irratti harkisuu dhalageessite.
- v. Humnootni iii, fi iv) irratti ibsaman tokko dha yookiin wal fakkaatu jettee yaaddaa? Addeessii ibsi.

Afaan Oromoo keessatti jecha “humna” jedhu haalotaa fi waan adda addaa ibsuuf itti fayyadamna. Fiiziksii keessatti humni jecha teekniikaati. Jechi “humna” jedhu Fiiziksii keessatti itti fayyadamnu humnoota hawaasaa fi humnoota siyaasaa irraa adda dha.

Humni qaama safaramaa fiizikaalaa baay’ee barbaachisaa ta’ee dha. Gocha walitti dhufeenya qaamolee lama gidduutti uumamu ibsuuf fayyada. Fakkeenyaaaf, yemmuu kubbaa rukuttu, yemmuu waraqaan tarsaastu, dabtara kee yemmuu harkatti qabattu, yemmuu lafa irratti tarkaanfattu humna dalageessita. Kanaafuu, Fiiziksii keessatti jechi “humna” jedhu gocha dhiibuu yookiin harkisuu qaama tokko irratti dalageeffame ibsuuf fayyada.

- **Humni gocha dhiibuu yookiin harkisuu qaamni tokko qaama biraan irratti dalageessu dha.**

Akaakuwwan Humnootaa

Gocha 3.3

- i. Kubbaa qilleensa keessatti ol darbiiti sochii ishee hubadhu. Kubbattiin maal taati? Yeroo hundumaa ol deemuu itti futii? Maaliif?
- ii. Maagneetii fi daakuu ayiranii barbaadiiti qopheefadhu. Osoo wal hin tuqsiisin maagneeticha daakuu ayiranii gubbaatii sochoosi. Wanta hubatte barsiisaa keetiif ibsi.
- iii. Deeskii kee bakka jiru irraa gara bakka biraatti sochoosi. Osoo qaamaan hin tuqin sochoosuu ni dandeessaa? Maaliif?
- iv. Akaakuwwan humnaa gochaawwan sadan kanneen armaan olii keessatti dalageeffaman ibsi.

Humni gocha dhiibuu yookiin harkisuu akka ta’e ni beekta. Qaamoleen hundi qaamolee biroo dhiibuu yookiin harkisuu kan danda’an qaamaan yoo wal tuqan qofa dha? Gocha 3.3 irraa hubachuu akka dandeesseetti qaamoleen wal tutuquu, wal tutuquu dhisuu yookiin wal irraa fagaachuu ni danda’u. Kanaafuu, humnooni dameewwan gurguddoo lamatti qoodamuu ni danda’u. Isaanis:

- i) Humnoota tuqixuu
- ii) Humnoota hin tuqnee dha.


i) Humnoota tuqixuu: Humnoota qaamoleen lama yemmuu qaamaan waltuqan dalageeffamanii dha.

Fakkeenyaaaf:


- Humna cedheedha dhisameen yookiin sumuuggameen dalageeffamu.
- Humna olee miinjaalli kitaaba miinjaalicha irra taa' e irratti dalageessu.



a) Miinjaala dhiibuu



b) Cedheedha dhisuu




c) Saanduqa lafa irratti boqonnaa irra jiru.

Fakkii 3.1 Fakkeenyota humnoota tuqixuu

ii) Humnoota hin tuqnee: Humnoota qaamaan osoo wal hin tuqin dalageeffamanii dha. Humnoota fageenyaan dalageeffamanii dha.


Fakkeenyaaaf: Humni harkisa lafaa /giraavitii/, humni maagneetawaa fi humna elektirikii fakkeenyoota humnoota hin tuqnee dha.



a) Kubbaa kufaa jirtu



b) Wal harkisuu fi wal
dhiibuu maagneetota lamaa



c) Humnoota elektiriikii dhaabbataa

Fakkii 3.2 Akaakuuwan humnoota hin tuqnee

Gaaffiilee Xiinxallii Barbaadan

1. Fakkeenyota muraasa humnoota tuqixuu kenni (Fakkii 3.1).
2. Garaagarummaa humna harkisa lafaa /Giraavitii/, humna maagneetawaa fi humna elektirikii gidduu jiru addeessi(Fakkii 3.2).

Taateewwan Humnaa

Humni qaama tokko irratti yemmuu dalageeffamu qaamichi boca yookiin hamma qabee isaa jijiiruu nidanda'a.

Gocha 3.4

Gochaawwan fakkii 3.3 irratti agarsiifaman hubadhu.


- Tokkoon tokkoon fakkiiwwaniif /gochaawwaniif/ taateewwan humnaa ibsi.
- Taatee humnaa cuunfitee guduunfuun ibsuu ni dandeessaa ?



- a) Namichi kubbaa yemmuu rukutu kubbaan Kallattii humnaan sochooti



- b) Injiinichi yemmuu humna dalageessu konkolaataan ni sochooti.



- c) Cedheedhichi yemmuu dhisamu bocaa fi hammi isaa ni jijiirama.



- d) Yemmuu kubbaan miinjaalicha irratti konkolaattee gadi kuftu humnoonni ni dalageeffamu.

Fakkii.3.3 Taateewwan humnoota garaagaraa

Jijiiramni bocaa fi hammaa qaama tokkoo diffoormeeshinii jedhama. Diffoormeeshinii akaakuu lamaatu jiru.Isaanis:

- Dhaabbataa fi
- Sisinnee dha

Humni akka meeshaalee tokko tokko kanneen akka boronqii, qalama fi burtukaana ibsitutti ibsamuu hin danda'u. Wanta humni dalaguu danda'u qofa himuu dandeessa. Fakkeenyaaaf, qaama boqonnaa irra jiru irratti humni yemmuu dalageeffamu qaamichi sochoo'uu jalqaba. Qaamni tokko sochoo'aa kan jiru yoo ta'e humni ariitii isaa jijiiruu danda'a. kana jechuun, humni sochii uumuu yookiin sochii qaama tokko jijiiruu ni danda'a jechuudha.

Humni guula uuma.

Humni qaama tokko irratti yemmuu dalageeffamu taateewwan beekamoo kanneen armaan gadii qaba.

- Bocaa fi hamma /qabee/ qaamolee jijiiruu ni dnada'a.
- Hammaa fi kallattii sochii qaamolee jijiiruu ni danda'a. Kana jechuun, humni qaama tokko irratti yemmuu dalagaanu:

 - Wanti boqonnaa irra ture sochoo'uu jalqaba.
 - Wanti sochii irra ture saffisni isaa ni dabala.
 - Wanti sochii irra ture saffisni isaa hir'achaa adeemuun suuta jedhee dhaabbachuu danda'a.
 - Wanti sochii irra jiru Kallattii isaa ni jijiira.


Humna Safaruu

Gocha 3.5

Gochaawwan armaan gadii hiriyyoota kee wajjin raawwadhu.

- Maloota humna safaruuf fayyadan ibsi.
- Meeshaan humna safaruuf fayyadu maali?
- Yuunitota humnaa waaltawaa (SI) fi kanneen waaltawaa (SI) hin taane eeri.

Humni meeshaa **madaala cedheedhaa** jedhamu fayyadamuun safarama. Akkuma faktii (3.4) irratti arguu dandeessuutti cedheedhichi yemmuu harkifamu, dhiisamuu yookiin dheerinni isaa dabaluu ni danda'a. Dabalata dheerinaa kana humna cedheedhichi akka dhisamu taasise safaruuf itti fayyadamna.




Fakkii 3.4 Madaala cedheedhaa


Dabalata dheerinaa cedheedhichaa kana hamma humnaa cedheedhichi akka dhisamu taasise safaruuf itti fayyadamna. Ulfaatinni walqixxaate si'a dabalaad adeemnu dabalata dheerinaa walqixxaate arganna. Ulfaatinaaleen walqixxaatan kunniin humna harkisa lafaa walqixxaateen gadi harkifamu. Kanaafuu, humnooni wal qixa ta'an dabalata dheerinaalee wal qixa ta'an kan uuman ta'u hubachuu ni dandeenya. Meeshaan **Niwuton meetiraa** jedhamu hamma humnaa safaruuf nu fayyada. Yuunitiin waaltawaan (SI) humna safaruuf fayyadu Niwutonii kan jedhamu yoo ta'u iddo bu'een isaas qabee guddaa (N) dha. Yuuniitiin kun maqaa saayintistii beekamaa **Sar Ayisaak Niwuton** jedhamuun moggaafame.

Fakkii 3.5(a) caasaa Niwuton meetirri cedheedha hookkoo wajjin walqabatee gulantaa niwutoniin tolfame mul'isa. Fakkii 3.5(b) Niwuton meetirri ulfaatina dhagaa giraamiin safaru agarsiisa. Hangi madaalame 500g yoo ta'u, ulfaatina isaa argachuuf (10m/s^2)n baay'isuu qabda.

Humna Ibsuu: Humni kal qabee dha. (Kal qabeen qaama safaramaa hammaa fi kallattii qabuu dha). Humna guutummaatti ibsuuf hammaa fi kallattii isaa sirriitti ibsuu qabda. Fakkeenyaaaf, "humna hamma niwutonii 10 qabu" jedhanii kaa'uun humna qaama tokko irratti dalageeffame ibsuuf ga'aa miti. Humna "hamma niwutonii 10 qabu gara gadii" jedhanii humna qaama tokko irratti dalageeffame ibsuun ga'aa yookiin guutuu dha.



a) Niwuton meetira



b) Madaala cedheedhaa

Fakkii 3.5 Meeshaalee humna safaran

Gaaffilee Mirkanaaffannoo 3.1

1. Fiiziksii keessatti humni maali?
2. Maqaa akaakuwwan humnaa lama himi.
3. Taateewwan humnaa muraasa ibsi.
4. Yuunitii waaltawaa (SI) humnaa jechaanii fi iddo bu'ee isaa wajjin ibsi.
5. Madaala cedheedhaa /Niwuton meetira/ irraa ulfaatina wanta tokkoo dubbisi

3.2. Seerota Sochii Niwutonii

Boqonnaa lammaffaa kitaaba kana keessatti waa'ee sochii qaamolee daandii sirrii baratteetta. Boqonnaa sadii barannoo 3.1 keessatti waa'ee taateewwan gurguddoo humnaa baratteetta. Amma immoo yaadrimieewan lamaan kana walitti makuun hariroo humnaa fi sochii gidduu jiru barachuun barbaachisaa dha.

Gaaliliyoo Gaalilee (1564-1642 AD) fi sar Ayisaak Niwuton (1642 - 1727 AD) sababni sochiin qaamolee kallattii murtaa'een taasisan maal akka ta'e yookiin qaamolee sochoo'aa turan maaliif akka dhaabbatan ibsuuf yaalaniiru.

Sar Ayisaak Niwutoniin yaadota kana walitti fiduun akka seerota sochiitti lafa kaa'eera. Seeronni kunniinis seerota sochii Niwutonii jedhamu.

Seera Sochii Tokkoffaa Niwutonii

Gocha 3.6

Garee uumuun gaaffilee kanneen armaan gadii irratti mari'adhaa.

- i. Meeshaa tokko (Kitaaba barataa yookiin qalama /iskiriibtoo/ yookiin haqxuu) lafa kaa'aa.
- ii. Qaamicha irratti yoo humna dalageessuu baatte haalli sochiin qaamichaa maal ta'a?
- iii. Humna (dhiibuu yookiin harkisu) qaamicha irratti dalageessi. Haalli sochiin qaamichaa maal ta'a?

Marii gocha 3.6 irratti hundaa'uun qaama boqonnaa irra jiru tokko irratti ati yookiin namni tokko humna yoo irratti dalageesse malee hin sochoo'u, boqonnaa irra jiraachuu itti fufa. Garuu, yoo humni irratti dalageeffame sochoo'uu jalqaba.

Haala walfakkaatuun qaamni saffisa dhaabbataa ta'een kallattii tokko qabatee sochoo'aa jiru tokko qaama biraatiin humni alaa yoo irratti dalagaa'e malee saffisa isaa hin dabalu yookiin hin hir'isu. Haalli kun sar Ayisaak Niiwuton seera baay'ee barbaachisaa ta'e seera sochii tokkoffaa Niiwutonii jedhamee beekamu akka argatu isa gargaare.

Seerri sochii tokkoffaa niiwutonii akka araan gaditti ibsama:

Qaamni boqonnaa irra jiru tokko yookiin sochii walfakkaatuun daandii sirrii irra sochoo'aa jiru haala sochii isaa jijiiruuf humna alaatiin yoo dirqisiifame malee boqonnaa irra jiraachuu yookiin sochii walfakkaatu wajjin sochoo'uu yoomiyuu itti fufa.

Kana jechuun, humni alaa yoo dalageeffamuu baate, qaamni boqonnaa irra jiru boqonnaa irra jiraachuu isaa itti fufa, akkasumas qaamni sochii walfakkaatuun daandii sirrii irra adeemaa jirus ariitii isaa osoo hin jijiirin sochii isaa itti fufa. Seerri kuni **seera Inershiyaa** jedhames ni waamama.

Seerri kuni, humni haala sochii qaama tokkoo jijiiruu kan danda'u ta'uu agarsiisa. Karaa biraatiin haalli sochii qaama tokkoo yoo jijiirame, humni alaa qaamicha irratti dalageeffameera jechuu dha. Hiikkaan humnaa akka dhiibuu yookiin harkisuu kan sochii uumu yookiin sochii uumuuf yaalu, kan sochii dhaabsisu yookiin dhaabsisuuf yaalu jedhamee kennamuu ni danda'a.

Gocha 3.7

- i) Haala fakkii 3.7 irratti mul'atu hiriyyoota kee wajjin walmari'achuun barsiisaa keetiif gabaasi.
 - a) Baaldiiwan lamaan humna wal qixxaateen dhiibi. Baaldii kamtu haala salphaan sochoo'a? maaliif?
 - b) Baaldiiwan lamaan gara keetti kan sochoo'aa jiran yoo ta'e isa kamtu haala salphaatiin dhaabbata?
 - c) Amala qaamolee jijiirama haala sochii
isaanii irratti uumamu mormuun
agarsiisan maal jedhamee waamama?
- ii) Faayidaan qabattoo eggannoo
konkolaataa keessatti hidhamu maali?
Konkolaachisaa yookiin poolisii tiraafikii
gaafadhaati deebii argame irratti gareen
mari'adhaa.
- iii) Konkolaataa keessatti yemmuu dhaabbattu konkolaatichi tasa yoo dhaabbate, gara fuula duraatti
akka kuftu waan si dirqisiisuutu jira. Taatee kana akkamitti ibsita? Humnooni srratti
dalageeffaman maal fa'i?
- iv) Fakkeenyaa qabatamaa kennuun "Inershiyaa" ibsi.



Baaldii duwwaa

Baaldii cirrachaan
guutame

Fakkii 3.6 Qaamolee hanga garaagaraa qaban

Gocha 3.7 kee irraa qaamni boqonnaa irra jiru boqonnaa irra jiraachuu isaa akka itti fufuu barbaaduu fi qaamni sochii walfakkaatuun sochoo'aa jirus sochii isaa akka itti fufuu barbaadu hubatteetta. Haalli kunis amala qaamolee hundaa yoo ta'u **inershiyaa** jedhamuun beekama.

Inershiyaan amala qaamolee humni alaa bakka hin jirreetti qaamolee kanneen boqonnaa irra jiran boqonnaan jiraachuu itti fufuu fi kanneen sochii wal fakkaatuun sochoo'anis sochii isaanii itti fufuuf qabanii yookiin mormii jijiirama haala sochii isaanii irratti taasifamuuf qabanii dha..

Gocha 3.8

- Qalama kee lafa kaa'iiti dalga dhiibuun sochii ishee hubadhu. Haala wal fakkaatuun miinjaala lafatti dhaabbate irratti humna wal qixxaate dalageessi. Gochaawwan lamaan kana keessatti taateewwan akkamii hubachuu dandeessa?
- Saffisni miinjaalichaa fi kan qalama kee walqixa dhaa?
- Humna walqixxaatee dalageeffameef jijiiramni ariitiin uumame wal qixa jettee yaaddaa? Deebii kee addeessi.


Gochaawwan kanneen armaan olii irraa Inershiyaan hanga qaamolee irratti kan hundaa'u ta'u hubatteetta. Hangaa guddaa sochoosuuf humna guddatu barbaachisa, hangi xiqaan yoo ta'e immoo humna xiqaatu barbaachisa. Kitaaba kana keessatti bakka inershiyaatti hanga fayyadamna.

Walumaa galatti hangi guddaan inershiyan guddaa kan qabu yoo ta'u hangi xiqaan immoo inershiyaa xiqaan qaba.

Gocha 3.9

Taatee inershiyaa hubachuuf gocha armaan gadii raawwadhu.

- Bilookiwwan mukaa afur yookiin shan tokko kan
- biraan irratti kaa'uun miinjaala irratti tuuli.
- Bilookii isa gadii burruusaan dalga kallattiin rukuti.
- Maal hubatte?
- Bilookiin rukutame inni gad jalaa dalga yoo sochoo'u bilookiwwan hafan kunnin maaliif irraan gadee kufan?



Fakkii 3.7 Bilookiwwan wal irratti tuulaman

Akkuma fakkii 3.7 irratti agarsiifameen bilookiin inni gad jalaa yemmuu rukutamu kanneen hafan irraa adda bahee kophaa isaa dalga yemmuu sochoo'u bilookiwwan sadan hafan garuu irraan gadee kufaniiru. Haala walfakkaatuun tartiibaan bilookiwwan gad jala oolan yoo dalga rukkutte addaan bahuun dalga kan sochoo'an yoo ta'u kanneen hafan immoo irraan gadee kufu.

Gocha 3.10

- Saanduqa baay'ee ulfaatu kan lafa irratti argamu irratti humna dalageessuun sochoosuuf yaali. Sochii jalqabuu mormuun hin sochoo'u. Kana jachuun, humna yoo dalageessite illee jijiirama haala sochii fiduu hin dandeenyje chuu dha.
- Saanduqicha irratti yemmuu humna dalageessitu maaliif sochoo'uu dide jettee yaadda?

Kunis hangaa fi inershiyaan tokko ta'uu isaanii agarsiisa. Hanga guddaa sochoosuuf humna guddaa kan barbaachisu yoo ta'u hanga xiqaat sochoosuuf immoo humna xiqaatu barbaachisa. Kanaafuu, kitaaba kana keessatti bakka inershiyaatti hanga fayyadamna.


Seera Sochii Lammaffaa Niiwutonii

Seerri tokkoffaa Niiwutoniin amala akaakummaa addaa humnaa ibsa. Seerri lammaffaan kun immoo humni haala boqonnaa yookiin haala sochii hanga qaama tokkoo kan jijiiru ta'uu ibsa. Karaa biraatiin jijiiramni kamiyyuu hammaa fi kallattii ariitii qaama tokko irratti taasefamu sababa humna alaa qaamicha irratti dalageeffameen kan uumame ta'uu ibsa.

Seera lammaffaa Niiwutonii keessatti hamma humnaa qaama tokko sochii keessa galchuuf yookiin qaama sochoo'aa ture dhaabuuf barbaachisu akkamitti safaruu akka dandeessu baratta.

Gocha 3.11

- Akkuma fakkii 3.8 irratti agarsiifameen saanduqota lama 'A' fi 'B' hubadhu. Mee hangi 'A' 20kg, akkasumas hangi 'B' 40kg jennee haa fudhannu. Lamaanuu boqonnaa irra jiru. Saanduqota lamaan humna walqixxaatee fi hamma 10N qabuun tokkoon tokkoon isaanii kophattti dhiibi. Saanduqa kamtu sochii isaa haala salphaan jijiira? Ibsi.



Fakkii 3.8: Humna wal qixa ta'e hangoota garaagaraa irratti dalageeffame

Gochi 3.11 Qaamolee lama hanga adda addaa qaban irratti humni walqixa ta'e yoo dalageeffame qaamni hanga xiqaat qabuutu caalmaan guula'a. Hima herregaatiin akka armaan gaditti ibsuu ni dandeessa: Humni dhaabbataan qaamolee hanga garaagaraa qaban irratti yemmuu dalagaa'u, **guulaa fi hangi hariiroo fuggisoo** waliin qabu. Kunis akka armaan gaditti barreeffama.

$$a \propto \frac{1}{m}$$

$m \rightarrow$ hanga qaamichaa


$a \rightarrow$ guula

$\alpha \rightarrow$ iddoobu'ee hariiroo

Gocha 3.12

Akkuma fakkii 3.9 irratti agarsiifameen Humnoonni hamma adda addaa qaban qaamolee lama hanga walqixa ta'e qaban irratti dalageeffamuun akka sochoo'an taasisaniiru.

- Hanga isa kamtu caalmaan guula'a jettee yaadda.
- Haala kanaan waa'ee hariiroo humnaa fi guulaa yaada guduunfaa akkamii kennita?



Fakkii 3.9: Humna garaagaraa hangoota wal qixa ta'an irratti dalageeffame

Gocha 3.12 hangi yemmuu dhaabbataa ta'u adaduma humni dabalaa adeemuun guulli qaamichaas dabalaa akka adeemu si yaadachiisa. Kana jechuun, guulaa fi humni **hariiroo sirrii** Waliin qabu. Kunis:

$$a \propto F$$

Kana jechuun immoo, humni yemmuu dabalaa adeemu guulli illee guddachaa adeema jechuu dha. Gochaawwan 3.11 fi 3.12 walitti makuun seera asii gaditti ibsame seera sochii lammaffaa Niwutonii jedhamee beekamu arganna.

Seerri sochii lammaffaa Niwutonii akka araan gaditti ibsama:

Guulli qaama sochoo'u tokko humna qaamicha irratti dalagaa'e wajjin hariiroo sirrii yemmuu qabu hanga qaamichaa wajjin garuu hariiroo fuggisoo waliin qaba.

$$\text{Guula } (a) = \frac{\text{Humna} (F)}{\text{Hanga} (m)}$$

Humna = Hanga \times Guula

F = ma

Yuunitiin waaltawaan (SI) humnaa niwutonii yoo ta'u, iddo bu'een isaa 'N' dha.

$$1\text{N} = 1\text{kg}/\text{s}^2$$

Niwutoniin 1 humna qaama hanga 1kg qabu $1\text{m}/\text{s}^2$ guulsiisuuf barbaachisuu dha.

Seerri kuni wantoota hamma sadarkaa atomii irraa jalqabee hanga fageenya gaalaaksiwwanii fi wantoota gidduu isaanitti argaman hundumaaf dalaga. Kanaafuu, seerri sochii lammaffaa Niwutonii seera yunivarsaalawaa fi bu'uuraa jedhamee beekama. Seerri kun haala wantoonni yunivarsii keessatti argaman martinu ittiin sochoo'an ibsa.

Gocha 3-13

- Seera Fiiziksii kan biraa yunivarsii mara keessatti dalagu ibsuu ni dandeessaa?
- Hiriyyota kee wajjin irratti wal mari'adhu.

Fakkeenya Shallagamoo 3.1

- Humni konkolaataa xiqqoo ijoolleen itti taphattu hanga 10kg qabdu $2\text{m}/\text{s}^2$ guulsiisuuf bargbaachisu hammam ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$m = 10\text{kg}$	$F = ?$	Akkaataa seera sochii lammaffaa Niiwutonitti
$a = 2\text{m/s}^2$		$F = ma$ $= 10\text{kg} \times 2\text{m/s}^2$ $= 20 \text{ kg m/s}^2$ $= 20\text{N}$

2. Humni 30N saanduqa hangi isaa hin beekamne irratti dalagaa'uun 5m/s^2 guulsiseera. Hangi saanduqichaa hammami?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$F = 30\text{N}$	$m = ?$	$F = ma, \text{ irraa}$
$a = 5\text{m/s}^2$		$m = \frac{F}{a}, \text{ arganna}$ $= \frac{30\text{N}}{5\text{m/s}^2} = 6\text{kg}$

$\therefore \frac{\text{N}}{\text{m/s}^2} = \text{kg}$ ta'uu dhugoomsuu dandeessaa?

3. Mucayyoon humna 100N dalageessuun saanduqa hanga 20kg qabu dirra dalga diriire irratti harkisti. Guulli saanduqichaa hammami ?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$F = 100\text{N}$	$a = ?$	$F = ma \text{ irraa}$
$m = 20\text{kg}$		$a = \frac{F}{m} \text{ arganna}$ $= \frac{100\text{N}}{20\text{kg}} = 5\text{N/kg}$

$\therefore a = 5\text{m/s}^2$

$\therefore \frac{\text{N}}{\text{kg}} = \frac{\text{m/s}^2}{\text{s}^2}$ ta'uu agarsiisuu ni dandeessaa ?

4. Konkolaataa hanga 1500 kg qabu 6m/s^2 guulsisuuf humna gitamaa hin taane hammantu barbaachisa?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$m = 1500\text{kg}$	$F = ?$	$F = ma$ $= 1500\text{kg} \times 6\text{m/s}^2$

$\therefore F = 9000\text{N}$

Hangaa fi Humna



Fakkii 3.10 Nama madaala
hangaatiin hanga isaa safaru.

Gocha 3.14

- i. Hangi maali?
- ii. Ulfaatinni maali?
- iii. Garaagarummaa hangaa fi ulfaatinaa ibsi

Boqonnaa tokkoffaa keessatti hangi qaama tokko hamma maatarii of keessatti qabu irratti kan hundaa'ee fi meeshaa madaala hangaa jedhamuun bakka kamittuu akka safaramu baratteetta.

Hangi hamma maatarii wanta tokko keessatti argamuu dha. Hangi qaama tokkoo haala inershiyaa qaamichaa ibsa. Kunis kal-dhabee kiloogiraamaan (kg) safaramuu dha. Kanaafuu, hangi qaama tokkoo eessattiyuu dhaabbataa dha. Ulfaatinni garuu, humna harkisa lafaa gara handhuura lafaatti dalageeffamu yoo ta'u kal-qabee dha.

Dhagaa tokko yoo ol darbite deebi'ee lafatti kufa. Haala wal fakkaatuun yeroo kamiyyuu wanta tokko kallattii kamiinuu yoo darbite waan wal fakkaatuutu uumama. Gocha harkisa lafaa wanta tokko irratti gara handhuura isheetti dalageessitu **humna giraaviti** jedhama.

Humna harkisa lafaa qaama tokko irratti gara handhuura lafaatti dalageeffamu ulfaatina qaamichaa jedhama. Kanaafuu, ulfaatinni akaakuu humnaati.

Garaagarummaan Hangaa fi Ulfaatinan Maali?

Fakkileen 3.11(a) fi(b) gulantaawwan lama beekamoo daree saayinsiitti fayyadan agarsiisu. Isaanis gulantaa madaala cedheedhaa fi gulantaa madaala hangaati.



a) Gulantaa cedheedhaa



b) Gulantaa madaala hangaa

Fakkii 3.11 gulantaalee lama hanga safaruuf fayyadan

Madaallii cedheedhaa lafa irratti hangi irratti rarra'ee 100g dubbisa(Fakkii 3.11a). Gulantaan madaala hangaa yemmuu fayyadamnu hanga jiru madaaluuf gama mirgaatti hanga 100g si barbaachisa. Gulantaawwan lamaan kunniin gara addeessatti yoo geessine gulantaan cedheedhaa maal dubbisa?

Hanga 100g madaala hangaatiin safaruuf gama mirgaatti hanga hammamtu barbaachisa? Deebii kee addeessuu ni dandeessaa?

Saayinsii yookiin Fiiziksii keessatti ulfaatinan fi hanga addaan baaftee hubachuu qabda. Fiiziksii keessatti ulfaatinan fi hangi qaamolee safaramoo garaagaraati.

Gocha 3.15

- Namoonni hangaa fi ulfaatinan osoo addaan hin baasin akka waan tokkotti akka itti fayyadaman hubatteetaa? Komii kee ibsi.
- Madaala hangaa irrat yemmuu dhaabbatu dubbisni ati dubbistee argattu maali? Ulfaatina moo hanga keeti?

Akkaataa seera lammaffaa Niwutonitti humni baay'ata hangaa fi guula dha, kunis $F = ma$ dha. Haala wal fakkaatuun humni giraavitiin lafaa baay'ata hangaa fi guula ' g ' harkisa lafaati.

Kanaafuu:

Ulfaatina (w) = hanga (m) × guula giraavitii (g)
 $\Rightarrow w = mg$
'm' hanga, 'g' immoo guula giraavitii bakka bu'u.

Fakkeenya: 3.2

1. Hangi xaafiin kuuntaala tokkoo 100 kg dha. Ulfaatinni isaa hammami? ($g = 10 \text{m/s}^2$ fayyadami)


Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$m = 100\text{kg}$	$W = ?$	$W = mg$
$g = 10\text{m/s}^2$		$= 100\text{kg} \times 10\text{m/s}^2$ $= 1000\text{N}$

2. Qaamni hanga 100 kg qabu, addeessa guulli giraavitiin ishee 1.63 m/s^2 ta'e irratti hammam ulfaata?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$m = 100\text{kg}$	$W = ?$	Hiikkaa ulfaatinnaa fayyadamuun
$g = 1.63/\text{s}^2$		$W = mg$ $= 100\text{kg} \times 1.63/\text{s}^2$ $= 163 \text{ N}$

Seera sochii Sadaffaa Niiwutonii (Seera Gochaa fi Mormii Gochaa)**Gocha 3.16**


- Kubbaa miila qullaan keetiin rukuti. Maaltu sitti dhaga'ame?
- Kitaaba Fiiziksii kee barruu kee irratti qabadhu. Kitaabichi barruu kee irratti humna dalageessuu isaa miireeffatteetaa? Karaa faallaa ta'een hoo barruun kee kitaaba kee irratti humna dalageessaa jiraa?
- Dhaaba manaa daree kee dhiibi; dhaabni manaan illee deebisee kan si dhiibu ta'uu miireeffattee jirtaa?
- Saanduqa tokko miinjaala irratti kaa'iiti boqonnaa irra akka turu taasisi. Humnooni saanduqichaa fi miinjaalicha gidduutti dalageeffaman maalii fi maali?



a) Kitaaba barruu irratti kaa'ame



b) Rookkeettii ol sochoo'aa jirtu



c) Dubara miinjaala dalga dhiibdu



d) Namoota waldhiibaa jiran

Fakkii 3.12 Humnoota gochaa fi mormii gochaa

Gocha 3.16 irraa, qaamni tokko kallattii faallaa ta'een humna yoo dalageesse malee qaamicha irratti humna dalageessuun kan hin danda'amne ta'uu hubatteetta.

Seerri sochii sadaffaan Niiwutonii, gocha kamiifuu yoomiyuu mormii gochaa faallaa ta'e kan jiru ta'uu ibsa. Kunis, yoomiyuu qaamni tokko qaama kan biraa irratti yemmuu humna dalageessu qaamni inni lammaffaan illee qaama isa tokkoffaa irratti humna faallaa ta'e dalageessa jechuu dha. Seerri kun seera gochaa fi mormii gochaa jedhamees ni waamama.

Humnoonni kunniin humnoota gochaa fi mormii gochaa jedhamanii waamamu. Humnoonni gochaa fi mormiiin gochaa qaamolee adda addaa lama irratti kan dalagaa'an yoo ta'u cimdii ta'anii dalageeffamu. Akkuma fakkii 3.12 irratti agarsiifameen humni barruun kitaabicha irratti dalageessu F_{BK} dha. Humni kuni kitaabicha irratti gara olitti dalageeffama. Ulfaatinni humna F_{BK} wajjin walqixa ta'e immoo karaa faallaa ta'een barruu irratti dalageeffama. Humni kuni barruu irratti irraan gadee dalageeffama. Haalota gochaa fi mormii gochaa hundaafuu waa'ee humnoota lamaan hima herregaatiin akka armaan gaditti ibsamuu ni danda'a. $\vec{F}_A = -\vec{F}_B$

\vec{F}_A : Humna gochaati

\vec{F}_B : Humna mormii gochaati

Mallattoon negaatiivii(-)humni mormiin gochaa kallattii humna gochaaf faallaa ta'een dalageeffamuu isaa agarsiisa.

Gaaffilee Xiinxallii Barbaadan

1. Keenyan harka keetiin yemmuu dhiibdu keenyanichis humna hamma walqixxaate qabu harka kee irratti dalageessaa?
1. Kitaabni tokko miinjaala irratti yemmuu kaa'amu qaamoleen lamaan humnoota hammaan wal qixaa fi kallattiin faallaa waliini ta'an wal irratti dalageessan maal fa'i?
2. Haalota kanneen armaan gadiitiif humnoota gochaa fi mormii gochaa ibsi.
 - a) Barataa boorsaa isaa baate.
 - b) Farda hoboloo harkisu.
 - c) Rasaasa qawwee irraa dhukkaasame.

Gaaffilee Mirkanaaffannoo 3.2

1. Hiikkaa inershiyaa kenni.
2. Hariroon hangaa fi inershiyaa gidduu jiru maali?
3. Kanneen armaan gadii ibsi
 - a) seera sochii Niiwutonii tokkoffaa
 - b) seera sochii Niiwutonii sadaffaa
4. Hariroon humna, hangaa fi guula gidduu jiru maali?
5. Garaagarummaa hangaa fi ulfatina gidduu jiru maali?


3.3 Humna Rigataa

Barannoowwan darban keessatti waa'ee humnaa baratteetta. Miila keetiin yemmuu kubbaa rukuttuu fi yemmuu harka keetiin kitaaba Fiiziksii qabattu humna dalageessaa jirta. Qaan ni tokko yemmuu guula'us humni ni dalageeffama.

Gocha 3.17: Gaaffilee kanneen armaan gadii irratti hiriyyoota kee waajjiin wal mari'adhu.

- Daandii rooqkee qabu yookiin soofamaa fi lassannamaa ta'e irratti deemtee beektaa?
- Daandii akkasii irratti deemuun daandii quqquuqaa irratti deemuun irra ni ulfaataa? Maaliif?
- Lafa daddabaa irra deemuun kan salphaa taasisu maali?
- Humni rigataa humna akkamiti?

Lafa lassannamaa yookiin soofamaa ta'e irratti rigatni ga'aa ta'e waan hin jirreef si mucuccessuun si kuffisuu danda'a.




Fakkii 3.13: Humna rigataa biskileetii fi nama adeemaa jiru irratti dalageeffame

Wanti tokko dirra qaama biraa irratti yemmuu birqabaan sochoo'u humna sochii kana mormee hittisuutu jira. Humni mormii yookiin hittisaan kuni *humna rigataa* jedhama.


Humni rigataan humna qaamolee wal tuquun wal irratti birqabaan sochoo'an mormuu dha. Bilookii mukaa miinjaala irratti yemmuu dhiibnu humnoota faallaa waliinii ta'an lamatu bilookii mukaa irratti dalagaa'u. Isaanis, humna bilookii mukaa dhiibuu fi humna rigataa yoo ta'ani humnooni lamaan kunniin faallaa waliiniit. Humni rigataan (fakeenyaaaf miinjaalicha dibata diibuun) akka xiqaatu yoo taasifame bilookichi osoo hin dhaabbatin gara fuulduraa baay'ee fagaatee deemuun ni danda'a. Kunis seera inershiyaa Gaaliiliyoo agarsiisa. Kunis Wanti sochoo'aa jiru tokko humna alaa yoo irratti dalagaa'e malee 'inershiyaa'sochiin isaa akka itti fufu taasisu kan qabu ta'uu ibsa.

Rigatni qaamni tokko dirra qaama biraa irra yemmuu mucucaatuu fi konkolaatu uumama. Humni rigataa kanneen armaan gadii irratti hundaa'a:

- Quqquuqinaa fi daddabina dirroota wal tuqan.
- Humna ijaajjoo (humna dirroota wal tuqan wajjin kofa sirrii qabu). Qaamichi bal'insa yookiin dirra dalga diriire irratti yemmuu kaa'amu humni ijaajjoon ulfaatina qaamichaa wajjin wal qixa ta'a.



a. Dirra quqquuqaa



Fakkii 3.14: Sababoota rigata daangeessan

b. Humna ijaajjoo=Ulfaatina bilookichaa


Gocha 3.18 :

- Saanduqota lama hanga garaagaraa qaban qopheessi. Tokkoon tokkoon isaanii kophatti dabareedhaan dirra quqquuqaa ta'e irratti dhiibi. Dhiibuuq isa kamtu ulfaata?


Gocha 3.18 irraa wantoota ulfaatina guddaa qaban dirra quqquuqaa ta'e irra sochoosuuf kan ulfaatu ta'uun baratteetta. Kanaafis, sababni isaa adaduma ulfaatinni dabalaan adeemuun humni rigataa illee dabalaan waan adeemuufi. Sababni dabalaan rigataa immoo humni dirrootni wal irratti mucucaatan walitti dhiibu waan dabaluufi. Humni kunis humna ijaajjoo dirrichi bilookicha irratti dalageessuu dha.

Gocha 3.19

- Rigatni akka uumamu kan taasisu maali?

Akaakuwwan Humna Rigataa**Akaakuwwan rigataa lamatu jiru, isaanis:****i. Rigata dhaabbataa fi**

a) Rigata dhaabbataa fi

ii. Rigata sochii

b) Rigata sochii

Fakkii 3.15 Akaakuwwan rigataa

Gocha 3.20


- Saanduqa guddaa boqonnaa irra ture dhiibuuq sochoosuuf yaaliiti humna saanduqicha sochii jalqabsiisuuf barbaachisuu fi humna saanduqicha sochii irra akka turu taasisuuf barbaachisu ibsi.
 - Dura suuta dhiibuuq jalqabiiti humna saanduqicha sochii jalqabsiisuuf barbaachisu qalbeeffadhu.
 - Itti aansuun dhiibuuq itti fufi(Fakkii 3.15b).
- Humna sochii jalqabsiisuuf barbaachisuu fi humna sochoo'uun akka itti fufu taasisuuf barbaachisu yemmuu wal dorgomsiifnu isa kamtu caala?

Gocha 3.20 irraa, humni saanduqicha sochii jalqabsiisuuf barbaachisu humna saanduqicha sochii akka itti fufu taasisuuf barbaachisu irra akka caalu hubatteetta. Humni saanduqichi sochii akka hin jalqabne mormu **rigata dhaabbataa** jedhama. Akkasumas, humni sochii irra jiraachuu saanduqichaa mormu immoo **rigata sochii** jedhama. Gochi 3.20 rigatni dhaabbataan rigata sochii irra akka caalu agarsiisa.

Humna rigata dhaabbataan humna isa guddaa wanta tokko birqaba qaama biraatiin sochii jalqabsiisuuf barbaachisuu dha.

Humni rigata sochiin humna wanti tokko dirra qaama biraan irra yemmuu mucucaatu yookiin yemmuu konkolaatu dalageeffamuu fi sochii irra jiraachuu wantichaa mormu dha.

Humni wantichi sochii erga jalqabeen booda sochii akka itti fufu gochuuf barbaachisu guddaa miti. Kunis rigatni sochiin rigata dhaabbataa irra xiqaat ta'uu isaa agarsiisa.



F_s : Humna rigata dhaabbataa fi

F_k : Humna rigata sochii yoo ta'ani

Rigatni dhaabbataan rigata sochii irra ni caala.

$$F_s > F_k$$

Sababoota Humna Rigataa Daangeessan

Gocha 3.21

- Kitaaba Fiiziksii kee kitaaba Herregaa kee irratti mucuceessuuf yaali.
- Hamma humnaa kitaaba Fiiziksii sochii jalqabsiisuuf dalageessitee turte qalbeeffadhu.
- Itti aansuun kitaaba Fiiziksii kee miinjaala irratti mucuceessuuf yaali. Maal hubatte?
- Humnooni haalota lamaan kanneen keessatti dalageessitee turte wal qixa dha?
 - Humni ijaajjoon maali?
 - Humni rigataa akkamitti humna ijaajjoo irratti hundaa'a?

Sababonni Gurguddoo Lamaan Rigata Daangeessan

- Haala Uumama dirroota wal tuqan
- Humna ijaajjoo dirroota lamaan gidduutti dalageeffamu

Humna ijaajjoon humna dirroota lama kan walitti dhiibuu dha. Dirroota walitti dhiibaman lamaan wajjin kofa sirii uuma. Dirra dalga diriire irratti humni ijaajjoon ulfaatina qaama dirricha irratti mucucaatu wajjin walqixa dha.

Huni ijaajjoon humnoota rigata dhaabbataa fi sochii akkamitti daangeessa?

Lamaamuu rigata dhaabbataa fi sochiin ulfaatinni qaamichaa yemmuu dabalu akka dabalan gocha 3.18 irraa hubatteetta. Kanaafuu, humna rigataan humna ijaajjoo wajjin hariiroo sirri waliin qaba.


$$F_s \propto F_N, \text{akkasumas } F_k \propto F_N$$

$$\text{Kanaafuu, } F_s = \mu_s F_N, \text{akkasumas } F_k = \mu_k F_N$$

μ_s : Koofiishantii rigata dhaabataati

μ_k : Koofiishantii rigata sochiiti

μ (miyuu) qabee biyya Giriikiiti. Gatiwwan μ_s fi μ_k poozatiivii fi tokko irra xiqqaa dha. $F_s > F_k$ waan ta'eef $\mu_s > \mu_k$ ta'uu qaba.



Fall 3.17 Humna ijaajjoo F_N fi mg walqixa dha.

Fakkeenya Shallagamoo 3.3

- Koofiishantiin rigata dhaabbataa bilookii mukaa fi dirra lafaa gidduu jiru 0.2 yoo ta'u hangi bilookichaa 20kg dha. Humni rigata dhaabbataa isa guddaan bilookichaa fi dirra lafaa gidduu jiru hammam ta'a? ($g = 9.8\text{m/s}^2$ fayyadami)

Keennamea	Barbaadamaa	Furmaata
$\mu_s = 0.2$	$F_s = ?$	$F = \mu_s F_N$
$m = 20\text{kg}$		$F_N = W = mg$
$g = 9.8\text{m/s}^2$		$= 20\text{kg} \times 9.8\text{N/kg} = 196\text{ N}$
		$F_s = \mu_s F_N = 0.2 \times 196\text{N} = 39.20\text{N}$

- Humni rigata dhaabbataan qaama hanga 50kg qabuu fi dirra miinjaalaa dalga diriira gidduutti dalageeffame 103N ta'ee safarameera. Koofiishantiin dirra miinjaalichaa fi qaamicha gidduu jiru meeqa dha? ($g = 9.8\text{m/s}^2$ fayyadami)

Keennamea	Barbaadamaa	Furmaata
$F_s = 103\text{N}$	$\mu_s = ?$	Dura, $F_N = mg$
$m = 50\text{kg}$		$= 50\text{kg} \times 9.8\frac{\text{N}}{\text{kg}}$
		$= 490\text{N}$
		Itti aansuun:
		$\mu_s = \frac{F_s}{F_N} = \frac{103\text{N}}{490\text{N}}$
		<u>$\mu_s = 0.21$</u>

Qalbeeffadhu: Koofishantiin rigataa μ yuunitii hin qabu.

Taateewwan Rigataa

Kanneen armaan gadii taateewwan rigataa isaan beekamoo ta'anii dha. Rigatni:

- Dalagaa maashinii tokko sochoosuuf barbaachisu dabaluun qisaasa'uu anniisaa uuma.
- Dirroonnii nyaatamanii akka dhuman godha.
- Hoo'a burqisiisa, kkf.
- Karaa irra tarkaanfachuu akka dandeenyuuf sababa ta'a.

Taateewwan rigataa kunniin faayidaa immoo miidhaa qabu. Taateewwan kanneen keessaa miidhaa qabanii fi kan hin qabne addaan baasi.

Gocha 3.22

- i. Gochaawwan guyyaa guyyaa raawwattu yookiin si mudatan keessaa taateewwan rigataa faayida qabeessa ta'an muraasa ibsi (fakkeenyaaaf rigatni akkamitti ibidda uuma?)
- ii. Akkasumas, taateewwan rigataa miidhaa fidan yookiin geessisan muraasa illee ibsi.

Faayidaawan Rigataa

Gocha 3.22 irraa rigatni faayidaa akka qabu hubatteetta. Faayidaalee rigataa keessa kanneen armaan gadii fakkeenyota beekamoo dha.

- i. **Tarkaanfachuu:** Rigatni milaa fi dachee giddutti uumamu tarkaanfattee akka deemtu si gargaara. Lafa rigata baay'ee xiqqaa ta'e qabutti (fakkeenyaaaf bakka rooqqee mucuceessutti) tarkaanfatani adeemuun ulfaataa ta'a.
- ii. **Goommaawan:** Rigatni goommaawan konkolaataa fi dachee gidduu jiru konkolaataan akka sochoo'u yookiin akka dhaabbatu taasisa.
- iii. **Fireenii konkolaataa:** Konkolaachisaan konkolaataa dhaabuuf yemmuu fireenii qabu rigatni sarara fireenii fi diramii /drum/ gidduu jiru konkolaatichi akka dhaabbatu taasisa.

Miidhaa Rigataa

Gocha 3.23

- Miidhaawan rigataa, fakkeenyaaaf warshaawan, konkolaattota, bosonaa fi kkf keessatti hoo'a fi ibidda hin barbaachifne uumuu irratti hiriyyoota yookiin maatii kee wajjin mari'adhu.

Barruuwan harka kee lamaan yoo walitti rigde sababa rigataatiin hoo'a. Haala walfakkaatuun qaamoleen maashinootaa sochoo'uun yemmuu wal rigan hoo'i hin barbaachifneetu uumama.

Maashiniin tokko yemmuu dalagu qaamolee maashinichaa sochoo'an keessatti hoo'i ni uumama. Kunis anniisa maashinicha sochoosuuf yookiin oofuuf barbaachisu keessaa muraasni gara hoo'aatti waan jijiiramuufi. Haala kana keessatti anniisaan gara hoo'aatti jijiiramu kun dalagaa yaadamee tureef waan hin oolleef qisaasa'eera jechuu dha.

Gaaffii Xiinxallii Barbaadu

Miidhaawwan rigataa kanneen biroo ibsi.

Rigata Hir'isuu

Qaamolee maashinii akka hin nyaatamne gochuun ga'umsi maashinii akka dabalu taasisuuf rigatni hir'ifamuu qaba. Kanneen armaan gadii maloota beekamoo rigata hir'isuuf fayyadanii dha.

a) Quqquuqinaa fi daddabina dirrootaa soofuun lassanamaa godhuu: Dirroonni soofamoon dirroota quqquuqaa irra rigata xiqqaa qabu.


b) Dibata Dibuu: Dirroota wal rigan yoo dibata dibne rigatni isaan gidduu jiru hirifamuu danda'a.

Dibatni yookiin zayitiin dibame bakka quqquuqaa ta'e guutuun dirroonni yemmuu wal rigan akka wal hin qabne taasisa.

c) Konkolaachisuu: Rigata hir'isuuf malli beekamaa fi baay'ee bu'a qabeessa ta'e tokko qaamolee mucuccessuu mannaa konkolaachisuu wayya. Qaamolee dirroota biroo irratti konkolaachisuu goommaawwan fi kubbaa sibiilotaa boca dhuqunqulaa qaban fayyadamuu rigata hir'isuuf dandeenyaa. Fakkii 3.18 garaagarummaa mucuceessuu fi konkolaachisuu gidduu jiru agarsiisa.



a) Qaama mucuaatu



b) Qaama konkolaatu

Fakkii 3.18 Konkolaachisuuun rigata hir'isa

Boqonnaa kana keessatti beekumsa waa'ee humnaa argachuun fi wanti tokko tasa yoo si dhiibe yookiin si rukute maaliif akka kuftu, akkasumas konkolaataan ati keessa turte yemmuu tasa dhaabbatu maaliif gara fuulduraatti akka dhiibamtuu fi kkf beekteetta jedheen yaada.

Hambaa muuzii irratti yoo tasa dhaabadhu malaiifan kufa laata jettee of gaafatteetta ta'a. Kunis sababa rigataan raawwata. Rigatni sochii qaamoleef kan barbaachisu yoo ta'u maashinota irratti garuu miidhaa geessisa. Akka lammii tokkotti maashinonni sababa rigataan nyaatamanii akka hin dhunme ittisuu keessatti atis itti gaafatamummaa qabda.

Kanaafuu waan dandeessu hunda raawwadhu. Mata dureen kun baay'ee barbaachisaa fi raawwii gochaawwan jirenya guyyaa guyyaa keenya keessatti iddo guddaa waan qabuuf daree keessatti hirmaannaa cimaa gochuun daree alattis hawaasa naannoof maashinoota keessatti rigata hir'isuuf ilaachisuun hubannoo uumuu sirraa eegama.

Gaaffilee Mirkanaaffannoo 3.3

1. Humni rigataa maali?
2. Ga'ee rigatni jirenya guyyaa guyyaa keenya keessatti qabu fakkeenyota tokko tokko keenni.
3. Sababoota rigata daangeesson ibsi.
4. Garaagarummaan rigata dhaabbataa fi rigata sochii gidduu jiru maali?

Cuunfaa Barnoota Boqonnichaaa

- Humni gocha dhiibuu yookiin harkisuu sochii uumu yookiin uumuuf yaalu, sochii dhaabsisu yookiin dhaabsiisuuuf yaaluu dha.
- Hariiroon humnaa fi sochii uumame gidduu jiru seerota sochii sadan Niiwutoniin ibsameera.
- Seerota Sochii Niiwutonii:

Seera 1^{ffaa}: Yoo humni alaa irratti dalagaa'e malee qaamni boqonnaa irra jiru boqonnaan jiraachuu itti fufa, qaamni saffisa wal fakkaatuun daandii sirrii irra sochoo'aa tures sochii isaa itti fufa.

Seera 2^{ffaa}: Guullii qaama sochii irra jiru tokko humna dalegaa'e wajjin hariiroo sirrii kan qabu yoo ta'u hanga qaamichaa wajjin garuu hariiroo fuggisoo qaba. ($F = ma$).

Seera 3^{ffaa} Gocha kamiifuu mormii gochaa hammaan wal qixaa fi kallattiin faallaa ta'e ni jira.

- Yuunitiin waaltawaa humnaa Niiwutonii (N) dha. Hiikkaan $1N$ akka humna hanga $1kg$ guula $1m/s^2$ guulsisuuf barbaachisutti kennama.
- Ulfaatinni qaama tokkoo humna giraavitii qaamicha irratti dalagaa'ee dha. Ulfaatinni qaama hanga 'm' qabu " $W = mg$ " dha.
- Humna rigaataan humna ijaajjoo wajjin hariiroo sirrii kan qabu yoo ta'u, dirra qaamolee sochoo'an wajjin watarree dha.

$$F_f = \mu F_N$$

- Hiikkaan koofiishantii rigataa akka reeshiyoo /hira/ humna rigataa fi humna ijaajjotti kennama.

$$\mu = \frac{F_f}{F_N}$$

Gilgaala 3

I. Iddoowwan Duwwaa Asii Gadii Jechoota Sirrii Ta'aniin Guuti.


1. Sababa jijiirama haala boqonnaa yookiin sochii qaama tokkoo _____ dha.
2. Akkaataa seera sochii 2^{faa} Niwutonitti humni gitamaa hin ta'in baay'ataa _____ fi _____ dha.
3. Humnoonni gochaa fi mormiin gochaa yoomiyuuu hammaan _____ fi kalattiin immoo _____ dha.
4. Humni harkisa lafaa qaama hanga 1Kg qabu irratti dalageeffamu niwutonii _____ dha.
5. Humni giraavitii lafti qaama tokko gara handhuura isheetti itti harkistu _____ jedhama.

II. Gaaffiilee Kanneen Armaan Gadiiif Deebii Gabaabaa Kenni.

1. Hiikkaa humnaa kenni
2. Qaamni tokko yemmuu lafa irraa fagaatee deemu haala ulfaatinni isaa ittiin jijiiramu ibsi.
3. Yuunitiawan waaltawaan g , F_N fi μ maali?
4. Rigatni muraawan mukaa dirra soofamaa ta'e qaban maaliif akka hir'atu ibsi.

III. Piroobleemota kanneen Armaan Gadii Shallagiiti Furi.


1. Humna konkolaataa xiqqoo ijoolleen ittiin taphatan hanga 8kg qabdu guula 2m/s^2 guulsisuuf barbaachisu hammami?
2. Hoboloon hanga 20kg qabuu fi boqonnaa irra ture humna 22N dalga yoo irratti dalagaa'e guulli isaa hammam ta'a?
3. Ulfaatinni gurbaa hanga 60kg qabu dirra lafaa irratti hammam ta'a? ($g=10\text{m/s}^2$ fayyadami)
4. Qaamni hanga 90kg qabu tokko gara pilaaneetii kan bira guulli giraavitiin isaa harka 2.5 kan lafaa ta'e yoo geessine dirra pilaaneetii kana irratti hammam ulfaata?
(Guula giraavitii lafaa $g = 10\text{m/s}^2$ fayyadami)
5. Konkolaataan hanga 1500kg qabuu fi jalqaba boqonnaa irra ture sekondii 10 keessatti saffisa 20m/s wajjin sochoo'uu danda'eera. Humna konkolaataa kana guulsise hammam akka ta'e shallagi.
6. Humni qaama hanga 40kg qabu irratti dalagaa'e yoo dachaa ta'e guulli isaa hoo hammamiin jijiirama?
7. Bilookiin hanga 5kg qabu boordii dalga diriire irratti ariitii dhaabbataan harkifamaa jira. Koofiishantiin rigataa dirroota lamaan gidduu 0.25 dha. Fakkii 3.19 ilaali.
 - a) Humni ijaajjoo boordichaa fi bilookicha gidduutti dalagaa'u meeqa dha ?
 - b) Humna rigataa sochii bilookichaa mormu hammami? ($g = 10\text{m/s}^2$ fayyadami)



Fakkii 3.19

8. Humni 75N saanduqa 150N ulfaatu daandii dalga diriire irratti saffisa wal fakkaatuun sochoosuuf ga'aa dha.

Koofiishantiin rigataa saanduqichaa fi daandicha gidduu jiru meeqa dha? (Fakkii 3.20 ilaali).



Fakkii3.20

9. Dubartiin samii keessa qorannoof sochootu dirra lafaa irratti hanga 65kg qabdi. Ulfaatinni ishee:

- Dirra lafaa $g=10\text{m/s}^2$ irratti hammami?
- Dirra addeessaa $g = 1.6\text{m/s}^2$ irratti hammami?

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa: Barnoota boqonnaa kana erga xumurteen booda:

- ✓ Yaadrimmeewan dalagaa, anniisaa fi aangoo wajjin walqabatan hubachuu;
- ✓ Ogummaa piroobleemota dalagaa, anniisaa fi aangoo wajjin walqabatan furuu dagaagsuu;
- ✓ wantoonni hundumtuu walitti dhufeenya yookiin hariiroo kan qaban ta'uu sirriitti hubachuu fi
- ✓ Beekumsa yaad-rimeewan ijoo Fiiziksii dagaagsuuf karaalee fi filannoowaan adda addaan fayyadamuu ni dandeessa.

Seensa

Boqonnaawwan sadan darban keessatti amaloota tokko tokko qamolee safaramoo fiizikaalaa, safara qaamolee safaramoo fiizikaalaa fi yuunitota waaltawaa (SI) isaanii, sochii qaamolee, humnaa fi hariiroo humnaa fi sochii gidduu jiru baratteetta. Boqonnaa kana keessatti immoo waa'ee yaadarimee dalagaa, anniisa, aangoo fi hiriiroo isaan gidduu jiru ni baratta. Dalagaan maali?

Hiikkaa anniisaa akkamitti kennita? Namoonni dalagaa hojji tokko hojjachuu wajjin wal qabsiisu. Amma garuu, hiikkawan saayinsawaa dalagaa, anniisaa fi aangoo, akkasumas, hariiroo isaan gidduu jiru qo'atta. Ibsi hiikkaan anniisaa boqonnaa kana keessatti kan kennameen irra caalmaan bal'aa dha. Ta'ullee boqonnaa kana keessatti akaakuu anniisa makaanikaalaa jedhamuun beekaman anniisa sochii fi aaniisa kuufamaa qo'achuu irratti qofa of daangeessina.

4.1. Dalagaa

Gocha 4.1

Gaaffiilee kanneen armaan gadii irratti hiriyyoota kee wajjin wal mari'adhu.

- Dalagaan jirenya guyyaa guyyaa fi Fiiziksii keessatti akkamitti ibsama?
- Dalagaan dalagameera kan jennu yoomi?
- Jecha dalagaa jedhu akkaataa hubannoo Fiiziksii keessa jiruun addeessi.


Marii gocha 4.1 irraa hiikkaa adda addaa dalagaaf kennname hubatteetta. Hiikkaan dalagaa hawaasa naannoo keessatti kennamu hiikkaa saayinsawaa ta'e irraa adda dha. Gocha guyyaa guyyaatti raawwatamu keessatti hojiiwwan sammuu fi fiizikaalaa hundumtuu dalagaa akka ta'anitti fudhatamu.

Gochaawwan kanneen armaan armaan gadii "dhalagaa dha" yookiin "dalagaa miti" jedhiiti addaan baasi.

- Kitaaba dubbisuu;
- Waa'ee Piroobleemii salphaa yookiin ulfaataa sammuu keessatti yaaduu.
- Ulfaatina tokko harkatti qabattee yoo dhaabbattu yookiin immoo ba'a tokko baachuun ariitii dalgee walfakkaatuun yemmuu sochootu.

Gochaawwan kanneen armaan gadii hunda keessatti akkaataa hiikkaa saayinsawaa ta'een dalagaan tokko illee hin dalagamne.

Akkaataa hubannoo Fiiziksii keessa jiruun yemmuu anniisaan akaakuu tokko irraa gara akaakuu biraatti jijiiramu dalagaan dalagameera jedhama. Akkasumas, dalagaan humni 'F' qaama tokko irratti dalageeffame qaamichi fageenya 's' yemmuu sochoo'u dalageeffama.



Fakkii. 4.1 Humni \vec{F} dalagaa dalageera

Fakkii 4.1 keessatti humni (F) bilookii hanga (m) qabu irratti dalageeffamee qabxii 'P' irraa hanga 'Q' qaxxaamura (s) sochoosee jira. Kanaafuu, Dalagaa dalagame = Humna dalagame \times Qaxxaamura

$$W = \vec{F} \cdot \vec{s}$$

Iddoo bu'eewwan:

W : dalagaa dalgome


\vec{F} : humna dalageeffame

\vec{s} : qaxxaamura dha.

Dalagaan baay'ata humna dalageeffamee fi qaxxaamura deemame wajjin wal qixa dha. Humnaa fi qaxxaamurri lamaanuu kal-qabee yoo ta'an illee dalagaan garuu hamma qofaan waan ibsamuuf kal-dhabee dha.

Ulfaatina tokko lafa irra ol kaasuun sheelfii gubbaatti kaa'un fakkeenya gaarii dalagaa dalaguudha. Humni dalgeeffame ulfaatina wantichaa wajjin walqixa yoo ta'u, fageenyi deemame immoo hojjaa sheelfichaa wajjin wal qixa dha.

Humni qaama tokko irratti kallattii sochiif adda ta'een yoo dalageeffame ruuqoon humna kanaa kallattii sochiin dalageeffame qofatu dalagaa dalaga. Humni qaama tokko irratti dalageeffame qaamicha sochoosuu yoo dadhabe dalagaan dalageeffame hin jiraatu. Qaamichi yoo sochoo'es humnichi ruuqoo kallattii sanaan dalageeffame qabaachuu qaba. Namni bilookii hanga murtaa'e qabu baachuun dalga sochoo'u dalagaa dalaga hin jiru (Fakkii 4.2 ilaali).



Fakkii 4.2. Nama bilookii hanga 'm' qabu baachuun dalga deemaa jiru.

Gocha 4.2

- Waa'ee dalagaa nama ba'a tokko baatee dalga sochoo'u dalagu hiriyyota kee wajjin mari'adhu.

Yuunitiin waaltawaan (SI) dalagaan **Niwton meetira (Nm)** maqaa biraatiin Juulii (J) jedhamee waamamuu dha. Dalagaan **Juulii (J)** tokko yemmuu humni Niwittonii (N) tokko qaama tokko irratti dalageeffamuun qaamicha meetira (m) tokko yoo sochoose dalagama.

Juulii tokko (1J) = Niwtonii tokko (1N) × meetira tokko (1m)

Yuunitiin dalagaa "Juuliin" maqaa Fiiziistii biyya Ingiliizii beekamaa waa'ee anniisa hoo'aa keessatti gumaacha guddaa gumaache Jeems Pireskoot Juul (1818 - 1889) jedhamuun moggaafame.

Dalagaan hamma baay'ee guddaa yookiin baay'ee xiqqaa qabu yemmuu dalagamee safaramu ibsuuf maxxantuuwwan duraa yuunitii Juulii duratti barreeffaman kanneen akka Kiiroo Juulii (KJ), Meeggaal Juulii (MJ), miilii Juulii (mJ) fi kkf fayyadamuu ni dandeenya.

Fakkeenyota:

Kiloo Juulii tokko (1kJ) = 1000J

Meeggaal Juulii tokko (1MJ) = 1,000,000J

Miilii Juulii tokko (1mJ) = 0.001J

Fakeenyota Shallagamoo 4.1

1. Saanduqni tokko humna 180N ta'uun dhiibamee osoo hin guulin fageenya 5m dirra dalga diriire irratti akka adeemu taasifameera. Dalagaan dalagame hammami?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$F = 180\text{N}$	$W = ?$	$W = F \times s$
$s = 5\text{m}$		$= 180\text{N} \times 5\text{m}$ $= 900\text{Nm}$ $= 900\text{J}$

2. Hangi tokko, yemmuu humni 100N irratti dalageeffamu bakka duraan ittiin ture irraa 20m kalattii humnaatiin sochoo'eera.

- a) Dalaga hammamtu dalageeffame?
- b) Humni dalageeffame dachaa ta'ee fageenyi adeeme yoo jijiiramuu baate dalagaan dalagame maal ta'a?
- c) Fageenyi adeemame walakkaa ta'ee humni dalageeffame yoo jijiiramuu baate dalagaan dalageeffame maal ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$F = 100\text{N}$	$W = ?$	a) $W = F \times s$
$s = 20\text{m}$		$= 100\text{N} \times 20\text{m}$ $= 2000\text{Nm}$ $= 2000\text{J}$ $= 2\text{KJ}$
		b) $F = 200\text{N}$ yoo ta'e $W = F \times \vec{s}$ $= 200 \text{ N} \times 20\text{m}$ $= 4000 \text{ Nm}$ $= 4000\text{J}$ $= 4\text{kJ}$

∴ Humni yemmuu dachaa ta'u, dalagaan dalagame illee dachaa ta'a.

- c) $s = 10\text{m}$, yoo ta'e

$$W = F \times \vec{s} = 100\text{N} \times 10\text{m} = 1000\text{Nm} = 1000\text{J} = 1\text{KJ}$$

3. Ba'aa hanga 50kg hojjaa 2m ol kaasanii dalagaa 1000J dalaguuf humni barbaachisu hammam ta'u qaba?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$W = 1000\text{J}$	$F = ?$	$W = F \cdot s$
$s = h = 2\text{m}$		$F = \frac{W}{S} = \frac{1000\text{J}}{2\text{m}}$ $F = 500\text{N}$

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 4.1

1. Haalonni dalagaa dalaguuf barbaachisan maal fa'i?
2. Foormulaa dalagaa dalageefffame shallaguuf fayyadu barreessi.
3. Abbabaan ba'aa 20N ta'e lafa irraa hojjaa 1.5m ol kaaseera. Dalagaa Abbabaan dalage shallagi.
4. Humni dalageefffame dachaa ta'ee fageenyi adeemame yoo jijiiramuu baate dalagaan dalageefffame maal ta'a?

4.2. Anniisa

Gocha 4.3

Qabxiilee kanneen armaan gadii irratti hiriyyoota kee wajjin walmari'adhaa.

- i. Dhagaa ulfaataa ta'e qilleensa keessa ol kaasi. Anniisa qabaa?
- ii. Itti aansuun dhagicha gadi lakkistee kuffisuun dhagaa xiqqaan kan biraa akka cabsu taasisi.
- iii. Anniisaan maali?
- iv. Hariiroo anniisaa fi dalagaa gidduu jiru ibsi. Qaamni anniisa qabu maal uuma ? Anniisa qaama tokkoo akkamitti ibsita ?**

Barannoo darbe keessatti dalagaan wantoota adda addaa irratti kan dalageeffamu ta'u baratteetta. Barannoo kana keessatti waa'ee qabaachuu anniisaa qaamolee baratta.Qaamni tokko dalagaa dalaguu yoo danda'e anniisa qaba jadhama. Kanaafuu, anniisaan qaamni tokko hamma dalagaa qaamichi dalaguun safarama.

Anniisaan dandeettii dalagaa dalaguu dha. Anniisaan illee akka dalagaa kal-dhabee dha. Yuunitiin waaltawaa anniisaa kan dalagaa wajjin tokko yoo ta'u innis Juulii (J) dha.

Gocha 4.4

Gaaffilee Armaan Gadii Irratti Gareen mari'adhaa

- i. Akaakuuwan anniisa garaagaraa ibsi.
- ii. Akaakuuwan anniisaa biyya keenya keessatti baay'inaan itti fayyadamaa jirru maal fa'i?
- iii. Jijiirama anniisaa akaakkuu tokko irraa gara akaakku biraatti taasifamu addeessi.

Addunyaan keessa jiraannu akkaakuuwan anniisaa garaagaraa nuu kenniti. Isaanis, anniisa elektirikii, anniisa keemikaalaa, anniisa niyuuklarii, anniisa soolaarii, anniisa sagalee, anniisa hoo'aa, anniisa makaanikaalaa fi anniisaawwan bubbee fi bishaan irraa argaman fa'i.

Barannoo kana keessatti anniisa makaanikaalaa irratti xiyyeffanna. Anniisa makaanikaalaan anniisa qaamni tokko sababa sochii yookiin sababa iddoobirqaba dirra lafaatiin itti argamu irraan kan ka'e qabaachuu danda'u dha.

Anniisaan makaanikaalaa gosa lamatu jiru. Isaanis:

- i) Anniisa sochii (K.E) fi
- ii) Anniisa kuufamaa (P.E) dha.

Anniisa sochii (K.E): Annisaan sochii anniisa qaamni sochoo'aa jiru tokko sababa sochii isaatiin qabu dha. Fakkeenyaaf konkolaataawwan fiigaa jiran, dhagaalee qilleensa keessa darbaman, goommaawwan naanna'aa jiran yookiin xiyyaawwan qilleensa keessa darbamanii fi kkf waan sochoo'aa jiraniif anniisa sochii qabu. Annisaan sochii qaama hanga (m) qabuu fi saffisa (V) wajjin sochoo'aa jiru hima herregaatiin akka armaan gaditti kennameera.

$$K.E = \frac{1}{2} (\text{Hanga}) \times (\text{saffisa})^2$$

$$K.E = \frac{1}{2} m v^2$$

Annisaan sochii hamma qofaan waan ibsamuuf kal dhabee dha.

Fakkeenya 4.2

Rasaasni hanga 20g qabu saffisa 250m/s wajjin dhukkaasamtee jirti. Annisa sochiin rasaasattii hammam ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$m = 20g$	$K.E = ?$	$K.E = \frac{1}{2} m v^2$
$= 0.02kg$		$= \frac{1}{2} \times 0.02kg \times (250m/s)^2$
$V = 250m/s$		$= \frac{1}{2} \times 0.02 \times 62500kgm^2/s^2$ = 625J

Gaaffii Xiinxallii Barbaadu

Waa'ee anniisa sochii rasaasa fakkeenya asii olitti ibsamte haalota armaan gadii qalbeeffachuun hiriyyoota kee wajjin irratti mari'adhaa.

- a) Ariitiin isaa dhaabbataa ta'ee hangi yoo dachaa ta'e.
- b) Hangi isaa dhaabbataa ta'ee ariitiin yoo dachaa ta'e

Anniisa kuufamaa (P.E): anniisa kuufamaan anniisa qaamni tokko sababa Iddoo birqaba dirra lafaatiin itti argamu irraan kan ka'e qabachuu danda'uu dha. Fakkeenyaaf, hangaaawwan dirra lafaa irraa hojjaa murtaa'e ol ka'an anniisa kuufamaa qabu.

Anniisa kuufamaan (P.E): qaama hanga (m) qabuu fi hojjaa(h) lafa irraa ol ka'ee jiru hima herregaatiin akka armaan gaditti kennamee jira.

$$P.E = \text{ulfaatina} \times \text{hojjaa}$$

$$= W \times h \quad (W = mg)$$

$$\Rightarrow P.E = mah$$

Kuni anniisa kuufamaa qaama lafa irraa hojjaa murtaa'e ol ka'ee jiruu dha. Waa'ee anniisa kuufamaa akaakuu biroo kuutaalee ol'aanaatti baratta.

Fakkeenya 4.3

Dhagaan hanga 80 kg qabu mana hojjaa 30m qabu irra ol ka'ee kaa'ameera. Anniisaan kuufamaa dhagichaa hammamiin dabalee jira? ($g=10\text{m/s}^2$ fayyadami)

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$m = 80\text{kg}$	$P.E = ?$	$P.E = mgh$
$h = 30\text{m}$		$= 80 \times 10 \times 30 \text{kgm}^2/\text{s}^2$
$g = 10\text{m/s}^2$		$= 24000\text{J}$
		$= 24\text{kJ}$

Fakkeenyota shallagamoo 4.4

1. Konkolaataan hanga 800kg qabu annisa sochii 640kJ qabaachuuf hammam saffisaa deemuu qaba? Akkasumas, hangi konkolaataan kun gara (400kg)tti gadi xiqlaatee anniisa sochiin isaa yoo jijjiiramuu baate saffisni isaa hammam ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$m = 800\text{kg}$	$v = ?$	$K.E = \frac{1}{2}mv^2$
$K.E = 640\text{kJ}$		$\Rightarrow 640000\text{J} = \frac{1}{2} \times 800\text{kg} \times v^2$
$= 640,000\text{J}$		$\Leftarrow v^2 = \frac{640000}{400}$
		$\Rightarrow v^2 = 1600(m/s)^2$
		$\Rightarrow v = \sqrt{1600(m/s)^2}$
		$\therefore v = 40\text{m/s}$

Hangi konkolaaticha walakkaan xiqlaatee, $m=400\text{kg}$ yoo ta'e:

$$\begin{aligned} K.E &= \frac{1}{2}mv^2 \\ \Rightarrow 640,000\text{J} &= \frac{1}{2} \times 400\text{kg} \times v^2 \\ \Rightarrow v^2 &= \frac{640,000}{200} \text{m}^2/\text{s}^2 \\ \Rightarrow v &= \sqrt{3200(m/s)^2} \\ \therefore v &= 56.57\text{m/s} \end{aligned}$$

2. Maashiniin kireenii jedhamu bakka gamoon ijaaramaa jirutti meeshaalee ol kaasuuf tajaajilaa jira. Kireenichi meeshaa hanga 320kg qabu gamoo hojjaa 40m qabutti yoo ol kaase anniisaan fayyadame hammam ta'a? ($g = 10\text{m/s}^2$ fayyadami).



Fakkii 4.3 Kireenii

Kennamaa	Barbadamaa	Furmaata
$m = 320\text{kg}$ $h = 40\text{m}$ $g = 10\text{m/s}^2$	$P.E = ?$	Qaamni hanga “m” qabu yemmuu ol sochoo’u anniisa kuufamaa argata. Kanaafuu: $PE = mgh$ $P.E = 320\text{kg} \times 10\text{m/s}^2 \times 40\text{m}$ $= 128,000\text{J} = 128\text{KJ}$

3. Qaama hanga 100kg qabu anniisa kuufamaa 1MJ akka qabaatu gochuuf lafa irraa hammam ol ka’uu qaba? ($g=10\text{m/s}$ fayyadami)

Kennamaa	Barbadamaa	Furmaata
$m = 100\text{kg}$ $g = 10\text{m/s}^2$ $P.E = 1\text{MJ} = 1,000,000\text{J}$	$h = ?$	$PE = mgh$ irraa $h = \frac{PE}{mg}$ $\frac{1,000,000\text{J}}{(100\text{kg})(10\text{m/s}^2)}$ $\therefore h = 1000\text{m}$

Gaaffilee Mirkaaneeffannoo 4.2

- Hariiroon dalagaa fi anniisaa gidduu jiru maali?
- Akaakuuwwan anniisa makaanikaalaa lamaan maqaa dhahi.
- Annisaan sochii maal maal irratti hundaa'a? Foormulaa hariiroo iddo bu'eewwanii agarsiisu barreessuun ibsi.
- Annisaan kuufamaa maal irratti hundaa'a? Foormulaa hariiroo iddo bu'eewwanii agarsiisu barreeuun ibsi.
- Kubbaan hanga 0.25kg qabdu qilleensa keessatti dalga saffisa 80m/s yoo rukutamte anniisa sochiin ishee hammam ta'a?
 - Garaagarummaa KE fi PE gidduu jiru addeessuun barreessi.
 - Fakkeenyota qabatamaa KE fi PE kenni.
 - Jijiiramni KE, irraa gara PE, akkasumas, PE irraa gara KE ni jiraa? Deebii kee fakkeenyoota qabatamaa kennuun ibsi.

4.3. Jijiiramaa fi Gitaa'ummaa Anniisaa

Gocha 4.5: Hiriyyoota kee wajjin irratti wal mari'adhaa

Haallan kanneen armaan gadii irratti xiyyeffadhaa.

- i. Buufattonni aangoo haayidiroo elektirikii (Qooqaa, Gilgal Gibee fi kkf) anniisa elektirikii biyya keenyaaf dhiheessu.
- ii. Nyaata mana keenya keessatti bilcheessuuf anniisa boba'aa fayyadamna.
- iii. Seeliwwan elektirikii yookiin dhagaalee baatirii (anniisa keemikaalaa) fayyadamuun ifaa arganna yookiin immoo raadiyoo dhaggeeffanna; kkf.
- iv. Akaakuuwan anniisaa haallan armaan olii keessatti ibsaman maal ta'u? Anniisaan ni uumama moo ni bada? Ibsa itti kenni.

Jirenya guyyaa guyyaa keenya keessatti akaakuuwwan anniisa garaagaraa fayyadamna. Namoonni, maashinoonni, koompiitaronni fi meeshaaleen biroo dalagaa dalaguu akka danda'an jijiiramni anniisaan barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf, jirenyaa fi gochaawwan guyyaa guyyaa keenya keessatti istooviwwan keenya fayyadamuun anniisaan keemikaalaa cilee fi boba'aa dhangala'oo (keerosinii) gara anniisa hoo'aatti akka jijiiramu taasifna. Garuu, barannoo kana keessatti jijiirama anniisa sochii fi anniisa kuufamaa gidduutti taasifamu qofa ilaalla.


Fakkeenyaaf: Kubbaa hanga (m) qabdu gamoo hojjaa (h) qabu gubbaa irraa gara lafaatti kufaa jirtu haa fudhannu. (Fakkii 4.4 ilaali). kubbittiin gamoo gubaatti yeroo turte keessatti anniisa kuufamaa qofa qabdi. $P.E. = mgh$

Gara lafaatti yemmuu kufuu jalqabdu akaakuuwwan anniisaa lamaanuu KE fi PE ni qabdi. Yeroo kana keessatti anniisaan kuufamaa gamoo gubaatti qabdi ture hamma murtaa'e gara anniisa sochiitti jijiiramee jira. Kunis akka armaan gaditti ibsama.


$$P.E. + K.E. = mgh + \frac{1}{2}mv^2$$

Dhuma irratti kubbittiin yemmuu lafa rukuttu anniisa sochii qofa qabdi. Kana jechuun anniisa kuufamaan ishee zeeroo waan ta'uuf anniisa kuufamaan gamoo gubaatti qabdi ture guutummaatti gara anniisa sochiitti jijiiramee jira jechuu dha. Kunis, $K.E. = \frac{1}{2}mv^2$

Adeemsa kana keessatti anniisaan kuufamaa gamoo gubaatti qabdu turee fi anniisa sochiin yemmuu lafa geessu qabdu wal qixa dha. $Mgh = \frac{1}{2}mv^2$



Fakkii 4.4. Jijiirama anniisa makaanikaalaa kufaatii walabawaa



Fakkii 4.5. Jijiirama anniisa makaanikaalaa peendulamii salphaa keessatti

Gocha 4.6

Gochaawwan armaan gadii gareen raawwadha

Meeshalee, boobii (hangaxi qaa), foo'aa fi sibiila hokkoo fayyadamuun gocha armaan gadii raawwadhaa.

- Boobii foo'aan hidhiiti akkuma fakkii 4.5a irratti agarsiifameen fanniisiiti rarraasi.
- Akkuma fakkii 4.5b irratti agarsiifameen boobicha gara qabxii 'A' geessiiti gadhiisi.
- Gocha kana yaada jijiiramaa fi gitaa'ummaa anniisa wajjin akkamitti walqabsiifta?

Gocha 4.6 irraa peendulamichi yemmuu sochoo'u K.E. fi P.E haala itti fufiinsa qabuun kan wal jijiiraman ta'u hubatteetta. Boobichi jalqaba qabxii 'A' irra yoo ga'u anniisa dimshaashaa isaa PE yoo ta'u, qabxii 'B' irra yoo dhaqqabu immoo anniisaan dimshaashaa isaa K.E. dha.

Qabxiilee biroo kanneen akka D fi E irratti anniisa akaakuwwan lamaanuu KE fi PE qaba (Fakkii 4.5b ilaali). Dhuma irratti boobichi suutaan dhaabbata. Yeroo kana keessatti qilleensa wajjin wal riguun anniisa boobichaa gara anniisa hoo'aatti jijiirama.

Seera Gitaa'ummaa Anniisaa


Seerri gitaa'ummaan anniisa seerota yuunivarsaalawaa Fiiziksii keessaa isa tokko yoo ta'u akka armaan gaditti ibsama:

Anniisaan haala itti fufiinsa qabuun akaakuu tokko irraa gara akaakuu biraatti jijiirama malee hin uumamu, akkasumas, hin badu.

Anniisa Bishaan Gadi Yaa'u

Anniisaan makaanikaalaa qaama tokkoo bifa anniisa kuufamaa yookiin anniisa sochii yookiin lamaanuu qabatee jiraata. Mee jijiiramaa fi gitaa'ummaa anniisa makaanikaalaa bishaan tabba irraa gadi yaa'aa jiru haa ilaalu.

Bishaan tabba irraa gadi yaa'u biyya keenya keessatti madda muummee anniisa haayidiroo elektirikii yoo ta'u, garuu hamma ammaatti guutumaa guututti itti hin fayyadamne.



Fakkii 4.6 Bishaan tabba irraa gadi bu'u yemmuu tarbaayinii bir aahu, anniisa sochii fi anniisa kuufamaa qaba

Akkuma fakkii 4.6 irratti agarsiifameen iddo irraan gadi kufu irratti sababa hojjaa isaatiin anniisaan bishaanichi qabu anniisa kuufamaa ($M.E = P.E$) qofa dha. Garuu erga ujummoo keessatti gadi yaa'u jalqabeen booda sababa sochii isaatiin anniisa sochii argachaa adeema. Anniisaan sochii kunis tarbaayinii jenereetaraa rukutuun akka naanna'u taasisa. Kanaafuu, dhuma irratti bishaanichi tarbaayinicha bira yemmuu qaqqabu anniisa sochii ($M.E = K.E$) qofa qabaachuu ni danda'a.

Bishaanichi ujummoo keessatti yemmuu gara gadii yaa'u anniisaan makaanikaalaa isaa ida'ama anniisa sochii fi anniisa kuufamaa ta'a. Kunis:

$$M.E = P.E + K.E$$

Qalbeeffadhu: Anniisaan makaanikaalaa bishaanichaa ol hidha bishaanichaa /kuuricha/ biratti anniisa kuufamaa qofa yoo ta'u, yemmuu gadi bu'u immoo anniisa sochii qofa dha. Haalli anniisaan bishaan gadi yaa'aa jiru anniisaan makaanikaalaa dimshaashaa sirnichaa dhaabbataa ta'uu isaa agarsiisa.


Anniisa Bubbee

Gocha 4.7

Marii Garee

- i. Bubbeen maali?
- ii. Akaakuu anniisaa kam qabaata?
- iii. Fakkeenya bakka dalagaa faayida qabeessa ta'e itti dalagu kennaa

Tarbaayiniin bubbee /wind mill/ guddaa utubduu dheeraa irratti fannifame jenereetarri akka naanna'u taasisa. Kunis kan ta'uu danda'u bubbeen anniisa sochii isaatiin yemmuu tarbaayinii naanneessu tarbaayinichi immoo gama isaatiin jenereetaricha naanneessuun kaarentii elektirikii akka uumamu taasisa. Anniisaan elektirikii maashinii bubbeen dalaguun argama kunis bishaan boolla keessaa baasuu fi mana keessatti tajaajila ifaa kennuuf fayyada.



Fakkii 4.7 Tarbaayinii bubbeen anniisa sochii gara anniisa electirikiitti jijiira

Gaaffilee Mikaneeffannoo 4.3

1. Jechoota kanneen armaan gadii irraa maal hubatta?
 - a) jijiiramaa fi
 - b) Gitaa'ummaa anniisaa
2. Seera gitaa'ummaa anniisaa ibsi.
3. Akaakuwwan anniisaa bishaan tabba irraa gara gadii yaa'u qabu ibsi.
4. Bubbeen akaakuu anniisaa maalii qaba? Fakkeenyaa faayidaa anniisa bubbeen namootaaf kenu eeri.
5. Wanta gadi kufaa jiru yookiin peendulamii hoollachaa jiru ilaalchisee jijiirama anniisaa raawwatu ibsi.

4.4. Aangoo

Gocha 4.8

1. Aangoo jechuun maal jechu akka ta'e hiriyyota kee wajjin wal mari'adhaa.
2. Fakkeenyaa kanneen armaan gadii kenni:
 - Aangoo fiizikaalaa
 - Aangoo siyaasaa
 - Aangoo dhuunfaa
 - Aangoo amansiisuu
3. Garaagarummaan anniisaa fi aangoon maali?
4. Caaltuun bilookii tokko daqiqaa 2 keessatti fageenya 10m deemsifteetti. Magarsaan immoo bilookicha daqiqaa 5 keessatti fageenya wal qixa ta'e yoo adeemsise aangoo guddaa kan qabu enyu? Addeessi.

Namoonni adda addaa ulfaatina tokko lafa irra hojja wal qixa ta'e yoo ol kaasani dalagaa wal qixa ta'e dalaganiiru jenna malee yeroo hammam irraa fufhatee jenne hin gaafannu.ta'ullee yeroo dalagaa tokko dalaguuf barbaachise hubbannoo keessa galchuun baay'ee barbaachisaa dha. Aangoon fiizikaalaa dalagaa yeroo murtaa'e keessatti dalagame ibsa.

Aangoon dalagaa yeroo yuunitii tokko keessatti dalagaame yookiin annisa yeroo yuunitii tokko keessatti faayidaa irra oolee dha

$$\begin{aligned} \text{Aangoo} &= \frac{\text{Dalagaa dalagame}}{\text{yeroo itti fudhate}} \\ &= \frac{\text{Annisa faayidaa irra oole}}{\text{yeroo itti fudhate}} \end{aligned}$$

$$P = \frac{W}{t} \quad P: \text{aangoo}, \quad w: \text{dalagaa fi t: yeroo dha.}$$

Akkuma annisaa fi dalagaa aangoon illee kal-dhabee dha.

Yuunitii waltawaan aangoo $\frac{\text{Juulii}}{\text{Sekondii}}$ (J/s) yoo ta'u waattii (W)

Jedhama. Anniisaan 1J sekondii tokko keessatti yemmuu daddarbu aangoon 1w ni dagaagfama.

1W = 1J/s

Waa'ee aangoo baay'ee guddaa ta'e yemmuu haasofnu yuunitota gurguddoo kanneen akka kiiloowaatti (KW) fi meeggaa waattii (MW) fayyadamuu ni dandeenya.

$$1 \text{ KW} = 1,000,000 \text{ W}$$

$$1 \text{ MW} = 1,000,000 \text{ W}$$

Fakkeenyota shallagamoo 4.5

- Maashiniin tokko hanga 50kg ta'e hojja 60m sekondii afur keessatti ol kaaseera. Aangoo maashinichaatiin dagaagfame shallagi ($g = 10 \text{ m/s}^2$ fayyadami).

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$m = 520 \text{ kg}$	$P = ?$	$\text{Aangoo} = \frac{\text{Anniisa daddarbe}}{\text{Yeroo itti fudhate}}$
$h = 60 \text{ m}$		$\text{Garuu, anniisa daddarbe} = PE = mgh$
$g = 10 \text{ m/s}^2$		$\text{kanaafuu, } P = \frac{mgh}{t}$
		$\Rightarrow P = \frac{(50 \text{ kg})(60 \text{ m})(10 \text{ m/s})}{4 \text{ s}}$
		$\therefore P = 7500 \text{ W} = \underline{\underline{7.5 \text{ kW}}}$

2. Maashiniin bishaan ol dhiibu tokko bishaan liitira 300 sekondii 8 keessatti 12m ol dhiibee jira.
 $(g = 10\text{m/s}^2$ fayyadani), akkasumas hangi bishaan qabee liitirii tokko 1kg ta'uu qalbeefadhu.

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$h = 12\text{m}$	$P = ?$	$P = \frac{mgh}{t}$
$t = 8\text{s}$		$\Rightarrow P = \frac{(300\text{kg})(10\text{m/s}^2)(12\text{m})}{8\text{s}}$
$m = 300\text{kg}$		
$g = 10\text{m/s}^2$		$\therefore P = 4500\text{W} = 4.5\text{kW}$

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 4.4

- Eeleen elektirikii tokko anniisa 2kJ sekondii tokko keessatti yoo daddabarse aangoon isaa hammam ta'a?
- Hangi bishaan baaldii xiqqaa tokko 3kg ta'a, akkasumas gadi fageenyi boolla bishaanii 10m ta'a. Mucayyoon tokko bishaan baaldii xiqqaa tokko daqiiqaa lama keessatti yoo ol baste aangoon mucattii hammam ta'a? ($g = 10\text{m/s}^2$ fayyadami)

Cuunfaa Barnoota Boqonnichaa

- Anniisaan yemmuu daddarbu dalagaan dalagameera jedhama. Humni qaama tokko irratti dalagamee qaamicha kallattii humnaatiin yoo sochoose dalagaan dalagameera jedhama. $W = F \cdot S$
- Yuunitiin waaltawaa dalagaa fi anniisaa Juulii (J) dha.
- Dalagaan, anniisaa fi aangoon sadanuu kal-dhabee dha.
- Anniisaan makaanikaalaa ida'ama anniisa sochii fi anniisa kuufamaa wajjin wal qixa dha.
- Anniisaan sochii anniisa qaamni sochoo'u sababa sochii isaatiin qabaatu yoo ta'u akka armaan gaditti barreffama.
- $KE = \frac{1}{2}mv^2$
- Anniisaan kuufamaa anniisa qaamni lafa irraa ol ka'ee argamu tokko sababa hojjaa ittiin ol ka'ee jiruun qabaatu yoo ta'u akka armaan gaditti barreffama.
 $PE = mgh$
- Aangoon dalagaa yeroo yuunitii tokko keessatti dalagamu yookiin immoo anniisa yeroo yuunitii tokko keessatti daddarbu yoo ta'u akka armaan gaditti barreffama.
- $P = \frac{W}{t}$
- Yuunitiin waaltawaan aangoo waattii (W) dha. $1W = 1J/s$

Gilgagala 4

I. Iddoowwan Duwwaa Kanneen Armaan Gadii Jechoota Sirrii Ta'aniin Guuti.

1. Hiikkaan dalagaa akka baay'ata _____ fi _____ tti kennama.
2. Yuunitiin waaltawaan dalagaa _____ dha.
3. _____ n dandeettii dalagaa dalaguu dha.
4. Yuunitiawan qaamolee fiizikaalaa dalagaa, anniisaa fi aangoon _____ dha.
5. Dalagaan dalagameera yemmuu jedhamu kallattii humnaa kallattii qaxxaamuraa wajjin _____ ta'uu qaba.
6. _____ anniisaan akaakuu tokko irraa gara akaakuu biraatti kan jijiiramuu fi kan hin uumamane akkasumas kan hin badne ta'uu isaa nuuf ibsa.
7. _____ n dalagaa yeroo murtaa'e keessatti dalagamuun dha.
8. Yuunitiin waaltawaan aangoo _____ dha.
9. Anniisaan makaanikaalaa ida'ama _____ fi _____ dha.

II. Piroobleemota Kanneen Armaan Gadii Shallagiiti Furi.

1. Humni 200N saanduqa hanga 18kg qabu irratti dalageeffamuun dalga 6m qaxxaamursiiseera. Dalaagaan humnichaan dalagaa'e hammami?
2. Wanti hanga 20kg qabu tokko gara gamoo hojjaa 25m qabutti ol kaafameera. Anniisaan wanticha keessatti kuufame hammam ta'a? ($g = 10\text{m/s}^2$ fayyadami)
3. Maashiniin kireenii jedhamu tokko meeshaa ijaarsa gamoof gargaaru hanga 450kg qabu sekondii 5 keessatti 50m ol kaaseera. $g = 10\text{m/s}^2$ fayyadamuun
 - a) Anniisa kuufamaa meeshichaa
 - b) Aangoo kireeniin dagaagfame shallagi.
4. Saatalaayitiin nam tolchee hanga 900kg qabdu saffisa 11,000m/s wajjin ol dhukkaasamtee jirti. Anniisa sochiin saatalaayittiin argatte hammami?
5. Hangi 2kg ta'u saffisa 15m/s wajjin dirra lafaa irraa gara olii yoo darbame hammam ol fagaatee deemuu danda'a? ($g=10\text{m/s}^2$ fayyadami)
6. Mootori elektirikii bishaan dhiibuu tokko bishaan liitirii 200 sekondii lama keessatti 6m ol dhiibeera. $g =10\text{m/s}^2$ fayyadamiiti aangoo motorichi dagaagse shallagi.
7. Kaawiyyaan tokko barreeffama 1000W jedhu qaba. Kaawiyyaa kana sa'atii tokkoof itti fayyadamuuf anniisa Juulii meeqa nu barbaachisa?

BOQONNAA 5

MAASHINOOTA SASALPHOO

Bu'aawwan Boqonnichaa: Barnoota boqonnaa kana erga xumurteen booda:

- ✓ Yaadrimeewan maashinoota sasalphoo wajjin walqabatan hubachuu;
- ✓ Ogummaa piroobleemota maashinoota sasalphoo wajjin wal qabatan furuu dagaagsuu;
- ✓ Wantoonni hundumtuu walitti dhufeenya yookiin hariroo kan qaban ta'uu sirriitti hubachuu fi
- ✓ Beekumsa yaad-rimeewan ijoo Fiiziksii dagaagsuuf karaalee fi filannoowaan adda addaan fayyadamuu ni dandeessa.

Seensa

Barnoota Saayinsii kutaalee gadi aanan keessatti barattee turte irraa maashinoota sasalphoo adda addaa ni yaadattaa?

Gocha 5.1

Meeshaalee kanneen armaan gadii maashinii dha, yookiin maashinii miti jedhiiti addaan baasi.

Albee, qaxxaamura/maqasii/, iskiriwuu, koompiitara, bantuu qaruuraa lallaafaa, ulee wiili, meeshaa taayipii barreessu, motora elektirikii, fonqolcha, puulii fi qottoo.

Saayinsii keessatti maashinootaa fi meeshaalee dalagaa dalaguuf gargaaran gidduutti garaagarummaan hin jiru. Boqonnaa kana keessatti waa'ee maashinoota tokko tokko dalagaa kee karaa salphaa ta'een haala gaariin dalaguuf si gargaaran baratta. Akkasumas, faayidaa maashinoota fayyadamuuun argamu karaa faayidaa makaanikaalaa, reeshiyoo ariitii fi ga'umsa isaaniitiin baratta.

Faayidaa maashinootaa sirriitti hubachuuf yaadrimeewan humnaa, dalagaa, ulfaatina, reeshiyoo dhibbeentaa irra deebitee yaadachuu qabda. Sababiin isaas, boqonnaa kana keessatti darbee darbee waan itti fayyadamtuuf.

5.1 Hiikkaa Maashinootaa

Gocha 5.2

- i. Akka barataa tokkootti guyyaa guyyaan qubeessaa kee qaruuf qartuu yookiin immoo haadduu fayyadamta. Faayidaa meeshaalee kana fayyadamuun argatte maal akka ta'e ibsi.
- ii. Muuxannoo guyyaa guyyaa kee keessatti meeshaalee adda addaa jirenyaa namootaa salphisuuf gargaaran eeri. Meeshaaleen kunniin haalaakkamiaan dalagaa namootaa akka salphisan hiriyyoota kee waliin irratti wal mari'adhaa.
- iii. Maashiniin maali? Meeshaalee kanneen asii olitti eeraman maashinoota jennee waamuu dandeenyaa? Maaliif?
- iv. Meeshaalee maashinii miti jettee yaaddu barreessi.

Haadduun yookiin qartuun yookiin murtuun osoo hin jiraanne ta'e qubeessaa kee qaruuf maal faayadamta? Ilkaan kee yookiin mismaara fayyadamta turee? Lakkii, yaadni kuni mijaa'aa miti, gaaris miti. Haala wal fakkaatuun gochaawwan guyyaa guyyaa keenya keessatti dalagaa keenya salphisuuf meeshaalee garaagaraa fayyadamna.

Albee, qaxxaamura/maqasii/, iskiriwuu, bantuu qaruuraa lallaafaa, puulii, qottoo fi kkf meeshaalee yookiin maashinoota dalagaa keenya salphisuuf nu fayyadanii dha.

Maashiniin meeshaa dalagaa keenya karaa salphaa ta'een dalaguuf nu gargaaruu dha.

Maashinooni jijjiirtuuwwan anniisaati. Haala qabatamaan maashinooni anniisa hin uumani garuu akaakuu anniisa makaanikaalaa humna xiqqaa qabu tokko irraa gara anniisa makaanikaalaa humna guddaa qabutti jijjiiru yookiin daddabarsu.

Maashinooni akka bay'istota humnaa yookiin saffisaatti tajaajilu. Dalagaa salphisuuf fayyadu.

Maashinoota Maaliif Fayyadamna?

Gocha 5.3

Gaaffilee kanneen armaan gadii irratti hiriyyoota yookiin maatii kee wajjin wal mari'adhu.

- i. Namoonni ulfaatinalee adda addaa gara konkolaataa fee'insaa irratti fee'uuf maaliif bal'insa habalakaa fayyadamu? (Yaada ka'umsaa: Humna barbaachisu xiqqeessuufi immoo saffisa dabaluufi?)
- ii. Namoonni tokko tokko miila isaaniin deemuu irra maaliif biskileetii fayyadamu? (yaada ka'umsaa: anniisa quachuuufi? Yookiin humna xiqqeessuufi? Yookiin immoo saffisaan adeemuufi?)
- iii. Bishaan boolla keessaa waraabuuf maaliif puulii dhaabbataa queenxee fayyadamna?

**Humna sochooftuun humna
maashinii irratti
dalageeffamuu dha.**


**Ba'aan humna maashiniin
dalageessuu dha**

Gaaffilee gocha 5.3 irratti yemmuu mari'attani jechoota **humna sochooftuu fi ba'aa** fayyadamuu isin barbaachisa.

Humna sochooftuu (E): Humna maashinii irratti qaama alaatiin, fakkeenyaaf namootaan dalageeffamuu dha.

Ba'aa (L): Humna maashinichi wanta yookiin qaama ol ka'uu yookiin sochoo'uu qabu irratti dalageessuu dha. Humna maashinichi dalageessuun ulfaatinaalee irratti yookiin faallaa humna rigataan ittiin dalagaa dalguu dha. Yaada kana sammuu keessatti qabaachuun namoonni biskileetii, bal'insa habalakaa fi puulii dhaabbataa qeenxee maaliif akka fayyadaman haa ilaallu. Sababiin namoonni maashinii fayyadamanii faayidaalee kanneen asii gaditti tarreeffaman keessaa yoo xiqqaate tokko argachuufi. Isaanis:

1. Humna baay'isuuf
2. Saffisa (fageenya) baay'isuuf
3. kallattii humnaa jijiiruuf



Fakkii 5.1 Bal'insa habalakaa

Bal'insa habalakaa fakkii 5.1 irratti agarsiifame haa fudhanu. Humni qaama tokko bal'insa habalakaa irratti dhiibuun yookiin harkisuun ol baasuuf barbaachisu **humna sochooftuu (E)** jedhama. Fageenyi humna sochooftuun adeemamame **fageenya humna sochooftuu** jedhama. Qaamichis yookiin ba'aan hojja murtaa'e ol ka'a. Ulfaatinni wanti ol ka'u **baa'aa** kan jedhamu yoo ta'u fageenyi ba'aan adeemamu immoo **fageenya ba'aa** jedhama.

Bal'insa habalakaa yemmuu fayyadamnu humna sochooftuu xiqlaan ba'aa guddaa ol kaasuu ni dandeenya. Kanaafuu, bal'insi habalakaa humna baay'isuuf waan fayyaduuuf maashinii baay'iftuu humnaati jechuu dha.

Maashinooni ba'aa guddaa humna sochooftuu xiqlaan ol kaasuu danda'an baay'iftoota humnaa jedhamu. Ba'aan humna sochooftuu caala.

Fakkeenyaaf, maashinii tokko fayyadamuu ba'aa 400N humna 40N dalageessuun yoo ol kaasuu dandeessa ba'aan humna ati dalageessite yeroo (10)niin caala. Haala akkasii kana keessatti maashinichi meeshaa humna baay'isuuf fayyaduu dha.

Amma immoo maashinii gosa biraa biskileettii jedhamu haa fudhannu. Namoonni tokko tokko miilaan adeemuu irra biskeettii oofuun sochoo'uu filatu. (Fakkii 5.2 ilaali).

Biskileetii yemmuu fayyadamnu fageenyi xiqqaan nama peedaalii biskileetii oofuun adeemame wiili yookiin goommaa biskileetichaan baay'ifamee fageenya dheeraa akka deemu ta'a. Kanaafuu, biskileetiin maashinii ariitii baay'isu yookiin **fageenya baay'isuuf** fayyaduu dha.


Maashinoonni humna sochooftuu fageenya gabaabaa adeemame fayyadamuun ba'aa fageenya dheeraa adeemsisuu danda'an fageenya baay'iftotaa jedhamu. Kanaafuu, haala akkasii kana keessatti fageenyi humna sochooftuu adeemame fageenya ba'aan adeeme irraa caala.

Fakkeenya

Maashinii tokko yemmuu fayyadamnu humni sochooftuun 1m sekondii tokkotti deemuun ba'aan 5m sekondii tokkotti akka adeemu yoo taasise saffisni huma sochooftuun 1m/s yoo ta'u kan ba'aan immoo 5m/s dha. Kanaafuu, saffisni baay'ateera jechuu dha. Haala kana keessatti maashinichi baay'iftuu saffisaa yookiin immoo baay'iftuu fageenyaati.



Fakkii 5.2 Biskileetii



Fakkii 5.3 puulii dhaabbataa qeenxee

Gocha 5.4

Maashiniin tokko si'a tokkotti humnaa fi fageenya baay'isuu ni danada'aa?

Hiriyyota kee wajjin irratti wal mari'achuun deebii kennaa.

Puuliin illee fakkeenya maashinii kan birooti. Puuliin dhaabbataa qeenxeen fakkii 5.3 irratti agarsiifameera. Ba'aa kanneen akka baaldii bishaaniin guutame boolla bishaanii keessaa baasuuf fayyada.

Ba'aa tokko ol kaasuuf humna sochooftuu gara gadii qajeeleetu dalageeffama. Humna sochooftuun dalageeffamu hammaan ba'aa wajjin wal qixa yoo ta'u kallattiin faallaa waliiniiti. Kanaafuu, puuliin dhaabbataa qeenxee maashinii jijiirtoo kallattii humnaati.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 5.1

1. Maashiniin maali?
2. Faayidaalee sadii maashinoota fayyadamuun argaman ibsi.
3. Maashiniin tokko si'a tokkotti humnaa fi fageenya baay'isuu ni danda'aa?
4. Hiikkaa
 - a) Humna sochooftuu fi
 - b) Ba'aa kenni

5.2 Faayidaa Makaanikaalaa, Reeshiyoo Ariitii fi Ga'umsa Maashinootaa

a) Faayidaa Makaanikaalaa (MA)

Gocha 5.5

- i. Faayidaa maashinii tokko safaruu ni dandeessaa? Akkamitti?
- ii. Maashinii tokko fayyadamuun ba'aa 120N sochoosuuf humna sochooftuu 30N yoo dalageessine, faayidaan maashinicha fayyadamuun arganne maali?
- iii. Faayidaan maashinii fayyadamuun argamu maal jedhama?

Gocha 5.5 (ii) irraa maashinii tokko fayyadamuun ba'aa 120N sochoosuuf humna sochooftuu 30N qofa akka nu barbaachise hubatteetta. Haala kana keessatti maashinichi humna baay'issee jira jechuu ni dandeenya.

Kanaafuu, faayidaan maashinii kana fayyadamuun argame humna sochooftuu afuriin baay'isuu dha.

Faayidaan maashinii fayyadamuun argamu Faayidaa Makaanikaalaa (MA) jedhama. Maashinichi humna sochooftuu yeroo meeqa akka baay'ise nutti hima.

Maashinii kamiifuu, faayidaan makaanikaalaa maashinicha fayyadamuun argamu reeshiyoo ba'aa fi humna sochooftuu dha. Kunis akka armaan gaditti ibsama.

$$MA = \frac{Ba'aa(L)}{Humna sochooftuu(E)}$$

$$\therefore MA = \frac{L}{E}$$

Hima herregaa kan armaan olii irraa waa'ee yuunitii MA maal jechuu dandeenya?

Fakkeenya 5.1

Maashinii tokko fayyadamuun ba'aa 360N sochoosuuf humna sochooftuu 60N dalageessuun yoo barbaachise faayidaan maashinicha fayyadamuun argame meeqa dha?

Kennamaa	Barbadamaa	Furmaata
$L = 360N$	$MA = ?$	$MA = \frac{L}{E} = \frac{360N}{60N} = 6$
$E = 60N$		

Kana jechuun maashinichi humna irratti dalagaa'ee ture si'a 6 baay'iseera jechuu dha. Fakkeenya armaan olii kana irraa hubachuu akka danda'amutti faayidaan makaanikaalaa lakkoofsa qulqulluu daayimeeshinii hin qabne dha. Kanaafuu, faayidaan makaanikaalaa yuunitii hin qabu.

Faayidaawan Makaanikaalaa akaakuu lamatu jiru. Isaanis:

- a. Faayidaa Makaanikaalaa dhugoo - Faayidaa Makaanikaalaa maashinichi haala qabatamaa ta'een kennu (rigata wajjin).
- b. Faayidaa Makaanikaalaa yaaddoo - Faayidaa Makaanikaalaa maashinichi rigatni akka hin jirreetti yemmuu yaadamu kennuu dha.

Qalbeeffadhu: (MA)n maashinii tokkoo rigata maashinicha keessatti uumamu irratti hundaa'a.

b) Reeshiyoo Ariitii

Gocha 5.6

Gaaffilee kanneen armaan gadii irratti hiriyyoota kee waliin mari'adhaa.

- i. Maashinichi guutumaa guututti rigata kan hin qabne yoo ta'e (MA)n isaa maal ta'a?
- ii. Maashiniin kun humna sochooftuu guddaa moo xiqqaa barbaada?

Rigatni yoo hin jirre ta'e humna sochooftuun barbaachisu xiqqaa ta'uu marii gocha 5.6 irraa hubachuun ni danda'ama. Sabiibiin isaas, humna sochii ba'aa hittisu waan hin jireefidha.

Reeshiyoon Ariitii (VR) Faayidaa makaanikaalaa yeroo rigatni hin jirre ibsa. Faayidaa Makaanikaalaa yaaddoo (IMA) jedhames ni waamama.

Hiikkaan reeshiyoo ariitii maashinii kamiyyuu akka reeshiyoo fageenya humna sochooftuun adeemamee fi fageenya ba'aan adeemeetti kennama.

$$VR = \frac{\text{Fageenya humna sochooftuun adeeme } (S_E)}{\text{Fageenya ba'aan adeeme } (S_L)}$$

$$\therefore VR = \frac{S_E}{S_L}$$

Reeshiyoon Ariitii maashinootaa yuunitii hin qabu. Reeshiyoon Ariitii maashinii tokkoo dhaabbataa dha. Rigatni yemmuu xiqqaatu faayidaan makaanikaalaa dhugoon faayidaa makaanikaalaa yaaddootti kalaa'a. Akkasumas, rigatni zeeroo yoo ta'e $VR = MA$ ta'a.

Fakkeenya 5.2

Humni sochooftuu maashinii tokko irratti dalagaa'e 8m yemmuu sochoo'u ba'aa 2m yoo ol kaase reeshiyoon ariitii maashinichaa meeqa ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$S_E = 8\text{m}$	$VR = ?$	$VR = \frac{S_E}{S_L} = \frac{8\text{m}}{2\text{m}} = 4$
$S_L = 2\text{m}$		

Kana jechuun, humni sochooftuun ba'aa si'a afuriin caalee saffisuun sochoo'a yookiin immoo fageenya humna sochooftuun fageenya ba'aa si'a afuriin caala jechuu dha.

c) Ga'umsa (η)

Gocha 5.7

- i. Hiikkaa jechoota "Dalagaa ciicataa" fi "dalagaa bu'aa" kenni
- ii. Qisaasa'uun annisaa akkamitti ibsama?
- iii. iii) Maalummaa "Ga'umsaa" fi "anniisa qisaasa'uu" fi hariiroo isaan gidduu jiru ibsi.

Ga'umsi jirenya guyyaa guyyaa keenya keessatti hiikkaa baay'ee qaba. Saayinsii keessatti garuu, dalagaa ciicataa fi dalaga bu'aa waajjin wal qabachuun hiikkaa adda ta'e qaba.

i) **Dalagaan Ciicataa (Wi)** dalagaa humni sochooftuun maashinicha irratti dalaguun dha. Kunis baay'ata humna sochooftuu (E) fi fageenya humna sochooftuun adeeme (S_E) wajjin wal qixa dha.

$$W_i = E \times S_E$$

ii) **Dalagaan Bu'aa (Wo)** dalaga maashinichi ba'aa irratti dalaguun dha. Kunis baay'ata ba'aa (L) fi fageenya ba'aan adeeme (S_L) wajjin wal qixa dha.

$$W_o = L \times S_L$$

Maashinii tokko irratti yemmuu humna dalageessitu maashinicha irratti dalagaa ciicataa (w_i) dalagda.


Maashinichi immoo ba'aa irratti dalagaa bu'aa (W_o) dalaga. Haalota qabatamaan dalagaan bu'aa (W_o) dalagaa ciicataa (W_i) irra xiqqaa dha. Sababiin isaa maal akka ta'e ibsuu ni dandeessaa?

Fakkeenya 5.3

Humni 80N Bal'insa habalakaa irratti 5m adeemuun ba'aa 300N irratti dalageeffamuun 1m yoo ol kaase.

$$\text{Dalagaan ciicataa} = 80\text{N} \times 5\text{m} = 400\text{J}$$

$$\text{Dalagaan bu'aa dalagaa ba'aa 300N hojjaa 1m ol kaasuun dalagamee dha} = 300\text{N} \times 1\text{m} = 300\text{J}$$



Fakkii 5.4 Ga'umsa bal'insa habalakaa

Dalagaan bu'aa 300J kuni yeroo tokko ***dalagaa faayida qabeessaa*** jedhamees ni beekama.

Garaagarummaan dalagaa ciicataa fi dalagaa bu'aa faayida qabeessa ta'e gidduu jiru (100J) dalagaa haala rigaataaf faallaa ta'een dalagame yoo ta'u ***anniisa qisaasa'e jedhamu*** beekama.

Jechi 'Ga'umsa maashinii' jedhu dandeettii yookiin haala maashinichi dalagaa itti dalagu ibsa. Maashinichi anniisa haala hammamiin gara dalagaa bu'aatti akka jijiiru ibsa.

Hiikkaan ga'umsa maashinii tokkoo reeshiyoo dalagaa bu'aa fi dalagaa ciicataa dha.

Reeshiyoo kana (100%)n baay'isuun ga'umsa maashinichaa dhibbeentaan ibsuu dandeenya.

$$Ga'umsa = \frac{Dalagaa bu'aa}{Dalagaa ciicataa} \times 100\%$$

$$\Rightarrow \eta = \frac{W_o}{W_i} \times 100\%$$

η: Ga'umsa;

Wo: dalagaa bu'aa fi

Wi: dalagaa ciicataa dha.

Qubeen biyya Giriikii η eettaa jedhamee dubbiffama.

Qalbeefadhu: Rigatni yoo hin jiraanne ta'e MA = VR waan ta'uuf ga'umsi maashinichaa $\eta = 100\% = 1$ ta'a. Maashiniin ga'umsi isaa 100% ta'e maashinii yaaddoo jedhama.

Gaaffii Xiinxallii Barbaadu:

Haala qabatamaan maashinii ga'umsi isaa 100% ta'e tolchuun yookiin oomishuun ni danda'amaa?

Fakkeenyota 5.4

1. Ga'umsi maashinii dalagaa ciicataa 4200J irratti dalagaa'ee dalagaa bu'aa 3200J dalaguu danda'u meeqa dha?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
Dalagaa ciicataa = 4200J	$\eta = ?$	$\eta = \frac{Dalagaa bu'aa}{Dalagaa ciicataa} \times 100\%$
Dalagaa bu'aa = 3200J		$\Rightarrow \eta = \frac{3200J}{4200J} \times 100\%$ $\therefore \underline{\eta = 76.2\%}$

2. Maashinii tokko fayyadamuun humna sochooftuu 50N maashinicha irratti dalagaa'e 6m yemmuu sochoo'u ba'aan 250N hojja 1m akka ol kaa'u taasifameera.

- a) Dalagaa ba'aa irratti dalagame,
- b) Dalagaa maashinicha irratti dalagame,
- c) Ga'umsa maashinichaa fi
- d) Anniisa qisaasa'e shallagi.

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$L = 250\text{N}$	a) $W_o = ?$	a) $W_o = L \times S_L = 250\text{N} \times 1\text{m} = 250\text{J}$
$E = 50\text{N}$	b) $W_i = ?$	b) $W_i = E \times S_L = 50\text{N} \times 6\text{m} = 300\text{J}$
$S_L = 1\text{m}$	c) $\eta = ?$	c) $\eta = \frac{W_o}{W_i} \times 100\% = \frac{250\text{N}}{300\text{N}} \times 100\% = 83.3\%$
$S_E = 6\text{m}$	d) $AQ = ?$	d) $AQ = W_i - W_o = 300\text{J} - 250\text{J} = 50\text{J}$

AQ: Anniisa Qisaasa'e dha.

Gaaffilee Mirkaneeffanoo 5.2

1. Hiikkaa kanneen armaan gadii kenni
 - a) Faayidaa makaanikaalaa (MA)
 - b) Ga'umsa maashinii
2. a) Dalagaa bu'aa fi b) dalagaan ciicataa maali?
3. Dhiibbaan rigatni ga'umsa maashinii irratti qabu maali?

5.3 Akaakuuwan Maashinoota Sasalphoo

Akaakuuwan maashinoota sasalphoo	Fakkeenyota Qabatamoo
1. Fonqolcha	
2. Puulii	
3. Bal'insa Habalakaa	
4. Wiilii fi Ulee isaa	
5. Iskiriiwuu	
6. Qottoo	

Fakkii 5.5: Akaakuuwan maashinoota sasalphoo jahan

Gaaffiilee Xiinxallii Barbaadan:

1. Fakkeenyonni qabatamoon fakkii 5.5 irratti agarsiifaman maal akka agarsiisanii fi eessatti fayyaduu akka danda'an ibsi.
2. Fakkeenyota maashinoota sasalphoo naannoo qe'ee keetti argaman kenni.

Gocha 5.8

- i. Fakkii 5.5 hubadhuuti akaakuuwwan maashinoota sasalphoo jahan ibsi.
- ii. Akaakuuwwan tokkoon tokkoon maashinoota sasalphoof fakkeenyota dabalaataa lama lama naannoo qe'ee keessanitti itti fayyadaman kenni .

Walumaa galatti maashinoota gosa lamatu jiru: Isaanis:


- i. **Maashinii salphaa:** maashiniin salphaa meeshaa kallattii yookiin hamma humnaa jijjiiruuf fayyaduu dha. Maashiniin humna sochooftuu qeenxee fayyadamuun ba'aa qeenxee irratti dalagaalaa dalaga. Rigatni akka hin jireetti yoo yaadame dalagaan ba'aa irratti dalagamee fi dalagaan humna sochooftuun dalagame wal qixa dha.

Maashinooni sasalphoon madda anniisa ofiisaanii hin qabani. Kanaafuu, anniisa gama humna sochooftuun dhufuun alatti dalagaalaa baay'ee dalaguun hin danda'anii. Humnooni hittisoo kanneen akka rigataa akka hin jirreetti yoo yaadame dalagaan bu'aa(kan ba'aa irratti dalagame) fi dalagaan ciicataa (humna sochooftuun dalagame)wal qixa ta'u.

Maashinooni sasalphoon akaakuuwwan jaha qabu. Isaanis:

- | | |
|------------------------|-----------------------------------|
| 1. Fonqolcha | 4. Bal'insa habalakaa |
| 2. sirna Puulii | 5. Qottoo |
| 3. wiilii fi ulee isaa | 6. Iskiriwwuu fi giiriwwanii dha. |

- ii. **Gurmii Maashinootaa:** Gurmiin mashinootaa, maashinoota sasalphoo lamaa fi lamaa ol walitti qindaa'anii tolfamanii dha. Fakkeenyaaaf, maashinii marga haamtii, maashinii taayipii/barreessuu fi konkolaataawwan qindoomina maashinootaati. Garuu, sadarkaa kanatti maashinoota sasalphoo kanneen akka fonqolchaa, puulii fi bal'insa habalakaa irratti xiyyeffanna.




Fakkii 5.6 Qindoomina maashinootaa

1. Fonqolchaa


Gochaa 5.9

Fakkiwwan 5.7 fi 5.8 hubadhuuti gaaffilee kanneen armaan gadii deebisi.

- Fonqolchi maali? Maqaa qaamolee fonqolchaa waami.
- Fakkeenyota fonqolchaa muraasaa jirenya guyyaa guyyaa kee keessatti fayyadan kenni.
- Fonqolchoonni baay'istoota humnaati moo baay'istoota humnaatimoo
baay'istoota saffisaati?



Fakkii 5.7 Qaamolee beekamoo sadan fonqolchaa



Fakkii 5.8 Fakkeenyota fonqolchaa

Burcuqqoo shaayii qabu keessatti sukkaara naquuf yemmuu fal'aana fayyadamnu fal'aanni akka fonqolchaatti nu fayyada. Haala wal fakkaatuun ulee sibiilaa fayyadamnee ba'aa baay'ee ulfaatu yemmuu ol kaafnu sibiilicha akka fonqolchaatti itti fayadamna. Namoota hara irratti bishaan gara duubatti dhibuun bidiruu oofan argitee beektaa? Mukni bishaan gara duubati dhiibuuuf fayyadu akka fonqolchaatti tajaajila.

Qaxxaamurri/maqasii/, irree fi akaafaan fakkeenyota fonqolchaa muraasa dha. Walumaagalatti fonqolchoota jirenya guyyaa guyyaa keenya keessatti itti fayyadamnu baay'eetu jiru.


Fonqolchi ulee dhaabbataa sibilaan yookiin mukaan tolfamee fi utubdu (F) isaa irratti walabaan naanna'u dha. Fonqolchi qabxiilee humna sochooftuu(E) fi ba'aa(L), akkasumas dabalataan qabxiit utubduu qaba.

Fakkiin 5.7 qabxiilee sadan fonqolchaa baay'ee barbaachisoo ta'an agarsiisa. Isaanis, **humna sochooftuu, ba'aa fi utubduu** dha. Fonqolchaawwan sadarkaalee sadiitu jiru. Fonqolchaawwan bakka utubduu, ba'aa fi humna sochooftuun itti argaman irratti hundaa'uun sadarkaalee sadiitti qoodamu.

i. **Fonqolcha sadarkaa Tokkoffaa:** Fonqolcha sadarkaa tokkoffaa keessatti utubduun ba'aa fi humna sochooftu gidduutti argama. Fakkeenyaaaf, manshee, laamedaa fi qaxxaamurri fonqolcha sadarkaa tokkoffaa dha.

ii. **Fonqolcha sadarkaa lammaffaa:** Fonqolcha sadarkaa lammaffaa keessatti ba'aan utubduu fi humna sochooftu gidduutti argama. Fakkeenyaaaf, kaarollaa fi meeshaa ochololii ittiin cenceran fonqolcha sadarkaa lammaffaa dha.

iii. **Fonqolcha sadarkaa sadaffaa:** Fonqolcha sadarkaa sadaffaa keessatti humni sochooftuun utubduu fi ba'aa gidduutti dalageeffama. Fakkeenyaaaf, buqqiftuu mismaaraa, qadhabaa fi kiyyoo qurxummiin fonqolcha sadarkaa sadaffaa dha.



Fakkii 5.10 Gosoota fonqolchaa sadan

Faayidaa Makaanikaalaa fonqolchaa

(MA)n fonqolchaa reeshiyoo ba'aa fi humna sochooftuu dha. Utubduun gara ba'aatti yoo dhihaate fonqolchi maashinii baay'iftuu humnaati. Akkasumas, utubduun gara humna sochooftuutti yoo dhihaate maashinii baay'iftuu saffisaa ta'a.


$$\therefore MA = \frac{L}{E}$$

Fakkeenya 5.5

1. Fonqolcha fakkii 5.10 (a) irratti agarsiifame ilaali. Humna sochooftuu 160N fonqolcha irratti dalageessuun ba'aan 400N akka ol ka'u taasifameera. Ba'aan utubduu irra 20cm akkasumas, humna sochooftuun 80cm fagaatanii argamu.

- a) VR fi
- b) MA maashinichaa shallagi.

"Bakka itti dhaabbadhu yoo naa kennitani fonqolcha fayyadamuun lafa nan sochoosa"




Fakkii 5.9 Arkimeedisi

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$L = 400\text{N}$	a) $VR = ?$	a) $VR = \frac{S_E}{S_L} = \frac{80\text{cm}}{20\text{cm}} = 4$
$E = 160\text{N}$	b) $MA = ?$	b) $MA = \frac{L}{E} = \frac{400\text{N}}{160\text{N}} = 2.5$
$S_E = 80\text{cm}$		
$S_L = 20\text{cm}$		

Fakkeenya 5.6

2. Fonqolchi salphaan bakka dalga diriifamee ture irraa gara bakka fakkii 5.11 irratti agarsiifameen sochoo'ee jira. Odeeffannoo kana irratti hundaa'uun kanneen armaan gadii shallagi.

- a) Dalagaa ciicataa
- b) Dalagaa bu'aa
- c) Ga'umsa



Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$L = 60\text{N}$	a) $W_i = ?$	a) $w_i = E \times S_E$
$S_E = 3\text{cm} = 0.03\text{m}$	b) $W_o = ?$	$= 40\text{N} \times 0.03\text{m} = 1.2\text{J}$
$E = 40\text{N}$		
$S_L = 2\text{cm} = 0.02\text{m}$	c) $\eta = ?$	b) $W_o = L \times S_L = 60\text{N} \times 0.02\text{m}$
		$= 1.2\text{J}$
		c) $\eta = \frac{W_o}{W_i} \times 100\% = \frac{1.2\text{J}}{1.2\text{J}} \times 100\%$
		$\therefore \underline{\underline{\eta = 100\%}}$

2. Puuliiwwan

Puuliin qaama /wiili/ geengawoo naannoona isaa dhoogamaa ta'ee siiqee handhuura isaa keessatti darbu irratti walabaan naanna'u dha. Humni sochooftuun fuunyoo naannaawa puulichaa dhoogamaa ta'e irra darbu irratti dalageeffama. Puuliiwwan:

- Kallattii humnaa jijiiruu fi
- Humna baay'isuuf fayyadu.

Sirnoota puulii gosa lamaatu jiru. Isaanis:


- a) **Puulii Dhaabbataa Qeenxee:** Puuliin dhaabbataa qeenxee puulii ba'aa wajjin kan hin sochoonee dha. Kana jechuun uleen isaa /aaksiliin/ dhaabbataa dha. yookiin wanta hin sochoone wajjin wal qabatee jira jechuu dha.
- b) **Puulii Socho'aa Qeenxee:** puuliin socho'aa qeenxee puulii ba'aa wajjin wal qabatee sochoo'uu dha. Kana jechuun uleen isaa /aaksiliin / walabaan sochoo'a jechuu dha.

a) Puulii Dhabbataa Qeenxee

Humni funyoo irratti dalagaa'u **humna dhisamaa/tension** /jedhama. Seera sadaffaa Niwutonii irraa ba'aanii fi ulfaatinni walqixa dha (humnoota gochaa fi mormii gochaa). Humni fuunyoo irratti dalageeffame hamma waqixxaate qabachuun puulicha irra naanna'a, garuu kallattiin isaa faallaa ta'a. Kana jechuun, ba'aanii fi humna sochooftuun hammaan wal qixaa fi Kallatti faallaa waliiniiti.

- Puuliin kun kallatti humna sochooftuu jijiiruuf tajaajila.
 - Humni dhisamaa /tension/ fuunyoo keessatti eessayyuu wal qixa yoo ta'u, ulfaatina fuunyoo, puuliichaa fi humna rigataa hubannoo keessa galchuu dhiisuun:
- Ba'aa (L) = Humna sochooftuu (E) ta'a.

$$\Rightarrow MA = \frac{L}{E} = 1, \text{akkasumasVR} = \frac{S_E}{S_L} = 1$$



Fakkii 5.12 puulii dhaabbataa qeenxee

Kanaafuu, puuliin dhaabbataa qeenxee faayidaa makaanikaalaa


(MA=1) waan qabuuf humna hin baayisu jechuu dha.

b) Puulii Sochoo'aa Qeenxee

Humni dhisamaa /tension/ fuunyoo keessa jiru humna sochooftuu dalageeffame wajjin walqixa dha. harkisni dimshaashaa gara olii ulfaatina /ba'aa/ wajjin wal qixa dha. Kana jechuun humna sochooftuun walakkaa ba'aati yookiin immoo ba'aan dachaa humna sochooftuuti jechuu dha ($E = \frac{1}{2} L$)

$$\Rightarrow MA = \frac{Ba'aa}{Humni sochooftuu} = \frac{L}{E} = \frac{L}{\frac{1}{2} L} = 2$$

.:. Puuliin sochoo'aa qeenxee faayidaa
Makaanikaalaa (MA=2) qaba.



Fakkii 5.13 puulii sochoo'u qeenxee

Hojii Piroojeekti

Puulii dhaabbataa qeenxee fi puulii socho'aa qeenxee tolchiiti faayidaa isaanii murteessi.


Meeshaalee Barbaachisan:

Peenistookii xixiqqoo lama (kiitii saayinsii irraa puulii), shuboo qalloo lama (walqabsiiftuu waraqaa) fuunyoo 50cm lama, sarartuu, fi ijataa /utubduu/

Tartiiba Raawwii:

1. Shuboowwan (qabsiiftuu waraqaa) Peenistookii tokko tokko yookiin puulii keessa galchi.
2. Puulii dhaabbataa tolchuuf qabsiiftuu warqaa fi puuliicha dhabbaticha /stand/ yookiin miinjaala irratti akkaataa fakkii 5.3 irratti agarsiifameen rarraasi.
3. Ba'aa fuunyoon hidhiiti fuunyicha puulii dhaabbataa irra dabarsi.
4. Hojja ba'aa fi humna sochooftuu birqaba lafaan yookiin miinjaalaan safari.
5. Ba'aa ol kaasuuf humna dalageessi.
6. Humna sochooftuu erga dalageessiteen booda hojja haaraa safariti fageenya ba'aa fi humna sochooftuun adeemame wal dorgomsiisi.
7. Qabsiiftuu waraqaa isa lammaffaa ijataa /stand/ yookiin miinjaalicha wajjin fuunyoon hidhiiti akkaataa fakkii 5.13 irratti agarsiifameen puulicha irra dabarsuun puulii sochoo'aa tolchi.
8. Akkuma fakkii 5.13 irratti agarsiifameen ba'aa puulicha irratti rarraasi.
9. Hojja ba'aa fi humna sochooftuu birqaba lafaan yookiin miinjaalaan safari.
10. Ba'aa ol kaasuuf humna dalageessi.
11. Humna sochooftuu erga dalageessiteen booda hojja haaraa ba'aa fi humna sochooftuu safariti fageenya ba'aa fi humna sochooftuun adeemame wal dorgomsiisi.
 - i) puulii dhaabbataaf fageenya isa kamtu (S_E yookiin S_L) guddaa dha?
 - ii) Faayidaan puulii dhaabbataa qeenxeen maali?
 - iii) Puulii sochoo'aa qeenxeef fageenya isa kamtu (S_E yookiin S_L) guddaa dha?
 - iv) Faayidaan puulii sochoo'aa qeenxeen maali?

3. Bal'insa Habalakaa



Fakkii 5.14 Bal'insa habalakaa

Ba'aan konkolaataa irratti fe'amuu qabu yemmuu baay'ee ulfaatu namoonni saanqaa guddaa fi bal'aa ta'e konkolaaticha irratti habalakeessanii hirkisuun ba'aa saanqicha irra ol dhiibani mucuceessuun konkolaaticha irratti fe'u. saanqaan haala kanaan faayidaa irra oolu bal'insa habalakaa jedhama. Baal'nsi habalakaan dirra saanqaa yookiin sibila habalakeeffame ba'aa guddaa humna sochooftuu xiqqaan ol kaasuuf faayaduu dha. Kofni bal'insi habalakaan ittiin habalakeeffame kofa 90^0 irra xiqqaan dha. Fakkii 5.14 irratti ba'aan (L) bal'insa habalakaa fayyadmuun yemmuu ol bahu agarsiifameera. Akkuma ba'aan qabxii A irraa hanga B sochoo'u humni sochooftuun fageenya 'S' irra dalageeffamuun yemmuu adeemu ba'aan immoo hojja 'h' ol baha.

$$\text{i. Reeshiyoo Ariitii} = \frac{\text{Fageenya humna sochooftuun adeeme}}{\text{Fageenya ba'aan adeeme}}$$

$$\Rightarrow \text{VR} = \frac{\text{Dheerina bal'insa habalakaa}}{\text{Hojja bal'insa habalakaa}}$$

$$\therefore \text{VR} = \frac{S}{h}$$

Bal'insa habalakaa rigata hin qabneef:

Dalagaa bu'aa = Dalagaa Ciicataa

$$\text{ii. Faayidaa makaanikaalaa} = \frac{\text{Ba'aa}}{\text{Humna Sochooftuu}}$$

$$\text{MA} = \frac{L}{E}$$

Faayidaan makaanikaalaa bal'insa habalakaa rigata hin qabne reeshiyoo dheerina bal'insa habalakaa fi hojja isaa ta'a.

Gocha 5.10

- Bal'insa habalakaa keessatti fageenya isa kamtu (S_E yookiin S_L) guddaa dha?
- Faayidaan bal'insa habalakaa fayyadmuun argamu maali? Saffisa baay'isuu yookiin humna baay'isuu?

Fakkeenya 5.7

Bal'insi habalakaan fakkii 5.14 irratti agarsiifame dheerina 4m fi hojjaa 1m yoo qabaate reeshiyoon ariitii isaa meeqa ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$S = 4\text{m}$	$VR = ?$	$VR = \frac{S}{h} = \frac{4\text{m}}{1\text{m}} = 4$

$$h = 1\text{m}$$

Kana jechuun, bal'insi habalakaan kun rigatni yoo hin jiraane ta'e humna sochooftuu harka afuriin baay'isa jechuu dha.

Gocha 5.11

- i. Daa'imni tokko abbaa isaa wajjin tapha na argitee si argeera (see saw) taphachaa jiru.
- ii. Ulfaatinni i daa'imichaa fi abbaan isaa wal madaalaa?
- iii. Gama utubduutti dhihaatee taa'uu qabu eenyu?
- iv. Haalonni akka wal madaalan taasisan maal fa'i?


Toorkiin taatee humnaa wantoota naanneessuuf yaaluu dha. Toorkiin bu'a qabeessummaa humni wanta tokko siiqgee tokko irratti sochoosuuf qabu safara. Toorkiin baay'ata humnaa fi fageenya kofa sirrii wajjin wal qixa dha(Fakkii 5.15 ilaali). Hammaa fi kallatti waan qabuuf kal qabee dha.

$$\text{Toorkii} = \text{Humna} \times \text{Fageenya kofa sirrii siiqgee irraa}$$

Kallattiin toorkiin gara sa'atiin ittiin lakkooftu yookiin gara faallaa sochii lakkooftuu sa'atii dha. Wanti tokko madaala isaa eegeera kan jedhamu toorkiin gara sochii lakkooftuu sa'atii fi toorkiin gara faallaa sochii lakkooftuu sa'atiin yoo wal qixa ta'ee dha. Haala kana keessatti sochiin hin jiru yookiin taateen naanneessuu hin jiru.

$$\text{Toorkii faallaa lakkooftuu sa'atii} = \text{Toorkii gara lakkooftuu sa'atii}$$

$$F_1 \times r_1 = F_2 \times r_2$$




Fakii 5.15 Toorkii

Fakkeenya 5.8

Fonqolchi dheerina 5m qabu tokko ba'aan 120N fi humna sochooftuun 80N akka wal madaalan gochuuf utubduun ba'aa irra 2m, humna sochooftuu irraa immoo 3m fagaatee akka argamu taasifameera.

- Toorkiin gara sochii lakkooftuu sa'atii jiru hammami?
- Toorkiin gara fallaa sochii lakkooftuu sa'atii jira hammami?
- (MA)n fonqolcha kanaa meeqa?
- (VR)n fonqolcha kanaa meeqa?



Fakkii 5.16 Toorkii shallaguu

Given	Required	Furmaata
$L = 120 \text{ N}$	a) Toorkii gara lakkooftuu sa'atii = ?	$\text{Toorkii gara lakkooftuu sa'atii} = E \times S_E$ $= 80\text{N} \times 3\text{m} = 240 \text{ Nm}$
$E = 80 \text{ N}$	$\left[\begin{array}{l} \text{Toorkii faallaa} \\ \text{lakkooftuu sa'atii} \end{array} \right] = ?$	$\left[\begin{array}{l} \text{Toorkii gara faallaa} \\ \text{lakkooftuu sa'atii} \end{array} \right] = L \times S_L$ $= 120\text{N} \times 2\text{m}$ $= 240\text{N.m}$
$S_L = 2\text{m}$	c) MA = ?	$MA = \frac{L}{E} = \frac{120\text{N}}{80\text{N}} = 1.5$
$S_E = 3\text{m}$	d) VR = ?	$VR = \frac{S_E}{S_L} = \frac{3\text{m}}{2\text{m}} = 1.5$

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 5.3

- Akaakuwwan maashinoota sasalphoo maqaa isaanii eeritti ibsi.
- Faayidaan maashinoota sasalphoo jirenya guyyaa guyyaa kee keessatti qaban maali?
- Maashinoota sasalphoo kanneen armaan gadiitiif MA, VR fi η isaanii akkamitti shallaguun akka danda'amu ibsi.
 - Fonqolcha
 - Puulii
 - Bal'insa habalakaa
- Toorkiin maali?

Cuunfaa Barnoota Boqonnichaa

- Maashinooni meeshaalee dalagaa keenya haala slaphaa ta'een dalaguuf nu gargaaranii dha.
- Maashinoota fageenya(saffisa) baay'isuuf, humna baay'isuuf yookiin immoo kallattii humnaa jijiiruuuf fayyadamna
- Humna sochooftuun (E) humna maashiniir irratti dalageeffamuu dha.
- Ba'aan(L) humna maashiniin dalageessuu dha.
- Maashiniin tokko humna baay'isa kan jedhamu ($L > E$) yoo ta'e dha. Akkasumas, saffisa (fageenya) baay'isa kan jedhamu ($S_E < S_L$) yoo ta'e dha.
- Hiikkaan (MA)n maashiniit tokko reeshiyoo ba'aa (L) fi humna sochooftuu (E) dha.
- Hiikkaan (VR)n maashiniit tokko reeshiyoo S_E fi S_L dha.
- Hiikkaan ga'umsa maashiniit tokko reeshiyoo dalagaa bu'aa fi dalagaa ciicataa dha.
- Fonqolchi ulee dhaabbataa utubduu isaa irra walabaan naanna'uu danda'uu dha.
- Puuliin wiili geengawoo naannawni isaa dhoogamee fi ulee (siiqee) irra walabaan naanna'u dha. Akaakuwwan puuliiwan beekamoon puulii dhabbataa qeenxee fi puulii sochoo'aa qeenxee dha.
- Bal'insi habalakaan dirra saanqaa habalakeeffamee fi ba'aa guddaa humna xiqqaan ol kaasuuf fayyaduu dha.
- Toorkiin taatee humnaa wantoota naanneessuuuf yaaluu dha.

Gilgaala 5

I Deebii Sirrii Ta'e Filadhu.

1. Faayidaa maashinii kan hin ta'in kami?

a) Humna baay'isuu	c) Annisa daddabarsuu
b) Saffisa baay'isuu	d) Annisa baay'isuu
2. Maashinoota armaan gadii keessaa fakkeenya fonqolchaa kan hin taane kami?

a) Qottoo	b) Akaafaa	c) Irree	d) Burruusa
-----------	------------	----------	-------------
3. Reeshiyoon ariitii puulii dhaabbataa qeenxee _____ dha.

a) 2	b) 1	c) 3	d) 4
------	------	------	------
4. Reeshiyoon ariitii puulii sochoo'aa qeenxee _____ dha.

a) 2	b) 1	c) 3	d) 4
------	------	------	------

II Iddoowan Duwwaa Jechoota Sirrii Ta'aniin Guuti.

1. Meeshaan kallatti humna sochooftuu jijiiruuf qofa fayyadu _____ jedhama
2. _____ Humna maashinii irratti dalageeffamee dha.
3. Reeshiyoon fageenya humna sochooftuu fi fageenya ba'aa _____ jedhama.
4. _____ Reeshiyoo ba'aa fi humna sochooftuu dha.
5. Reeshiyoon dalagaa bu'aa fi dalagaa ciicataa _____ jedhama.

III. Gaaffilee Kanneen Armaan Gadiitiif Deebii Sirrii Ta'e Kenni.

1. Maashinii ga'umsa 100% ta'e qabu qabatamaan jiraa? maaliif?
2. Sababoota barbachisoo ta'an sadii maaliif maashinii akka fayyadamnu ibsan tarreessi.

IV . Piroobleemota Kanneen Armaan Gadiitiif Deebii Sirrii Ta'e Kenni.

1. Gabatee asii gaditti kenname fayyadamuuun maashinoota sasalphoo kanneen akka fonqolchaa, puulii fi bal'insa habalakaa humna baay'istuu, saffisa baay'istuu fi kallattii humnaa jijiirtuu jechuun addaan baasiiti ramadi.

Humna baay'istuu	Saffisa baay'istuu	Kallatti humna jijiirtu

2. Maashinii tokko fayyadamuuun ba'aa 24N sochoosuuf humna sochooftuu 6N yoo dalageeffame (MA) maashiinicha meeqa dha?
3. Ba'aan 500N ulfaatu bal'insa habalakaa 20m dheerate irratti humna 150N irratti dalageefamuun hojjaa 5m akka ol ka'u taasifameera. Kanneen armaan gadii shallagi .

a) VR maashinichaa	d) Dalagaa bu'aa
b) MA maashinichaa	e) Ga'umsa
c) Dalagaa ciicataa	

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa: *Barnoota boqonnaa kana erga xumurteen booda:*

- ✓ Yaadrimewwan teempireecharaa fi hoo'a wajjin walqabatan hubachuu;
- ✓ Ogummaa piroobleemota teempireechara wajjin walqabatan furuu dagaagsuu;
- ✓ wantoonni hundumtuu walitti dhufeinya yookiin hariiroo kan qaban ta'uu sirriitti hubachuu fi
- ✓ Beekumsa yaad-rimeewwan ijoo Fiiziksii dagaagsuuf karaalee fi filannoowaan adda addaan fayyadamuu ni dandeessa.

Seensa

Kanaan dura qaamolee safaramoo bu'uuraa sadii hanga, dheerinaa fi yeroo baratteetta. Boqonnaa kana keessatti qaama safaramaa bu'uuraa isa afraffaa **tempireechara** jedhamee waamamu ni baratta. Boqonnaan kun waa'ee yaadrimee teempireecharaa, hoo'aa fi garaagarummaa isaan gidduu jiru, gulantaalee meeshaalee teempireechara safaruuf fayyadan jijiirama gulantaalee, maddoota hoo'aa fi taateewan Hoo'isuu irratti xiyyeffata.

6.1. Hiikkaa Teempireecharaa

Gocha 6.1

Gaaffilee armaan gadii hiryyoota kee wajjin wal mari'achuun deebisaa

- i. Teempireecharri maali?
- ii. Namoonni jirenya guyyaa guyyaa isaanii keessatti teempireechara akkamitti hubatu?
- iii. Teempireecharaa fi hoo'a gidduutti garaagarummaan ni jiraa? Ibsi.

Yeroo baay'ee namoonni teempireechara qaama tokkoo ibsuuf hoo'aa, labii, qorraa, qabbanaa'aa yookiin diilallaa'aa jechuun fayyadamu. Garaagarummaa hoo'aa fi labii, akkasumas qorraa fi diilallaa'aa gidduu jiru miireeffachuu ni dandeessaa? Jechoonni kun teempreechera qaama tokko ibsuuf mijaa'oo miti. Namoonni baay'een hubannoo sirrii ta'e dhabuun teempireecharaa fi hoo'a tokko godhanii ibsu. Garuu, teempireecharaa fi Hoo'i qaamolee safaramoo fiizikaalaa garaagaraati.

Gocha 6.2

Gaaffilee kanneen armaan gadii irratti hiriyyoota kee waliin wal mari'adhaa.

i) Burcuqqoowwan sadii bishaan hoo'aa, labii fi qabbanaa'aan guutaman qopheessaa.

Tartiiba 1: Harka bitaa kee bishaan hoo'aa keessatti, harka mirgaa kee immoo bishaan qabbanaa'aan keessatti naqi.

Tartiiba 2: Harkaawwan kee bishaan hoo'aa fi qabbanaa'aan keessaa baasi.


Tartiiba 3: Harkaawwan kee lamaan dafiiti bishaan labii keessa naqi. Harka bitaa fi mirgaa keetiitti maaltu sitti dhaga'ame ?

Tartiiba 4: Garaagarummaa hoo'aa fi teempireechara gidduu jiru maali ?


Harka kee bishaan hoo'aa keessaa baaftee bishaan labii keessatti yemmuu galchitu qorraatu sitti dhaga'ama. Akkasumas harka kee isa biraa bishaan dilallaa'a keessaa baaftee bishaan labii keessatti yoo galchitu hoo'aatu sitti dhaga'ama. ***Bishaan isa kam akka hoo'uu fi isa kam akka diilallaa'u nutti himuu ni dandeessaa?***

Gocha kana irraa bishaan labiin harka isa duraa keef qorra, isa lammaffaaf immoo qabbanaa'ina waan sitti dhaga'ameef miiraan qofa Hoo'inaa fi qorrina qaama tokkoo murteessuun qabatamaan sirrii hin ta'u. Kanaafuu, bishaan labiin ni hoo'a yookiin ni qorra jettee murteessuu hin dandeessu.

Teempireecharri akkuma hanga, dheerinaa fi yeroo qaama safaramaa bu'uuraati. Wantoonni hundumtuu suudoota baay'ee xixqqoo atoomii fi molokiyulii jedhamaniin tolfaman. Suudoonni kunniin geengoowwan xixiqqoo ta'aniin bakka bu'u (Waan barnoota Keemistirii keessatti baratte yaadadhu). Teessoon suudoowwan jijjaboo keessatti argaman dhaabbataa yoo ta'u, garuu birqaba qabxii dhaabbataa ta'een duraa fi duubatti hollatu. Sudoonni dhangala'oo fi gaasii keessatti argamanis yeroo kamiyyuu sochii irra jiru. Suudoowwan kunniin sababa sochii isaaniitiin ***anniisa sochii*** qabu. (Fakkii 6.1 ilaali).




Bocaa fi qabee
murtaa'aan ta'e qaba



Dhangala'oo

Fakkii 6.1 Faakaalee sadan



Boca qodaa kessa
jiru qabata
Qabee murtra'a
ta'e qaba

Gaasii
Bocaa fi qabee qodaa
keessa jiru qabata

Wanti tokko yemmuu hoo'u saffisni suudoota isaa waan dabaluuf anniisa sochii dabalataa argata. Saayinsii keessatti Hoo'i akaakuu anniisaati. Anniisa sochii dimshaashaa suudoota wanticha keessatti argaman hundaati. Kanaafuu, ***teempireechara*** jechuun safara anniisa sochii giddugaleessaa suudoota wanta tokko keessatti argaman jechuu dha.

Hiikkaa Teempireecharaa

Teempireecharri hoo'ina yookiin qorrina qaama tokkoo yookiin immoo safara anniisa sochii giddugaleessa suudoota qaamichaati

Qaamni suudoowwan anniisa sochii xiqqaa qaban qabaatu teempireechara xiqqaate qaba.

Teempireecharri safara anniisa giddugaleessa suudoowwan wanta tokko keessatti argamaniidha. Hamma qaamichaa irratti hin hundaa'u. Fakkeenyaaaf, teempireecharri bishaan danfe siinii tokkoo fi teempireecharri bishaan danfe baaldii tokko walqixa dha. Garuu, qaamoleen lamaan kunniin hamma hoo'aa garaagaraa qabu.

Akkuma dhiibbaa fi rukkinaa teempireecharri hamma sirnichaa, hamma suudowwan yookiin akaakuu suudowanii irratti hin hundaa'u. Fakkeenyaaaf, rukkinni wanti tokkoo hangaa fi qabeen hamma fedhe yoo dabaleeyyuu tokkuma . Kanaafuu rukkinni hamma inteesiivii yoo ta'u, hangaa fi qabeen garuu, amaloota ekisteensiivii waan ta'aniif hamma maateriyaalaa sirnicha keessa jiru irratti hundaa'u.

Karaa biraatiin hoo'i hamma ekisteensiivii waan ta'eef hamma suudoowwanii wanticha keessatti argaman irratti hundaa'a. Fakkeenyaaaf, bishaan danfe liitirii 100 fi liitirii tokko hamma hoo'aa garaagaraa yoo qabaatani, garuu teempireecha wal qixa ta'e qabu. Lamaanuu cabbii irratti yoo naqamani bishaan danfaa abbaan liitira 100 cabbii baay'ee baqsuu danda'a.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 6.1

1. Maalummaa teempireecharaa ibsi.
2. Garaagarummaa teempireecharaa fi hoo'a gidduu jiru ibsi.
3. Anniisa sochii suudoowwan qaama tokkoo akkamitti teempireechara qaamichaa wajjin walitti firoomsina?
4. Teempireecharri amala inteesiivii qaama tokkoo yoo ta'u ,hoo'i garuu qaama ekisteensiivii dha yoo jennu, maal jechuu akka ta'e ibsi.

6.2 Teempireechara Safaruu

Gocha 6.3

- i) Maloota jirenya guyyaa guyyaa keessatti teempireechara safaruuf yookiin tilmaamuuf fayyadan ibsi.
- ii) Miidhaan teempireechara qaama tokko beekuuf qaamolee miiraa keenya fayyadamuuf maali?
- iii) Teermoomeetira kilinikaal ogeessonni fayyaa /Dooktaroonni/ itti fayyadaman argitee beektaa? Maaltu keessa jira?
- iv) Teempireechara akkamitti safaruu dandeenyaa?

Jirenya guyyaa guyyaa keessatti namoonni teempireechara qaama biraa beekuuf harka isaanii fayyadamu. Fakkeenyaaf, qaruuraa lallaafaa refirijireetara keessaa bahe harkatti qabachuun baayyee qorraa, labii yookiin hoo'aa jedhama. Haala walfakkaatuun qaamoleen tokko tokko hoo'uu fi hoo'uu dhiisuu isaanii harkaan ilaalamu. Fakkeenyaaf, haadholeen daa'ima isaaniif bishaan hoo'uu fi labii ta'u harka isaaniitiin addaan baasu. Garuu harkaan tuquun yookiin qaamolee miiraa keenya fayyadamuun teempireechara qaama tokkoo sirriitti safaruun hin danda'amu.

Teempireechara qaama tokkoo sirriitti safaruuf meeshaa adda ta'e teermoomeetira jedhamee waamamu nu barbaachisa.


Teermoomeetirri meeshaa teempireechara safaruuf fayyaduu dha. Meeshaan kun teempireechara digiriidhaan safari (°).

Teermoomeetirri isa jalqabaan bara 1592 saayintistii beekamaa Gaaliiliyoo jedhamuun tolfame.

Teermoomeetirri meeshaa ujummoo qallaa fullein tolfame gama jala isaatiin balbii qabuu dha. Ujummoon kun yeroo baay'ee meerikuuriin yookiin immoo alkooliin hamma hojjaa murtaa'eetti guutama. Babal'achuu yookiin kottoonfachuu meerkuuri yookiin alkooliin dalaga.

Akaakuuwwan teermoomeetiraa, gulantaalee garaagaraa fi wantoota adda addaa of keessaa qaban ni jiru.

Muraasni isaanii akka armaan gaditti ibsamu.



a) Teemoomeetira Meerkurii



b) Teermoomeetira Alkoolii

Fakkii 6.2 Termoomeetiota adda addaa

- Teermoomeetira Meerkurii:** Babal'achuu meerkuuri yemmuu teempireecharri dabalaan adeemu uumamu wajjin dalaga. Teermoomeetiroota kilinikii fi mana yaaliin /Laaboratori/ meerkuuriin tolfaman. Teermoomeetirri kilinikaatti ogeessota fayyaa/dooktarootaatu/ itti fayyadamu. Akkasumas, teermoomeetira laaboratoriitti saayintistoonni qorannoo saayinsawaa hojetantu itti fayyadamu.

- ii. **Teermoomeetira Alkoolii:** Teempireechara baay'ee xiqqaa ta'e safaruuf fayyada Teempireechara -80°C fi 100°C gidduu jiru safara.

Gaaffilee Mirkanneeffannoo 6.2

1. Teempireechara qaama tokkoo akkamitti sirriitti safaruu dandeessa?
2. Teermoomeetira akaakuu adda addaa ibsi.
3. Teermoomeetira meerkuriin akkamitti akka dalagu ibsi. Fakkii teermoomeetiraa kaasiiti gulanteessi.

6.3. Gulantaalee Teermoomeetiraa

Gocha 6.4

- i. Gulantaalee teempireecharaa maal fa'aa beekta? Ibsi.
- ii. Namoota mana yaalaa yookiin meetirolojistoonni teempireechara qaamolee safaruuf gulantaalee akkamiin fayyadamu?

Yeroo ammaa namoonni gulantaalee teempireecharaa garaagaraan fayyadamaa jiru. Garuu, sadarkaa kanatti gulantaalee beekamoo ta'an sadii qofa qo'atta. Isaanis:

1. Gulantaa seentigireedii /seelishiyesii/
2. Gulantaa faaraanaayitii fi
3. Gulantaa kelviinii dha.

Teermoomeetirri yemmuu tolfaam teempireecharoota lama akka qabxiilee dhaabbataatti moggaaffamu. Isaanis, qabxii dhaabbataa gadi aanaa (qabxii baqinaa cabbii) fi qabxii ol'aanaa (qabxii danfina bishaanii) dirra galaanaa irraati.

I. Gulantaa Seelshiyesii

Gulantaan kun Astiroonoomarii biyya Iswiidinii Anderis seelishiyesii (1701-1744) jedhamuun tolfaam. Qabxii baqina cabbii zeeroo (0), qabxii danfina bishaanii immoo dhiibba (100) jedhee moggaase. Iddoo gidduu jiru bakka dhibbaatti quoduun gulantichi kun tolfaam. Tokkoon tokkoon quoddiin gulatnaa kanaa digirii (°) jedhama. Iddoo bu'een yuunitii gulantaa kanaa (°C) yoo ta'u digirii seelshiyesii jedhamee dubbisama. (Fakkii 6.3 ilaali)


Gaaffii Xiinxallii Barbaadu

Teempireecharri qaama namaa fayyaa qabu Seelshiyesii meeqa akka ta'e beektaa ?

II. Gulantaa Faaraanaayiti.

Gulantaan faaraanaayitii saayintistii biyya Jarman Daani'eel Faaraanaayit jedhamuun tolfaam. Qabxii baqina cabbiiif 32, qabxii danfina bishaaniif immoo 212 kenuun moggaaseera. Garaagarummaan qabxii danfina bishaanii fi qabxii baqina cabbii gidduu jiru 180 waan ta'eef gulantaa faaraanaayitii

iddoo qabxiilee danfina bishaanii fi baqina cabbii gidduu jiru bakka 180tti walqixa quoduun argama. Gulantaa faaraanaayitii keessatti yuunitiin teempireecharaa digirii faaraanaayitii ($^{\circ}\text{F}$) dha(Fakkii 6.3 ilaali).



Fakkii. 6.3 Termoomeetirota seelshiyessi fi faaranaayitii waldorgomsiisuu


Gulantaan teempireecharaa kun waa'ee haala qilleensaa gabaasuuf kan itti fayyadadamnu yoo ta'u yeroo baay'ee jirenya guyyaa guyyaa fi hojiwwan saayinsawaa laaboraatorii keesaattiif hin fayyadu.

III. Gulantaa Kelviinii

Gulantaan teempireecharaa haaraan gulantaa kelviinii jedhamu kun saayintistii beekamaa loord kelviin jedhamuun tolfaame. Qabxii baqina bishaaniif 273, qabxii danfina bishaaniif immoo 373 kenuun moggaaseera. Gulantaan kelviinii iddo qabxiilee lamaan giddutti argamu bakka 100tti walqixa quoduun argama. Gulantaan kun caalmaan hojii saayinsawaaf fayyada.

Gulantaa seelshiyessi keessatti teempireecharri qabxii cabbii 0°C irra xiqaat ta'e haala qabatamaan ni jira. Haalli qaamoleen itti qoraa adeeman daangaa kan qabu ta'u yaaliwwan agarsiisaniiru. Teempireechara -273°C yookiin 0k irrati anniisaan hoo'aa wanta tokko keessatti argamu hundumaa wanticha irraa maqfamuun suudoowwan wantichaa sochii dhaabanii dhaabbatu. Teempireechara baay'ee garmalee xiqaate kana **Zeeroo konkumaa** jennee waamna.

Yuunitiin waaltawaan teempireecharaa kelviinii dha. Iddoo bu'een isaas 'k' yoo ta'u mallattoo digrii of irraa hin qabu.



Fakkii. 6.4 Dubbisa Teermooomeetira gulantaalee adda addaa irraa

Teermooomeetira Dubbisuu

Teempireecharri naannoo keenyaa yemmuu dabalu, qabeen meerkuurii babal'achuun meerkuuriin ujummicha keessa jiru akka ol ka'u waan taasisuuf namni tokko gulanticha keessatti iddo meerkurichi qaqqabe dubbisuun teempireecharicha dubbisee beekuu ni danda'a. Akkasumas, haala kanaaf faallaa ta'een teempireecharri qilleensaa yemmuu gadi bu'u meerkuuriin ujummoo keessa jiru ni kontoonfata. Haalli kunis, meerkuuriin ujmmicha keessa jiru akka gadi bu'u taasisuun teempireecharri dubbisamee akka beekamu dandeessisa.

Gocha 6.5: Teempireechara Qaamolee Safaruu

Meeshaalee si barbaachisan: Bishaan teempireechara adda addaa irra jiru, teermooomeetira.

- Teempireechara bishaan qabduuwan bishaanii /containers/ adda addaa keessa jiru teermooomeetira fayyadamuun safari.
- Gatiilee teempireecharaa safaraman yuunitii sirrii ta'een ibsuun gabatee keessatti galmeessi.
- Teempireecharota qaamolee adda addaa safaraman kunniin walii madaaliiti isa kam labii, hoo'aa, baay'ee hoo'aa, qabbanaa'aa fi baay'ee dilallaan'aa akka ta'e addaan baasi.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 6.3

1. Gulantaaleen teempireecharaa beekamoo ta'an maal fa'i? qabxiilee dhaabbataa isaanii illee ibsi.
2. Qabxii dhaabbataa gadi aanaa fi qabxii dhaabbataa ol'aanaa jechuun maal jechuu akka ta'e ibsi.
3. Yuunitiin waaltawaa SI teempireecharaa maali?
4. Tokkoon tokkoon gulantaalee kunniin keessatti qabxiilee qoodaman meeqatu argamu?

6.4. Jijiirama Gulantaalee Teempireecharaa

Dubbisa teempireechara gulantaa tokko gara gulantaa biraatti jijiiruuf hariiroo isaan gidduu jiru fayyadamna. Reeshiyoon garaagarummaa qabxiilee danfina bishaanii fi cabbii gidduu jiranii fi reeshiyoon garaagarummaa qabxiilee hin beekamnee fi qabxiilee gadi aanaa gidduu jiru wajjin wal qixadha. Kunis hima herregaan akka armaan gaditti ibsama.

$$\frac{\text{Intervaali Seelshiyessi}}{\text{Intervaali Faaraanaayitii}} = \frac{T_c - \text{qabxii cabbii seelshiyessi}}{T_F - \text{qabxii cabbii Faaraanaayitii}}$$

$$\frac{100}{180} = \frac{T_c - 0}{T_F - 32}$$

- a) Gulantaa faaraanaayitii gara gulantaa seelshiyessiitti, akkasumas, seelshiyessi gara faaraanaayitii jijiiruuf foormulaawwan kanneen armaan gadii fayyadamna.


$$T_F = \frac{9}{5} T_c + 32$$

$$T_c = \frac{5}{9} (T_F - 32)$$

- b) Gulantaa seelshiyessi gara gulantaa kelviinitti, akkasumas gulantaa kelviinii gara seelshiyessiitti jijiiruuf immoo hariiroowwan kanneen armaang adii fayyadamna.

$$T_k = T_c + 273$$

$$T_c = T_k - 273$$



Fakkii. 6.5 Dubbisa Teermoometiraa gulantaalee adda addaa irraa

Fakkeenyota Shallagamoo

1. Teempireecharri mana keessaa 20°C dha. Teempireecharri kuni gulantaalee:

- a) Faaraanaayitiin
- b) Kelviiniin hamman ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$T_c = 20^{\circ}\text{C}$	a) $T_F = ?$	$\begin{aligned} a) T_F &= \frac{9}{5}T_c + 32 \\ &= \frac{9 \times 20}{5} + 32 \\ &= 9 \times 4 + 32 \\ &= 68^{\circ}\text{F} \end{aligned}$
	b) $T_k = ?$	$\begin{aligned} b) T_K &= T_c + 273 \\ &= 20 + 273 \\ &= 293\text{k} \end{aligned}$

2. Dubbisni teempireechara gulantaa faaraanaayitiin zeeroo yoo ta'e dubbisni kun gulantaa seelshiyesiin meeqa ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$T_F = 0$	a) $T_c = ?$	$\begin{aligned} a) T_c &= \frac{9}{5}(T_F - 32) \\ &= \frac{5(0 - 32)}{9} \\ &= \frac{5 \times -32}{9} \\ &= -17.8^{\circ}\text{C} \end{aligned}$

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 6.4

1. Hima herregaa hariiroo gulantaalee seelshiyesi fi faaraanaayitii gidduu jiru agarsiisu barreessi.
2. 56°C gara $^{\circ}\text{F}$ fi K jijiiri.
3. 210°F gara $^{\circ}\text{C}$ fi K jijiiri.

6.5. Maddoota Hoo'aa


Gocha 6.6

- i. Hoo'i maali?
- ii. Hoo'i maaliif nu barbaachisa?
- iii. Jireenya guyyaa guyyaa kee keessaa fakkeenyota maddoota hoo'aa muraasa eeri.
- iv. Garaagarummaan hoo'aa fi teempireecharaa maali?

Hoo'i Maali?

Hoo'i wanta kaaloorii jedhamee beekamu akka ta'eetti yaadamaa tureera. Namoonni qaamni hoo'e kaaloorii baay'ee of keessaa qaba jedhanii yaadaa turaniiru. Garuu, yaaliwwan wal faana adeemsifaman hoo'i jijjiirama annisaatiin akka maddu agarsiisaniiru. Kanaafuu, hoo'i akaakuu anniisaati jechuu dha. Namoonni durii nyaata isaanii qopheessuuf akkamitti hoo'a maddisiisaa akka turan beektaa? Gaaffii kana irratti hiriyyoota yookiin maatii kee wajjin mari'adhu.

Biyya keenya keessatti maddoonti hoo'aa qoraan, aduu, cilee, boba'aa dhangala'oo, elektirikii fi kkf dha. Maddoota hoo'aa qe'ee keessanitti argaman dabalataan eeruu ni dandeessa.



a) Aduu



b) Istoovii Elektirikii



c) Cilee

Fakkii 6.6 Maddoota hoo'aa muraasa

Maddi muummee hoo'aa aduu dha. Annisaan aduu jirenya lubbu qabeeyyiif baay'ee barbaachisaa dha. Biqiltoonni, bineeldonnii fi namoonni lafa irra jiraachuuf anniisa aduun fayyadamu.

Fakkii 6.6. maddoota anniisaa muraasa agarsiisa. Namoonni hoo'a dhimmoota maal fa'iif fayyadamu?

Teempireecharri safara hoo'ina yookiin qorrina wanta tokkoo yoo ta'u, hoo'i garuu, akaakuu anniisa qaama hoo'aa irraa gara qaama qabbanaa'atti daddarbuu dha.

Yuunitiin waaltawaa hoo'aa Juulii (J) dha.

Biyya keenya keessatti namoonni baay'een nyaata isaanii qopheessuuf qoraanii fi boba'aa keeroosiini akka madda hoo'aatti fayyadamu. Qoraanii fi keeroosiiniin maddoota hoo'aa hin haaroomsifamne waan ta'aniif ofeeggannooni fi quşannaan itti fayyadamuu qabna. Yookiin immoo maddoota haaroomsifaman kanneen akka anniisa soolaarii, anniisa bubbee fi anniisa bishaanii fa'a fayyadamuu qabna. Akka lammii gaarii tokkotti maddoota anniisaa ofeeggannoon fayyadamuu qabda akkasumas yaada kana namoota biroof yookiin maatii keetiif daddabarsuuf itti gaafatamummaa qabda.

Gaaffilee Mirkanoeffannoo 6.5

1. Jirenya guyyaa guyyaa kee keessaa maddoota hoo'aa muraasa tarreessi.
2. Kallattii yookiin karaa hoo'i ittiin daddarbu ibsi.

6.6. Taateewwan Hoo'isuu

Gocha 6.7

Kanneen armaan gadii irratti hiriyoota kee wajjin wal mari'adhaa.

- i) Qaama tokko yoo hoo'iste maal ta'a? Taateewwan kanneen tarreessi.
 - ii) Taateewwan kana gareewwan sadiiin addaan baasi.

Qaama tokko yemmuu hoo'isnu taateewwan garaagaraa uumamuu ni danda'u. Fakkeenyaaf teempireecharri isaa dabaluu,baquu, xabarraree diimachaa'uu, babal'achuu,qaruuraan cabuu fi kkf uumamuu danda'u. Taateewwan hoo'aa kunniin gareewan sadii kanneen armaan gadiitti ramadamu.

- a) Dabalata teempireecharaa b) Babal'achuu c) Jajjiirama faalkaa


a) Hoo'isuun Teempireecharri Akka Dabalu Taasisa

Gocha 6.8: Hoo'isuun teempireechara ol kaasa 6.8

Meeshaalee Barbaachisan: Qabduu bishaanii/biiharii/ , bishaan, madda hoo'aa, teermomeetiraafii
ijjataa sibiila /stand/.

Tartiiba Raawwii:

- i. Akkaataa fakkii 6.7 irratti agarsiifameetti meeshaalee walitti qindeessi.
 - ii. Ossoo hin hoo'isin dura teempireechara bishaanicha safarii galmeesi.
 - iii. Amma bishaanicha hoo'isiiti teempireechara isaa daqiqaa tokko tokkoon safarii
 - iv. Teempireechara safarame yeroo wajjin galmeessi.
 - Daataa yookiin ragaa galmaa'eef hiikkaa kenni.
 - Maal guduunfitee murteessita?



Fakkii 6.7: Bishaan hoo'isuu

Gabatee 6.1

t	Min	0	1	2	3	4
T	(°C)					

Hoo'i yemmuu dabalaa adeemu, anniisa sochiin suudoowwanii ni dabala. Kunis teempireecharri akka olka'u taasisa. Walamaagalatti qaamni tokko yemmuu hoo'a argatu teempireecharri isaa ni dabala.

b) Hoo'isuun Babal'ina Uuma

Hoo'isuun anniisa sochii molokiyuulotaa akka dabalu waan taasisuuf molokiyuulonni saffisaan sochoo'uun gargar bittinnaa'anii wal irraa faggaatu. Kunis, hammi qaamichaa akka dabalu taasisa.

Babal'achuun dabalina hamma qaamaati. Gaasonni, dhangala'oonii fi jajjaboon yemmuu hoo'an ni babal'atu, akkasumas yemmuu qorran ni kottoonfatu. Taatee Hoo'isuu hamma qaama jijjaboo irratti mul'atu hubachuuf gocha kan armaan gadii raawwadhu.




Fakkii 6.8. Babal'achuu jajjaboo

Gocha 6.9 Yaalii (Kubbaa - hamartii)


Meeshaalee Barbaachisan: Kubbaa sibiilaan qabannaa qabu, hamartii(qubeellaa) sibiilaan qabannaa qabuu fi madda hoo'aa.

Tartiiba Raawwii:

- Teempireechara daree manaatiin kubbichi hamartii keessa darbuu ni danda'a. (Fakkii 6.8 a ilaali).
- Kubbaa qofa Hoo'isiiti hamartii keessa dabarsuuf yaali. (Fakkii 6.8b ilaali).
- Kubbichaa fi hamartii kophaa kophattii Hoo'isiiti kubbicha hamartii keessa dabarsuuf yaali (Fakkii 6.8c ilaali).
 - Yaalii kana irraa maal hubatte?
 - Kubbichi erga Hoo'ifameen booda hamarti keessa maaliif darbuu dide?
 - Kubbaan hoo'e hamartii sibiilaan hoo'e keessatti maaliif darbuu danda'e?



Fakkii 6.9 Bishaan ujummoor keessa jiru yemmuu hoo'u ni babal'ata



Fakkii 6.10 Qilleensi ni babal'ata

Fakkii 6.9 fi fakkii 6.10 walduraa duubaan babal'achuu dhangala'oo bishaanii fi qilleensaa filaaskii keessaa agarsiisu.

c) Hoo'i Jijiirama Faalkaa Uuma

Gocha 6.10

Gaaffii:

- i. Faalkaalee sadan maatarii maali?
- ii. Faalkaleen sadan bishaanii maal fa'a jedhamu?

Wantoonni baay'een faalakaalee sadiin jiraatu. Isaanis jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii dha. Jajjaboo keessatti suudoowwan baay'ee walitti dhihaachuun fageenya walqixa ta'e wal irraa fagaatanii argamu. Suudoowwan dhangala'oo keessatti argaman akka suudoowwan jajjaboo walitti dhihaatanii hin jirani, fageenyi isaan gidduu jiru illee wal qixa yookiin dhaabbataa miti. Gaasota yookiin hurkaa keessatti fageenyi giddugaleessaa suudota gidduu jiru kanneen biroo wajjin wal bira qabnee yemmuu ilaallu guddaa dha.

Bishaan dhangala'oo lafa irratti baay'inaan argamu yoo ta'u, akka jajjabootti dhangala'oottii fi gaasitti jiraachuun ni danda'a.

- Bishaan jajjaboo (cabbii) 0°C irraa gadi
- Bishaan dhangala'oo (Bishaan) gidduu $0^{\circ}\text{C} - 100^{\circ}\text{C}$
- Bishaan gaasii (Hurka) 100°C fi ol

Jijiiramni bishaan jajjaboo (cabbii) gara bishaan dhangala'oottii fi jijiiramni bishaan dhangala'oo gara hurkaatti taasifamu jijiirama faalkaa jedhama.

Baqqu: jajjaboo → dhangala'oo

Danfuu: dhangala'oo → gaasii (hurka)

Gaaffilee Xiinxallii Barbaadan

1. **Lilmoo waraanamuuf harki kee alkohooliin yemmuu qulqulla'u taatee qorri akka sitti dhaga'amu hubattee beektaa?**
2. **Qaan ni keenya hoo'a hin barbaachifne haala akkamiin akka of irraa maqsu beektaa?**

Baqqu

Jajjaboon haala ga'aa ta'een yemmuu hoo'u faalkaa isaa gara dhangala'oottii jijiira. Adeemsi jijiirama faalkaa jajjaboo irraa gara dhangala'oottii taasifamu **baqina** jedhama.

Qabxii teempireechara murtaa'e jajjaboon gara dhangala'oottii baqqu ittiin jalqabu **qabxii baqinaa** jajjabichaa jedhama. Jajjaboowwan garaagaraa qabxii baqinaa garaagaraa qabu. Fakkeenyaaaf bishaan jajjaboo (cabbii) 0°C irratti gara bishaan dhangala'oottii jijiirama, akkasumas, ayiranii jajjaboon 1536°C irratti gara dhangala'oottii jijiirama.

Danfuu

Bishaan yemmuu hoo'u jalaqaba qoffeewan hurkaa bishaanicha keessatti uumamu. Bishaanichi haala itti fufiinsa qabuun yemmuu hoo'u teempireecharri isaa dabalaan adeemuun molokiyuulonni isaa addaan bahuun wal irraa fagaachuun sochoo'u. Adeemsi dhangala'oon gara gaasitti ittiin jijiiramu **danfina** jedhama. Qabxiin teempireecharaa dhangala'oon itti danfu **qabxii danfinaa** dhangala'ichaa jedhama. Fakkeenyaaaf, bishaan 100°C irratti kan danfu yoo ta'u, meerkuuriin immoo 357°C irratti danfa.

Hurkaa'uu

Hurkaa'uun adeemsa dhangala'oon dirra dhangala'ichaatti teempireechara kamiyyuu irratti gara hurkaatti ittiin jijiiramu dha. Yeroo hoo'u molokiyuulonni dirra dhangala'ichaatti dhihaatan gara qilleensaatti miliqu, garuu molokiyuulonni hundumtuu anniisa ga'aa isaan miliqeessu hin qabani.

Fakkeenyaaaf, bishaan lagaa yookiin garbaa fi huccuu jiidhaa yemmuu aduun hoo'an ni hurkaa'u. Wantoota hurkaa'u saffisan irratti gareen wal mari'adhaa(Fakkii 6.11 ilaali).

Hurkaa'uun sababoota armaan gadiitiin saffisamuu danda'a:

- Qaamichi madda hoo'aaf yemmuu saaxilamu.
- Qaamichi bubbeef yemmuu saaxilamu.
- Qaamichi bal'insa dirraa bal'aa ta'e yoo qabaate.

Fakkeenyaaaf, bishaan guyyaa aduu fi bubbeen jiru, keessa jiru akkasumas bal'ina dirraa bal'ate yemmuu qabaatu saffisaan hurkaa'a. Karaa faallaa ta'een immoo guyyaa bokkaan jiru qilleensa hin sochoone keessattii fi bal'inni dirraa xiqaate yemmuu qabaatu suuta hurkaa'a. Molokiyuulonni yemmuu hurkaa'ani anniisa dhangala'ichaa fudhatanii waan adeemanifiif dirri isaa qabbanaa'aa adeema. Kanaafuu hurkaa'uun taatee qoraa qaba.

Gabatee 6.2: Garaagarummaa danfinaa fi hurkaa'uun gidduu jiru

Danfina	Hurkaa'uu
Qabxii danfinaatti uumama	Teempireechara kamiyyuu irratti uumama
Qaama dhangala'ichaa hundumaa keessatti uumama	Dirra qaamichaa qofa irratti uumama
Taatee qoraa hin qabu	Qaamicha irratti taatee qoraa qaba
Bubbee fi bal'ina dirraa irratti hin hundaa'u	bubbee , hoo'aa fi bal'ina dirraa irratti hundaa'a



Fakkii 6.11 Hurkaa'uun qaamolee adda addaa keessastti

Gocha 6.11

Taatee qorraa hurkaa'uu hubachuuf:

- i. Quba kee alkoolii keessa naqiti battalumatti baasuun qilleensaaf yemmuu saaxiltu maaltu sitti dhaga'ama? Maal mireeffatta?
- ii. Alkooliin quba kee gubbaa turee fi qubni kee maal akka ta'an ibsi.

Taateen qorraa hurkaa'uu faayidaalee muraasa qaba. Fakkeenyaaf, refirejireetaroonni, qorriistonni fi sirni maashinii qilleensa qorriisu baay'inaan adeemsa hurkaa'uu qorriisu. Akkasumas, hurkaa'uu marsaa bishaanii keessatti dirra lafaa irratti rooba uumuuf fayyada.

Gocha 6.12

Qabxii boqina cabbii fi qabxii danfina bishaanii safaruuf,

- Teempireechara cabbii jajjaboo safari, akkasumas cabbii baqee bishaan ta'e hamma hurkaa'utti danfisiiti teempireechara isaa safaruun qabxii danfina bishaanii galmeessi. Garaagarummaan hurkaa'uu fi danfuu gidduutti hubatte maali? Qabxii danfina bishaanii irraa maal hubatte ? Naannoo keetti 100°C irratti danfee jira ?

Gaaffilee Mirkanoeffanno 6.6

1. Taateewan muummee hoo'isuu sadan ibsi.
2. Garaagarummaa 'hurkaa'uu' fi 'danfuu' gidduu jiru ibsi.
3. Sababonni saffisa hurkaa'uu daangeessan maal fa'i?

Cuunfaa Barnoota Boqonnichaa

- Teempireecharri safara hoo'ina yookiin qorrina qaama tokkooti, yookiin immoo safara anniisa sochii giddugaleessaa molokiyuulota qaama tokkooti.
- Meeshaan teempireechara qaama tokkoo safaruuf fayyadu teermoomeetira jedhama.
- Teermoomeetirri tokko gulantaalee sadan kanneen asii gaitti kennaman keessaa tokko fayyadamuun teempireechara qaama tokkoo safari. Isaanis, gulantaa seelishiyesii ($^{\circ}\text{C}$), gulantaa faaraanaayitii ($^{\circ}\text{F}$) gulantaa keeliviinii (K) dha.
- Foormulaawwan kanneen armaan gadii teempireechara gulantaa tokko gara gulantaa biraatti jijiiruuf fayyadu.

$$T_c = \frac{5}{9}(T_F - 32)$$

$$T_F = \frac{9}{5}T_c + 32$$

$$T_K = T_c + 273$$

- Hoo'i akkakuu anniisaati. Hoo'a aduu irra, nyaata nyaannu irra, anniisa elektirikii irra, boba'aa keeroosiinii fi qoraan irraa arganna.
- Taateewwan muraasaa qaama tokko hoo'isuun uumaman babal'iachu, dabala teempireecharaa fi jijiirama faalakaati.
- Gaasonni dhangala'oo fi jajjaboo irraa baay'ee saffisuun babal'atu.
- Dhangala'oonis jajjaboo irraa baay'ee saffisanii babala'tu.
- Jijiiramni jajjaboo irraa gara dhangala'ooti taasifamu baqina jedhama. Jajjiiramni dhangala'oo irraa gara hurkaatti taasifamu immoo danfina jedhama.
- Saffisni hurkaa'uun hamma hoo'aa, bal'ina dirraa dhangala'ichaa fi bubbee naannoo dirrichaa irratti hundaa'a.

Gilgaala 6

I. Kanneen Armaan Gadii Keessaa Sirrii Kan Ta'an 'Dhugaa' Kan Hin Taane Immoo Soba Jechuun Deebisi.

1. Qilleensi yemmuu hoo'u ni babal'ata.
2. Hoo'aa fi teempireecharri tokkuma dha.
3. Anniisni elektirikii akka madda hoo'aatti ni tajaajila.
4. Rigatni hoo'a maddisiisa.
5. Wantoonni baay'een yemmuu qorran ni babala'tu.
6. Hoo'i sochii molokiyuulotaa ni saffasiisa.

II. Jechoota A Jalatti Tarreeffaman Himoota B Jalatti Tarreeffaman Wajjin Walitti Firoomsi

A

1. Babal'achuu
2. Teempireechara
3. Gulantaa seenti gireedii
4. Kottoonfachuu
5. Teermoomeetira
6. Boba'aawwan
7. Aduu
8. Danfuu
9. Hurkaa'uu

B

- a) Safara Hoo'ina yookiin qorrinaa
- b) Qabxiilee 100 qabxiilee cabbaa'uu fi danfinaa gidduu
- c) Hammaan xiqlaachuu
- d) Hammaan dabaluu
- e) Wanta hoo'a burqisiisu
- f) Meeshaa teempireechara safari
- g) Wanta anniisa madanaa burqisiisu
- h) Adeemsa qabbanaa'uu
- i) Qaama dhangala'ichaa hunda keessatti raawwata.

III. Gaaffilee kanneen Armaan Gadiitiif Deebii Gabaabaa Kenni.

1. Teempireechara safaruuf meeshaa akkamii fayyadamta?
2. Qabxiileen baqina cabbii fi danfina bishaaniin maali?
3. Qaamni tokko yemmuu hoo'u maal ta'a?
4. Gulantaalee sadan beekamoo teempireecharaa ibsi.
5. Garaagarummaan danfuu fi baquu gidduu jiru maali?
6. Babal'achuu jechuun maal jechuu dha?
7. Garaagarummaan danfuu fi hurkaa'uu gidduu jiru maali?
8. Sababooni sadan saffisa hurkaa'uu daangeessan maal fa'i?

IV. Iddoowwan Duwwaa Ta'anitti Jechoota Sirrii Ta'an Guuti.

1. Wantoonni baay'een teempireecharri isaanii yemmuu dabalu ni _____ teempireecharri isaanii yemmuu hir'atu (qorran) immoo ni kottoonfatu.
2. _____ n safara anniisa giddugaleessa suudoowwan wantichaati.
3. Yuunitiin waaltawaan teempireecharaa _____ dha.
4. Yuunitiin waaltawaan hoo'aa _____ dha.
5. Hoo'insaa fi qorrinni qaama tokkoo _____ n safarama.
6. _____ n dirra wata tokko irraa jijiirama dhangala'oo irraa gara hurkaatti taasifamuu dha.

V. Piroobleemota Kanneen Armaan Gadii Shallagi

1. Dubbisni teempireecharaa gulantaa seelishiyesii 50°C ta'e, gulantaa kelviiniin hammam ta'a?
2. Teempireecharri wanti tokkoo 40°C yoo ta'e teempreecharri kum gulantaa faaraanayitiin meeqa ta'a?
3. Dubbisni teempireecharaa 310k gulantaa faaraanayitiin yemmuu ibsamu meeqa ta'a?

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa: *Barnoota boqonnaa Kanaa erga xumurteen booda:*

- ✓ Yaadrimeewwan sagalee wajjin walqabatan hubachuu;
- ✓ Ogummaa piroobleemota sagalee wajjin walqabatan furuu dagaagsuu;
- ✓ Wantoonni hundumtuu walitti dhufeenya yookiin hariiroo kan qaban ta'uu sirriitti hubachuu fi
- ✓ Beekumsa yaad-rimeewwan ijoo Fiiziksii dagaagsuuf karaalee fi filannoowaan adda addaan fayyadamuu ni dandeessa.

Seensa

Ta'iwwan beekamoo jirenya guyyaa guyyaa keenya keessatti uumaman keessaa tokko sagalee dha. Guyyaa tokko keessatti sagaleewan akaakuu adda addaa qaban dhaga'uu dandeessa; fakkeenyaaf, sagalee konkolaattotaa, sareewan yemmuu dutan, ijooleen yemmuu iyyaa taphatan, barsiisaan yemmuu haasa'aa barsiisu fi sirba dhaga'uu ni dandeessa. Sagaleewan ibsaman kуниин gurra keenyaaf miira kenuun maddoota isaanii fi dhaamsa daddabarsan akka hubannu nu taasisu.

Boqonnaa kana keessatti maalummaa sagalee, maddisiisamuu fi daddarbuu sagalee, saffisa sagalee yaa'a garaagaraa keessatti, balaqqeessa'uug sagalee (goha) fi faayidaa goha sagalee ni baratta.

7.1 Hiikkaa Sagalee

Gocha 7.1

- i. Maddoota sagalee muraasaa kenni
- ii. Sagalee dhagahuuf qaama isa kam fayyadamta?
- iii. Sagalee jechuun maal jechuu akka ta'e jechoota ofii kee fayyadamuun ibsi.
- iv. Sagalee dhimmoota maal fa'iif fayyadamta?


‘Gitaarii’ yookiin ‘kiraarii’ takkaa taphattee beektaa?

Tokkoon tokkoo foo’aa yemmuu rukuttu hollachuun sagalee muuziqaa si dhageessisa.

Tiyuniingi foorkiin wanta tokkoon yemmuu rukutamu piroongiwwan /prongs/ isaa ni hollatu (gara duraa fi duubatti sochoo’u).

Hollannaawwan kunniin tiyuniingi foorkicha irraa ka’uun yaa’aa maateriyaalaa (qilleensa) keessatti dambalii sagalee uumuun yaa’u. (Fakkii 7.1 ilaali). Sagaleen akaakuu dambalii anniisa daddabarsuu dha.

Gurri kee karaa sagaleen itti daddarbaa jirutti yoo jiraate sagalee sana ni dhageessa.



Hollanna tiyuniingi foorkii

Fakkii 7.1 Sagaleen gurra namaan yoo dhaga’amu

Sagaleen anniisa baata, garuu yemmuu sochoo’u anniisa isaa gadhiisa. Kanaafuu, sagaleen adaduma fagaatee adeemuun anniisa isaa dhabaa yookiin gataa waan deemuuf dhaga’amuun isaas du’aa deema.

Gurroonni keenya uumamaan sagalee qilleensa keessatti daddarbu dhagahuu akka danda’anitti mijaa’anii uumaman.

Sagaleen akaakuu anniisaati. Hollanna wantootaa itti fufiinsa qabu irraa madda.

Tokkoon tokkoon maddoonni sagalee haala hollanna irra jiru.

Sagaleewan kanneen biroo gurri namaan dhagahuu hin dandeenye, garuu bineeldonni biroo dhagahuu danda’an illee ni jiru.

Gaaffilee Mirkaneeffanno 7.1

1. Sagaleen maali?
2. Sagaleen akkamitti gurra namaan gahuu danda’a?

7.2. Uumamaa Fi Daddarbuu Sagalee

Gocha 7.2: Hojii Garee

- i. Meeshaalee garaagaraa naannoo keetti argaman kanneen akka sarartuu, tiyuniing foorkii fi kkf qopheessuun sagalee uumi.
- ii. Meeshichi akkamitti sagalee akka uume ibsi.
- iii. Sagaleewwan akkamitti gurra kee akka dhaqqaban ibsi.

Sarartuun akkamitti sagalee akka uumu haa ilaallu. Sarartuu tokko fuudhiiti fiixee isaa tokko qarqara miinjaalaa irratti sirriitti jabeessii qabi. Fiixeen sarartuu isa lammaffaa akkaataa fakkii 7.2 irratti agarsiifameen qilleensa keessatti dalga diriiree jira.

Sarartichi yemmuu rukutamu fiixee isa walabaan qilleensa keessatti diriire olii fi gadi hollata. Fiixeen walabaan olii fi gadi hollatu kun sagalee uuma. Kanaafuu, sagaleen wantoota hollatan irraa madda.



Fakkii 7.2 Sarartuu hollachaa jiru

Gocha 7.3


- i. Laastikii dheeraa tokko muri. Fiixee isa tokko kan laastikichaa ilkaan keetiin fiixee isa lammaffaa immoo harka keetiin qabiiti diriirsuun akka dhifamu godhi.
- ii. Handhuura yookiin walakkeessa laastikichaa harka keetiin qabiiti dalga harkisuun takkattuu gadhiisi. Yeroo muraasaaf irra daddeebi'i. Laastikichi yemmuu hollatu argitee? Sagalee ni dhageessisaa?

Gochi kun meeshaalee muuziqaa foo'aan dalagan garaagaraa kanneen akka giitaara, maasinqoo fi kiraara tolchuutti si qajeelcha. Qaama meeshaalee asii olitti eeraman isa kamtu hollachuun sagalee maddisiisa?

Gocha 7.4 Hojii dhuunfaa

Dabtara kee irratti meeshaalee maddoota sagalee fi qaamolee isaanii hollachuun sagalee dhageessisan akkuma gabatee armaan gadii irratti agarsiifameen galmeessi.

Maddoota Sagalee	Qaamolee Hollatan
1. Dibbee	1. _____
2. Gitaara	2. _____
3. Kiraara	3. _____
4. Maasinqoo	4. _____
5. Ulullee	5. _____



Fakkii 7.3 Hollannaa tiyuniing foorkii

Gocha 7.5

- Kubbaa teeniisii foo'aan hidhiiti hojjaa murtaa'e irratti rarraasi. Kubbicha tiyuniingi foorkiin tuqi. Maal hubatte?
- Tiyuniingi foorkii burruusaan yookiin fiikee miinjaalaan rukutiiti takkattuu tiyuniing foorkichaan kubbaa tuqi. Maal habatte?
- Kuni maal agarsiisa?

Kubbicha tiyuniingi foorkii hollachaa hin jirreen yoo tuqne wanti uumamu hin jiru. Tiyuniingi foorkichaan burruusaan rukuttee piroongiin akka hollatu goochuun kubbicha yemmuu tuqxu garuu kubbichi utaalee yemmuu socho'u argita. Kunis annisaan piroongii irraa gara kubbichaati yoo daddarbuu fi kubbichi yemmuu hollatu agariisa.

Sagaleen ati dhageessu hundi wantoota hollataniin maddisiifama. Qilleensi wantoota hollatan biratti argamu kallattii hundaanuu akka sochoo'u ta'ee sagaleen uumames anniisa baachuun kallattii hundaan daddarbuun gurra keenya qaqqaba. Sagaleen bilbilaa mana barumsa kee naannoo bilbilaatti bakka kamittuu kallattii hundaan dhaga'ama. Kanaafuu, sagaleen kallattiiwan hundaan daddarba.

Gaaffilee Xiinxallii Barbaadan

- Wantoonni sadan uumama sagaleef barbaachisan maal fa'i ?
- Maddoota sagalee muraasaa barreessi.
- Hollannaa jechuun maal jechuu akka ta'e ibsi.

Daddarbuu Sagalee**Gocha 7.6**


Daddarbuu sagalee jajjaboo keessatti agarsiisuuf barattootni lama gama fiikee lamaan miinjaalaatti taa'aniin raawwatamuun ni danda'a.

Tartiiba 1: Ati gama fiikee tokkoo miinjaalicha irratti gurra kee gadi qadaaduun barataa gama fiikee biraatti taa'e miinjaalicha harka isatiin kotootu dhageessee jirta moo hin dhageeny'e ?

Tartiiba 2: Amma immoo barataan/tuun taa'ee ture gurra isaa miinjaalicha irratti yemmuu kaa'u ati immoo miinjaalicha harka keetiin kotooti. Barataan gurra isaa miinjaalicha irratti kaa'e maal akka dhagahe gaafadhu. Garaagarummaan *tartiiboota* lamaan asii olii gidduu jiru maal akka ta'e ibsuu ni dnadeessaa? Gocha kana irraa ka'uun maal guduunfita?



a)




b)

Fakkii 7.4 Sagaleen jajjaboo keessa ni daddarba


Sagaleen daddarbuuf yaa'a maateriyaalaa barbaada. Daree mana barumsaa kee keessatti yemmuu teessee barattu bilbilli yoo bilbilamu yookiin ambulaansiin yoo iyyu, akkasumas ijoollen yemmuu iyyan dhagahuu dandeesa. Sagaleewan kanneen dhagahuu akka dandeessu kan si taasise maali? Sagaleewan kunniin akkamitti daddarbanii gura kee qaqqaban. Maateriyaalli sagaleen keessa daddarbuun gurra kee ittiin dhaqqabu yaa'a jedhama. Fakkiiwan 7.4 fi 7.5 sagaleen wantoota jajjaboo fi dhangala'oo ta'an keessatti kan daddarbu ta'uun agarsiisu.

Maateriyaalonni hundumtuu sagalee daddabarsu. Garuu haalli ittiin daddabarsan tokkoo miti. Jajjaboon digirii dhangala'oo fi gaasota irra caaluun sagalee of keessa daddabarsu. Maaliif akka ta'e beektaa?

Sagaleen daddarbuuf yaa'a maateriyaalaa kan barbaadu yoo ta'u, garuu bakka duwwaa /vaakiuumii/ keessatti hin daddarbu. Haqni kun fakkii 7.6 irratti agarsiifameera. Qilleensi yemmuu bahaa adeemu sagaleen bilbila elektirkii irraa maddu du'aa deema.



Fakkii 7.5 Sagaleen dhangala'oo keessa ni daddarba



Fakkii 7.6 Sagaleen vaakiuumii keessa daddarbuu hin danda'u

Kunis kan ta'uu danda'u yaa'a maateriyaalaa sagalee daddabarsu waan hin jirreefi. Amma immoo qilleensi gara jaarii bilbilaatti deebi'ee akka seenu yoo taasifame sagaleen bilbila jaaricha keessatti bilbilamaa jiru ni dhagahama.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 7.2

- Sagaleen akkamitti akka maddu ibsi.
- Faayidaan yaa'a mateeriyaalaa sagalee daddabarsuuf qabu maal akka ta'e ibsi.

7.3. Saffisa Sagalee Yaa'a Adda Adda Keessatti

Saffisa Sagalee Qilleensa Keessatti

Yemmuu bakakkaan uumamu sagalee isaa osoo hin dhaga'iniin dura ifaa burqisiise argita. Kunis saffisni sagalee saffisa ifaa irraa baay'ee kan xiqaatu ta'uu agarsiisa.

Gocha 7.7

- Sagalee qulqullina qabu yoom dhageenya? Halkanii moo guyaa dha?
- To'attuu sagalee /volume/ raadiyoo fi Televiziini guyaa fi galgala oduu fi muuziqaa yoo dhageessu akkamitti mijessita? Yeroo irratti hundooftee jijirtaa?

Saffisni sagalee qilleensa keessatti 0°C irratti 331m/s dha. Saffisni kun tokkoon tokkoo dabalata teempireecharaa digirii seelishiyesii tokkoof 0.6m/s dabala. Saffisni sagalee qilleensa keessatti teempireechara kamiifuu (V_T) foormulaa armaan gadii fayyadmuun shallagamuu danda'a.

$$v_T = v_o + \frac{0.6}{^{\circ}\text{C}} T$$

v_o : Saffisa sagalee 0°C irratti = 331m/s

T : Jijiirama teempireechara $^{\circ}\text{C}$
kenname.

Saffisni sagalee dhangala'oo fi jajjaboo keessatti jijiirama teempireecharaa wajjin haala hubannoo keessa galuun hin jijiiramu. Garuu, caasaa suudoowwanii qaamicha keessa jiran irratti hundaa'a.

Garaagarummaan saffisa sagalee wantoota adda addaa keessatti jiru caasaa molokiyuulota wantichaa hubachuun ibsamuu danda'a. Barnoota keemistirii keessatti barachaa jirtu irraa molokiyuulonni maal akka ta'anii fi caasaan faalkaalee adda addaa keessatti qaban maal akka fakkaatu yaadachuuf yaali.

Daddarbuun sagalee wantoota adda addaa keessatti taasifamu caasaa suudoowwan wanticha keessatti argaman irratti hundaa'a.

Suudoowwan jajjaboo keessatti jiran waan walitti dhihaataniif sagalee haala salphaa ta'een walitti bu'insa suudoowwan itti aanan wajjin godhamuun saffisanii daddabarsu.

Garuu dhangala'oo fi gaasii keessatti suudoowwan baay'ee addaan faffagaatanii waan argamaniif walitti bu'insi gidduu isaanitti uumamu baay'ee xiqqa dha. Kanaafuu, sagalee saffisa jajjaboo keessa ittiin daddarbu irra xiqqa ta'een daddabarsu.

Haala wal fakkaatuun sagaleen gaasota keessatti saffisa dhangala'oo keessatti ittiin daddarbu irra xiqqaateen daddarba. Kanaafuu, saffisni sagalee dhangala'oo keessaa saffisa sagalee jajjaboo keesa irra xiqqa dha. Akkasumas, saffisni sagalee gaasii keessaa, saffisa sagalee dhangala'oo keessaa irraa xiqqa dha. Fakkeenyaaaf, saffisni sagalee kan bishaan keessaa kan saffisa sagalee qilleensa keessaa ni caala, akkasumas saffisni sagaleen hadiida keessa qabu saffisa bishaan keessa qabu irra ni caala. Saffisni sagaleen wantoota adda addaa keessatti ittiin daddarbu gabatee 7.1 irratti kennameera.

Gabatee 7.1: Saffisa sagalee wantoota adda addaa keessatti 0°C irratti:

Faalkaa	Maateeriyaala	Saffisa (m/s) 0°C irratti
Gaasii	Qilleensa Oksijiinii	331 316
Dhangala'oo	Bishaan (Qulqulluu) Etaanoolii Bishaan Galaanaa Meerkuurii	1410 1150 1450 1438
jajjaboo	Koopparii Fullee Hadiida Liidii	4998 5628 5948 1948

Gocha 7.8: Gaaffilee gabatee 7.1 fayyadamuun deebisi

- Maateriyaalota akkamii keessatti sagaleen saffisa guddaa ta'een daddarba?
- Maateriyaalota akkamii keessatti sagaleen saffisa xiqqa ta'een sochoo'a?
- Saffisa sagalee jajjaboo fi dhangala'oo keessaa wal dorgomsiisi.

Fakkeenyota Shallagamoo 7.1

Saffisni sagalee qilleensa keessatti 25°C irratti hammami? ($v_o = 331\text{m/s}$ fayyadami)

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$v_o = 331\text{m/s}$	v	$v = v_o + \frac{0.6\text{ m/s} \times 25^\circ C}{1^\circ C}$ $= 331\text{m/s} + 0.6\text{m/s} \times 25$ $= 331\text{m/s} + 15\text{m/s}$ $\therefore v = 346\text{m/s}$

Kanaafuu, saffisni sagalee 25°C irratti 346m/s dha.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 7.3

1. Saffisa sagalee qilleensa keessatti akkamitti murteessuun akka danda'amu addeessi.
2. Sababonni saffisa sagalee qilleensa keessaa daangeessan maal fa'i?


7.4 Balaqqeessa'uu Sagalee (Goha)

Gocha 7.9

Gaaffilee kanneen armaan gadii hiriyyoota kee wajjin irratti wal mari'achuun deebisaa .

- i. Galma guddaa fi duwwaa ta'e keessatti kophaa kee sagalee ol kaastee yoo iyyite maal dhageessa?
- ii. Sagalee addatti dhagahamu kana maal jette wamta?

Kubbaa gara keenyanitti yoo darbite kubbattiin keenyan rukkuttee deebi'uun gara kee dhufti. Gocha kana balaqqeessa'uu kubbaa jennee waamna. Galma duwwaa keessatti yemmuu iyyitus waan wal fakkaatuutu uumama. Sagaleen kee keenyan galmichaa ruktuun gara gurraa kee deebi'ee dhufa. Gocha kana balaqqeessa'uu sagalee jenne waamna. Sagalee dirroota jajjaboo irraa balaqqeessa'u '**goha**' jennee waamna.



Fakkii 7.7 Balaqqeessa'uu Sagalee

Sagaleen daangaa yaa'aa yookiin gufuu tokko wajjiin yemmuu wal qunamuu hammi murtaa'e xuuxamee kan hafu yoo ta'u, hammi murtaa'e immoo ni balaqqeeffama. Balaqqeessamni daangaa irraa taasifamu kunis goha jedhama.

Wantoonni jajjaboo kanneen akka keenyan, dhagaalee, sibiilota, muka, gamoowwanii fi kkf dirri isaanii jabaa fi lassanamaa waan ta'eef balaqqeessistota sagalee gaarii dha. Karaa biraatiin wantootni lallaafaa

ta'an kanneen akka huccuu suufii, uffata adda adda fi kkf anniisa sagalee gama isaanitti dhufu xuuxanii hambisu.

Gamoo guddaa yookiin gaara irra fageenya murtaa'e fagaachuun yoo iyyite yookiin sagalee kee fi sagalee balaqqeffame addatti wal faana dhaga'uu dandeessa. Gochi kunis kan dhugoomuu danda'u sagalee balaqqeessame (gohni) sagalee ati maddisiiste irra 0.15 turee yoo si bira dhufe qofa dha. Kana jechuun gurri namma sagaleewwan lama addaan baasuu kan danda'u sekondii (0.1)n addaan bahanii yoo dhufanii dha.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 7.4

1. Gohaan maali? Akkamitti akka uumamu ibsi.
2. Kanneen armaan gadiitiif fakkeenyota yoo xiqqaate sadii sadii kenni.
 - a) Balaqqeessistota sagalee
 - b) Wantoota sagalee xuuxanii hambisan.

7.5. Faayidaa Gohaa Sagalee

Gocha 7.10 Mala Gohaa Fayyadamuun Saffisa Sagalee Safaruu

- i. Gareen gurmaa'uun gara dirree mukni guddaan yookiin gaarri argamutti deemaa.
- ii. Fuuldura muka guddaatti yookiin gaaraatti dhaabbadhuuti harka rukuti yookiin immoo sagalee kee ol kaasuun iyyi.
- iii. Goha sagalee kee dhageessee jirtaa? Hamma dhaga'uu dandeessutti fuulduraa fi gara duubatti sochoo'i.
- iv. Sa'atii takkattuu dhaabbatu fayyadamuun yeroo sagaleen ati uumte si bira ka'ee balaqqeessamee gara keetti dhufuuf irraa fudhate akka safaru hiriyaa kee gaafadhu.
- v. Fageenya bakka ati itti dhaabbathee kaasee hanga bakka mukichi yookiin gaarri itti argamu safariiti galmeessi.
- vi. Foormulaa $v = \frac{s}{t}$ fayyadamuun saffisa sagalee guyyaa (teempireechara) sanaa shallagi.

Gocha asii olii irraa fageenya isa xiqaat hamma dirra balaqqeessatti argamuu fi saffisa sagalee shallaguun ni danda'ama. Kunis fageenyi sagaleen adeeme ida'ama fageenya madda sagalee irraa hamma dirra sagalee balaqqeessaa fi fageenya irra deebii dirra balaqqeesse irraa hamma madda sagalee waan ta'eef:

$2s = vt$ ta'a. Saffisa sagalee qilleensa teempireechara 15°C ta'e irratti 340m/s yoo fudhanne

$$\Rightarrow S = \frac{Vt}{2} = \frac{340\text{m/s}}{2} \times 0.1\text{sec} = \underline{\underline{17\text{m}}}$$

Kanaafuu, fageenyi isa xiqaat uumama gohaaf barbaachisu 17m dha. Saffisni sagalee teempireechara murtaa'e sanaaf 340m/s yoo ta'e fageenya 17m irra xiqaateef gohaan uumamu hin danda'u.

Sagaleen kallattii habalakeeffameen dirra balaqqeessu yoo dhaqqabe caalmaan akkuma jirutti balaqqeef fama.

Istetoskooppiin dooktaronni meedikaalaa tirrisa onnee fi sochii sombaa dhagahuuf itti fayyadaman haqa kanaan dalaga. Kunis faayidaa uumama gohaa ogummaa yaalaa keessatti hojii irra oolaa jiruu dha.

Fakkeenya

Gohaan gaara 664m fagaatu irraa sekondii 4 booda yoo dhagahame saffisni sagalee qilleensa teempireechara sanatti meeqa dha?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$s = 664\text{m}$ (fageenya madda sagalee irraa hamma gaarichaa)	$V = ?$	$Saffisa sagalee = \frac{\text{Fageenya dim shaashaa}}{\text{Yeroo dim shaashaa}}$
$t = 4\text{s}$ (yeroo dimshaashaa sagaleen madda isaa irraa ka'ee gara madda isaatti deebi'uuf itti fudhate.		$v = \frac{2s}{t} = \frac{2 \times 664\text{m}}{4\text{s}} = \underline{\underline{332\text{m/s}}}$

Fakkeenyi asii olitti kennamae faayidaan gohaa saffisa sagalee qilleensa keessatti qabu barbaaduu qabu agarsiisa.

Karaa biraatiin saffisa sagalee qilleensa keessatti tempireechara murtaa'e irratti qabuu fi yeroo sagaleen madda isaa irraa ka'uun dirra tokko irra balaqqeessamee deebi'uuf itti fudhate beekuun fageenya madda irraa hanga dirra balaqqeessutti argamu shallagufis ni fayyada. Kana malees malli gohaa gadi fageenya galaanaa yookiin garbaa safaruufis ni fayyada.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 7.5

1. Fakkeenyota muraasaa faayidaalee gohaa kenni.
2. Gohaan tabba irraa uumamu saffisa sagalee qilleensa keessatti safaruuf akkamitti akka fayyadu ibsi.

Cuunfaa Barnoota Boqonnichaa

- Sagaleen dambalii gurraan dhagahamuu dha.
- Sagaleewan hundumtuu hollannaa wantootaatiin kan uumaman yoo ta'u, jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii keessa yaa'u.
- Sagaleen akaakuu anniisaati.
- Saffisni sagalee jajjaboo keessaa saffisa sagalee dhangala'oo keessaa irra ni caala, akkamsumas saffisni sagalee dhangala'oo keessaa saffisa saffisa sagalee gaasii keessaa irra ni caala.
- Sagaleen yaa'a tokko irraa gara yaa'a biraatti yemmuu daddarbuuf yaalu guutumaatti yookiin hamma murtaa'een balaqqeessa'a yookiin immoo hamma murtaa'een xuuxama. Sagaleen kallattii hundaan sochoo'a.
- Balaqqeessa'uun sagalee dirra jajjaboo irraa taasifamu goha jedhama.
- Gohaan fageenya tabbi, gamoo guddaa fi kkf madda sagalee irra qaban safaruuf fayyada.

Gilgaala 7

I. Himoota Kanneen Armaan Gadii Keessaa Sirrii Kan Ta'e 'Dhugaa' Kan Hin Ta'in Immo 'Soba' Jechuun Deebisi.

1. Sagaleewan hundumtuu hollannaa wantootaan uumamu.
2. Sagaleen bakka duwwaa (Vaakiyuumii) keessas ni daddarba.
3. Saffisni sagalee qilleensa keessaa saffisa sagalee dhangala'oo keessaa irra ni caala.
4. Teempireecharri qilleensaa yemmuu dabalaa adeemu saffisni isaa xiqqaachaa deema.
5. Saffisni sagalee qilleensa keessaa saffisa sagalee hadiida keessa irraa yeroo afuriin caala.
6. Saffisni sagalee qilleensa keessaa saffisa sagalee jajjaboo keessaa irra ni caala.

II. Idooowwan Duwwaa Deebiiwwan Sirrii Ta'aniin Guuti.

1. Sababoota sadan uumama sagaleef barbaachisan _____ , _____ fi _____ dha.
2. Fageenyi dirra balaqqeessisu fi qaama sagalee maddisiisu gidduu jiru yoo xiqqaate meetira _____ ta'u baannaan gohaan hin uumamu.
3. Saffisni sagalee qilleensa keessatti 0°C irratti _____ dha.

III. Kanneen Armaan Gadiitiif Deebii Gaggabaabaa Ta'e Kenni.

1. Sagaleen akkamitti akka uumamu ibsi.
2. Sagaleen maali?
3. Gohaan akkamitti akka uumamu ibsi.
4. Saffisni sagalee jajjaboo fi dhangala'oo keessaa maaliif saffisa sagalee qilleensa keessaa irra caalu addeessi.
5. Faayidaalee gohaa lama tarreessi.

IV. Wantoota 'A' jalatti Tarreefaman Himoota 'B' Jalatti Tarreefaman Wajjin Walitti Firoomsi.

A

1. Sagalee
2. Goha
3. 4998m/s
4. 5628m/s
5. Ulullee
6. 331m/s

B

- a) Saffisa sagalee fullee keessatti 0°C irratti
- b) Saffisa sagalee qilleessa keessatti 0°C irratti.
- c) Saffisa sagalee koopparii keessatti 0°C irratti.
- d) Balaqqeessa'uu sagalee
- e) Hollannaa wantootaa wal irraa hin cinne gurra namaaf miira kenuu.
- f) Meeshaa muuziqaa hollannaa qilleensaan dalagu.

V. Piroobleemota Kanneen Armaan Gadii Shallagi.

1. Gohaan tabba tokko irraa sekondii 5.3 keessatti yoo uumame tabbichi madda sagalee irraa hammam fagaata? (Saffisa sagalee 0°C irratti 331m/s fayyadami).
2. Gohaan dhaamsa sagalee dooniin tokko gara gadii garbaa ergee ture sekondii 0.6 booda gara doonichaatti deebi'eera. Gadi fageenyi garbichaa hammami dha? (Saffisa sagalee bishaan hin sochoone keessatti 1450m/s fayyademi).
3. Aara baabura sochoo'aa jiru keessaa buhu erga argine sekondii 4.5 booda sagaleen baaburichaa yoo dhagahame baaburichi hammam fagaatee jira? (Saffisa sagalee yeroo sanaa 331m/s fayyadami)

BOQONNAA 8

ELEKTIRISIITII FI MAAGNEETIIZIMII

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa: *Barnoota boqonnaa Kanaa erga xumurteen booda:*

- ✓ Yaadrimeewwan elektirisiitii fi maagneetiizimii wajjin walqabatan hubachuu;
- ✓ Ogummaa piroobleemota elektirisiitii fi maagneetiizimii wajjin wal qabatan furuu dagaagsuu;
- ✓ Wantoonni hundumtuu walitti dhufeenya yookiin hariroo kan qaban ta'uu sirriitti hubachuu fi
- ✓ Beekumsayaad-rimeewwan ijoo Fiiziksii dagaagsuuf karaalee fi filannoowaan adda addaan fayyadamuu ni dandeessa.

Seensa

Boqonnaan kuni mata dureewwan gurguddoo lama of keessaa qaba. Isaanis, elektirisiitii fi maagneetiizimii dha. Dura maagneetiizimii itti aansuun immoo elketirisiitii irratti xiyyeffanna. Maagneetiizimiin amaloota maagneetii irratti kan xiyyeffatu yoo ta'u elekitirisiitiin immoo amaloota elektiroonoota boqonnaa irra jiranii fi sochii irra jiran irratti xiyyeffata. Hariroon maagneetiizimii fi elektirisiitii gidduu jiru Fiiziksii kutaa 8 keessatti ilaalla.

Damee - 1: MAAGNEETIIZIMII

8.1. Maagneetota

Gocha 8.1

Gaaffilee armaan gadii irratti hiriyoota kee wajjin walmari'adhaati deebii kennaa.

- i. Dukkaana raadiyoo itti suphan, duukkaana kophee itti gurguran yookiin immoo kiitii saayinsii mana barumsa kee keessa jiru irraa namni itti gaafatamummaa qabu maagneetii akka sitti agarsiisu gaafadhu.
- ii. Maagneetiin maali?
- iii. Maagneetiiwan ati argite bocaawwan akkamii qabu?
- iv. Maagneetiin meeshaalee akkamii ofitti harkisa?

Maagneetiin citaa ayiranii wantoota kanneen akka ayiranii, hadiida fi nikeelii ofitti harkisuu dha.

Jecha “maagneetii” jedhu maqaa “maagnesyiyaa” jedhamu irraa dhufe. Maagnesyiyaan magaalaa yeroo durii giddugaleessa baha keessatti argamtu bakka maagneetiin isa jalqabaa itti argamee dha. Maagneetiin kun bifaa dhagaa kan qabu yoo ta'u dhagaa loodii jedhamee beekamaa ture.

Hiikni isaas dehagaa nama qajeelchu jechuu dha. Dhagaan loodii maagneetii uumamaan argamee dha.


Maagneetiin kan uumamaa yookiin nam-tolchee ta'u ni danda'a. Dhagaan loodii maagneetii uumamaan argamee dha. Maagneetonni nam-tolchee namootaan kan tolfaman yoo ta'an yeroo baay'ee ayiranii fi makaa ayiranii kanneen akka hadiidaati. Maagneetonni nam-tolchee boca adda addaa kanneen akka boca ulee, kottee fardaa, boca U fi siliindarpii qabu. (Fakkii 8.1 ilaali)



a. Ulee maagneetii reektaangulawaa



b. Maagneetii siliindarikaalaa



c. Maagneetii kottee fardaa



d. Maagneetii boca-U

Fakkii 8.1 Maagneetota boca adda addaa

Wantoota Maagneetawaa fi Miti maagneetawaa

Gocha 8.2: Wanti tokko maagneetawaa yookiin miti-maagneetawaa ta'uu isaa addaan baasuu.

- Meeshaalee tokko tokko kanneen akka mismaarota ayiranii, saantiimota, ispiiliwwan, qalama(iskiriibtoo), muka, ulee, laastiikaa fi kkf
- Maagneetii gara meeshaalee kanatti dhiheessiiti tokkoon tokkoon isaanii harkisuuf yaali.
- Meeshaalee kanneen gabatee armaan gadii keessatti guutiiti kan harkifameef mallatoo ✓ kan hin harkafamneef immoo mallatoo x godhi.

Meeshaa	Harkifameera	Hin harkifamne

Maagneetichi meeshaalee hundumaa harkisee jiraa?


Gocha 8.2 irraa meeshaaleen hundi maagneetiidhaan harkifamuu akka hin dandeenye hubachuun baay'isee salphaa dha.

Kanaafuu, maateriyaaloni (Wantoonni) bakka lamatti ramadamu. Isaanis, wantoota maagneetawaa fi miti-maagneetawaa jedhamanii beekamu.

- Wantoonni maagneetiin harkifaman wantoota maagneetawaa jedhamu. Fakkeenyaaaf, ayiranii, hadiida, nikelii fi koobaaltiin wantoota maagneetawaa dha.
- Wantoonni maagneetiidhaan hin harkifamin wantoota miti maagneetawaa jedhamu. Fakkeenyaaaf, laastika, waraqaa, muka, pilaaстика, koopparii, alumiiniyemii, warqii fi fullein wantoota miti-maagneetawaa dha. Maagneetiin sibiloa hunda hin harkisu.

Gocha 8.3 Maangeetii Tolchuu

- Meeshaalee Barbaachisan: Mismaara guddaa tokko (ulee hadiidaa), lilmooowan waraqaa (ispiliwwan) fi ulee maagneetii.
- Tartiiba Raawwii 1: Fiixee mismaarichaa gara lilmooowan waraqattti dhiheessuun sochoosi. Mismaarichi lilmoo waraqaa tokko illee kaasee jiraa?
- Tartiiba raawwii 2: Fiixee tokko kan maagneeticha fayyadamuun mismaaricha kallattii tokkoon rigi. Gama fiixee mismaarichaatti yemmuu geessu maagneeticha irraa kaasuun bakka ittiin jalqabdee turtetti deebi'uun akkaataa fakkii 8.2 irratti agarsiifameen irra daddeebi'uun rigi.
 - Amma mismaara maagneetiidhaan rigame kana gara lilmooowan waraqattti dhiheessi. Maaltu uumame? Lilmooowan waraqaan ni harkifamuu? Adeemsa kana irra deebi'iiti raawwadhu.



Fakkii 8.2 Ulee ayiranii riguun maagneeteessuu

Adeemsi wanta maagneetawaa ta'e maagneetiin riguun yookiin mala biraatiin maagneetii akka ta'u taasisuun maagneeteessuu /Maagneetaayizeeshinii/ jedhama. Akkaataa gocha 8.3 irratti ibsameen fiixeen mismaarichaa yookiin ulee hadiidaa kallattii ittiin rigamaa tureetti argamu bantoo fiixee maagneetichaatiif faallaa ta'ee uumamaa.

Fiixeen maagneetii gonnonnee mismaaricha rigaa ture bantoo kaabaa yoo ta'e fiixeen isa dhumaa kan mismaarichaa yookiin kan ulee hadiidichaa bantoo kibbaa ta'a.

Malli kuni maagneetiin adeemsa akkasii kanaan uumamu bantoowwan lamaan fiixeewwan lamaanitti akka uumaman taasisuu dhiisuu danda'a. kanaafuu, maalota biroo kanneen akka dachaan riguu yookiin elektirisiiitiif fayyadamuun gaarii ta'a.

Amaloota Maagneetii

Barnoota boqonnaa 3 keessatti maagneetonni fiixee isaaniitiin human hin tuqnee kan dalageessan ta'uu baratteetta. Wantoota maagneetawaa ta'an fageenyaan harkisa yookiin immoo maagneetota gama bantoo wal fakkaatuun argaman ni dhiiba. Mata duree kana jalatti amaloota kanaa fi kan biroo illee ni baratta.

a) Bantoowwan Maagneetii

Maagneetii tokko daakuu ayiranii keessa galchinee suutaan yoo sochoofne daakuuwwan ayiraniin fiixeewwan maagneetichaatti maxxanu. Gocha kana irraa humni maagneetiin fiixee maagneetichaatti akka cimu hubachuu ni dandeenya. Fiixeewwan maagneetii lamaan kunniin bantoowwan maagneetii jedhamu.

N

S

Fakkii 8.3 Bantoowwan N fi S maagneetii

Bantoowwan maagneetiin fiixeewwan lamaan bakka humni maagneetiin itti cimuu dha.

Uleen maagneetii tokko gidduu isaatti foo'aan hidhamee qilleensa keessatti yoo rarra'e kallattii kaabaa kibbaa ji'oograafii of qindeessee dhaabbata. Fiixeen maagneetii gara kallattii kaabaa agarsiisu bantoo kaabaa (Bantoo-N) kan jedhamu yoo ta'u bantoon inni hafe immoo bantoo kibbaa (Batnoo-S) jedhama.


Kanneen armaan gadii amaalota bu'uuraa maagneetota hundaati.

- Maagneetiin wantoota maagneetawaa ta'an kanneen akka ayiranii fi hadiidaa ni harkisa.
- Maagneetiin tokko walabaan qilleensa keessatti yoo rarra'e fiixeewan isaa gama kallattii kaabaa kibbatti qindeesee dhaabbata.
- Maagneetiin tokko bantoowwan lama qaba.
- Maagneetiin tokko bocaa fi hamma kamiiyuu yoo qabaate bantoowwan lamaan waliin jiraatu.

b) Seerota Maagneetiizimii

Gocha 8.4: Seerota Maagneetiizimii hubachuu

- Maagneetii tokko qilleensa keessatti rarraasun kan biraa immoo harkatti qabadhu.
- Bantoo kaabaa maagneetii tokkoo fi bantoo kibbaa maagneetii biraa walitti dhiheesi. Maal hubatte? Waan hubatte galmeessi.
- Agarsiisa kana irraa maal guduunfita?




Fakkii 8.4 Humnoota bantoowwan maagneetii gidduutti uumaman

Gochi 8.4 gara yaada guduunfaa itti aanutti si qajeelcha. Kunis, bantoowwan maagneetii bantoowwan maagneetii kenneen biroo wajjin humna wal irratti dalageessu.

Seerri maagneetiizimii bantoowwan wal fakkaatan kan wal dhiibanii fi bantoowwan wal hin fakkaanne immoo kan wal harkisan ta'uun ibsa.

Ulee maagneetii tokko bakka lamatti yoo cabsite bantoowwan lamaan kaabaa fi kibbaan addaan hin bahani. Tokkoon tokkoo cabaa magneetii of danda'e ta'uun bantoowwan kaabaa fi kibba kan mataa ofii qabaatu. Kanaafuu, bantoon maagneetii tokko kophaa isaa jiraachuun hin danda'u.



Fakkii 8.5 Maageetii caccabsuu

Gaaffii Xiinxallii Barbaadu

Maagneetiin tokko bakka lamatti yoo cabe bantooowan lamaan maagneetichaa maal ta'u?


Koompaasii

Koompaasiin maali?

Koompaasiin maagneetii xiqqa walabaan yoo rarra'e siiqqee isaa irra naanna'uun kallattii kaabaa ji'oograafii agarsiisuu dha.



a) Koompaasii kiisii



b) lilmoo koompaasii


Fakkii 8.6 Koompaasii boca adda addaa

Koompaasiin ulee maagneetii xiqqa utuba yookiin siiqqee isaa irratti kaa'amuun walabaan naanna'u qaba(Fakkii 8.6 fi 8.7 ilaali). Ulee maagneetii xiqqaan kun yemmuu dhaabbatu bantoon kaabaa isaa gara kallattii kaabaa ji'oograafii agarsiisa. Koompaasiin yemmuu galaana irra, dachee irraa fi qilleensa keessa sochoonu kallattii addaan baafnee akka beeknu nu gargaara;sababiin isaas yeroo maraa gara kaabaa waan agarsiisuf.

Namoonni doonii fi xayyaaraa ofan kallattii itti deemuu barbaadan addaan baasanii beekuuf koompaasii fayyadamu.

Gocha 8.5 Koompaasii Tolchuu

- Maagneetii siliindarikaalaa walakkeessa isaa irratti foo'aan hidhiiti qilleensa keessatti maagneetota wantoota maagneetawaa biroo irraa fageessuun rarraasi. Maagneetichi boqachuu yoo jalqabu gara kallattii kamitti agarsiisa? Maagneetichi gara kallattii kaaba kibbaa ji'oograafiitti of qindeessaa?



Fakkii 8.7 Maagneetiin walabaan rarraafamee kallattii N-S agarsiisa

Gocha 8.5 irraa maagneetonni walabaan sochoo'an akka koompaasitti fayyadamuun akka dana'amu irraa baratta. Kanaafuu, haala gocha 8.5 irratti agarsiifameen koompaasii ofii kee haala salphaatti tolchuu ni dnadeessa.

Maagneetiiziimii Lafaa


Gocha 8.6: Marii Garee

Gaaffii armaan gadii hiriyoota kee wajjin wal mari'achuun deebisi.

- Koompaasiin walabaan qilleensa keessatti rarra'e gara kallattii kaaba ji'oograafiitti maaliif agarsiisa?

Yeroo durii koompaasii gara kallattii kaaba kibbaatti naanneessan wantoota samii keessatti argaman kanneen akka urjii kaabaa fa'i jedhamee amanamaa tureera.

Garuu yeroo ammaa deebiin sirriin amala uumamaa maagneetummaa lafaati.



Fakkii 8.8 Maagneetiiziimii lafaa

Saayintistonni lafti maagneetii guddaa akka taate ibsaniiru. Maagneetii guddaan lafa keessatti akka jiraatu tilmaamaniiru. Bantoon kaabaa isaa bantoo kibbaa ji'ograafikaalaa keessatti yoo argamu bantoon kibbaa isaa immoo bantoo kaabaa ji'ograafikaalaa keessatti argama.

Maagneetiin qilleensa keessatti rarra'e yookiin koompaasiin gara kallattii kaaba ji'ograafikaalaatti agarsiisa. Sababiin isaas amala maagneetummaa lafaati.

Bantoon kibbaa maagneetii lafaa bantoo kaabaa koompaasii yookiin magneetii rarra'e harkisa.

Dirreen maagneetawaa lafaa dirree maagneetii ulee maagneetii guddaa bantoowwan isaa bantoowwan kaabaa fi kibba ji'ograafikaalaa biratti argaman wajjin wal fakkaata(mata duree 8.2 ilaali).

Wantoota Jaha Maagneetii Ilaalchisee Beekamuu Qaban

Amaloota maagneetii ilaalchisee haqoota jahan armaan gaditti tarreffaman beekuu qabda.

1. Maagneetiin tokko fiixeewwan lama bantoowwan jedhaman qaba. Bantoowwan lamaan kunniin bantoo kaabaa fi bantoo kibbaa jedhamu.
2. Bantoon kaabaa maagneetii tokko bantoo kibbaa maagneetii biraaj wajjin kan wal harkisu yoo ta'u bantoo kaabaa maagneetii biroo wajjin immoo wal dhiiba. Seerri maagneetiizimii bantoowwan wal fakkaatan kan wal dhiiban ta'u fi kan wal hin fakkaanne immoo kan wal harkisan ta'u ibsa.
3. Maagneetiin tokko maagneetiizimii ijaan hin mul'anne dirree maagneetii jedhamu naannaawa isaatti uuma.
4. Bantoon kaabaa maagneetii qilleensa keessatti walabaan rarra'e gara bantoo kaaba lafaa, bantoon kibbaa maagneeticha immoo gara bantoo kibba lafaa agarsiisa. Sababiin isaas, lafti mataan ishee amala maagneetummaa akka qabaattu kan ishee taasise maateriyaalota maagneetawaa ta'an waan of keessaa qabduufi.
5. Ulee maagneetii tokko bakka lamatti yoo kutte maagneetota xixiqqoo lama tokkoon tokkoon isaanii bantoo kaabaa fi kibba kan ofii qaban argatta.
6. Wanta maagneetawaa ta'e kan akka mismaara ayiraniin tolfame maagneetii biraatiin yoo rigde gara maagneetitti jijiiruu ni dandeessa. Gochi kunis maagneeteesuu (Maagneetaayizeeshinii) jedhama.

Gaffilee Mirkaneeffannoo 8.1

1. **Maagneetiin maali?**
2. **Amalooni maagneetiin maali?**
3. **Wantoota maagneetawaa fi miti-maagneetawaa addaan baasuun garaagarummaa isaan gidduu jiru ibsi. (Fakkeenyota muraasaa kenni).**
4. **Bantoon maagneetawaa maali?**
5. **Seera maagneetiizimii ibsi**
6. **Koompaasiin maali? Faayidaa siaa illee ibsi.**
7. **Maagneetiin walabaan duugda isaa irratti hidhamee rarra'e tokko maaliif kaabaa fi kibba ji'oograafikaalaa akka agarsiisu ibsi.**

8.2. Maappii Sararaawan Humna Maagneetawaa Kaasuu

Gocha 8.7

Kanneen armaan gadii irratti hiriyyoota kee waliin mari'adhaa.

- Humna hin tuqneen maali? Humna maagneetii akka humna hin tuqneetti akkamitti ibsita?
- Dirree maagneetii fi sararaawan humna maagneetii ibsi.

Gocha 8.8: Maappii dirree maagneetii kaasuu

- Sararaawan humna maagneetii hubachuu.

Meeshaalee barbaachesan: daakuu ayiranii, ulee maagneetii, waraqaa.

Tartiiba raawwii: Waraqaa ulee maagneetii miinjaala irratti argamu irra kaa'i.

- Waraqaa maagneeticha irra kaa'ame irratti daakuu ayiranii faffaccaasii maagneeticha waliin gahi.
- Maal hubatte? Naannaawa maagneetii bakka humni maagneetiin ittiin miireeffamu maal jettee waamta?


- Koompaasiin fayyadamuu maappii dirree maagneetii kaasuu.

Meeshaalee barbaachisan: Koompaasiin xiqqaa, ulee maagneetii fi waraqaa adii.


Tartiiba raawwii:

Maagneeticha waraqaa irratti kaa'i.


- Koompaasicha maagneeticha biratti kaa'uun kallattii kaabaa koompaasichi agarsiisa jiru irratti mallattoo kaa'i.
- Gocha kana bakka adda addaaf irra deebi'iiti raawwadhu.
- Koompaasiin kallatti dirree maagneetawaa sararaawan humna maagneetiin bakka bu'an agarsiisa.



a) daakuu ayiranii naannoo ulee maagneetii



b) koompaasiin naannawaa ulee maagneetitii



c) sararaawan humna maagneetawaa naannawa ulee maagneetii .

Fakkii 8.9 Fakkii sararaawan humna maagneetawaa kaasuu

Maagneetiin fageenya murtaa'e irratti qaamaan osoo wal hin tuqin humna kan dalageessu ta'uun baratteetta. Bakki naannaawa maagneetii humni maagneetiin itti miireeffamu dirree maagneeti jedhama.

Dirree Maagneetii: Baka yookiin bal'ina bantoo maagneetii tokkoo humna itti dalageessuu dha. Dirreen maagneetii sararaawan yaaddoo **Sararaawan humna maagneetii** jedhamanii beekamaniin bakka buufama yookiin agarsiifama.

Sararaawan humna maagneetii sararaawan yaaddoo kallattii dirree maagneetii haala itti fufiinsa qabuun agarsiisanii dha.

Amaloota Sararaawwan Humna Maagneetii

1. Sararaawwan humna maagneetii maagneetiin alatti bantoo kaabaa irraa ka'uun karaa martoo ta'een gara bantoo kibbaa adeemuun maagneeticha keessattis itti fufuun bantoo kibba irraa gara bantoo kaabaa deebi'anii gahu. Kanaafuu sararaawwan humna maagneetiin luuppii guutuu kan addaan hin cinnee dha.
2. Sararaawwan humna maagneetiin wal hin qaxxaamurani.
3. Bakka bantoowwanitti dhihaatutti humni maagneetiin waan cimuuf sararaawwan humna maagneetiin walitti dhihaachuun ni bay'atu. Yemmuu bantoowwan maagneetii irraa achi fagaachaa adeemamu, ciminni humna maagneetii ni xiqlaata, akkasumas sararaawwanis addaan fafagaatu.

- **Maagneetiin fageenyaan humna dalageessa.**
- **Kallattiin dirree maagneetii kallattii humna maagneetii agarsiisa.**
- **Walitti dhiheenyi sararaawwan dirree maagneetii cimina humna maagneetii agarsiisa.**

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 8.2

1. Sararaawwan humna maagneetiin maali?
2. Amaloota beekamoo sararaawwan humna maagneetii ibsi.
3. Fakkii Sararaawwan humna maagneetii:
 - a) Ulee maagneetii tokkoof
 - b) Bantoowwan maagneetii wal hin fakkaanneef kaasi.

8.3. Faayidaa Maagneetotaa

Gocha 8.1 keessatti iddoowan adda addaa maagneetiiwan tajaajila garaagaraa itti kennan dhaqxee daawatteetta.

Gocha 8.9

- **Faayidaalee maagneetii beekamoo muraasaa eeri**

Maagneetonni faayidaalee hedduu qabu. Kanneen armaan gadii isaan muraasa dha.

- Maagneetonni koompaasota keessatti argaman lafa irratti, garba irratti fi qillensa keessatti kallattii agarsiisuuf fayyadu.
- Ayiranii yookiin hadiida guddaa ol kaasun bakka tokko irraa gara bakka biraatti geessuuf yookiin ol kaasuuf fayyadu.
- Mootarota, bilbila elektirikii, televizyiinii, raadiyoo, jenereetarotaa fi kif tolchuuf fayyadu.
- Makoota garagaraa keessa wantoota maagneetawaa ta'an fi wantoota miti-maagneetawaa addaan baasuuf yookiin foo'uuf fayyadu.

Gaaffii Mirkaneeffannoo 8.3

1. Faayidaalee maagneetii muraasaa tarreessuun addeessi.

Damee 2: ELEKTRISIITII

8.4. Elektirikii Dhaabbataa

Gocha 8.10

Gaaffilee kanneen armaan gadii hiriyoota yookiin maatii kee wajjin wal mari'achuun deebisi.

- i. Uffata naayiloonii yookiin shurraaba kee yemmuu baafattu sagalee dhaga'amuu fi qaanqee maaltu uuma? Filtuu pilaastika irraa tolfaameen rifeensa keenya erga filleen booda wantoota kanneen akka waraqaawwan xixiqqoo fi suudoowwan dhukkee maaliif harkisee kaasa?
- ii. Jecha elektirikii dhaabbataa jedhu irraa maal hubatta?
- iii. Chaarjontti elektirikii maali? Akaakuwwan chaarjii lamaan maal fa'i?

Damee kana keessatti ta'ii chaarjota boqonnaa irra jiran baratta. Galagala huccuu naayiloonii shurraaba kee yoo luqqistee baafattu sagaleen ati dhageeffattuu fi qaanqeen argitu taateewwan chaarjota boqonnaa irra jiranii dha. Qo'annoonaan waa'ee chaarjota boqonnaa irra jiran **elektirikii dhaabbataa jedhama**.

Qaamoleen lama yemmuu wal rigani rigatoni ni uumama. Rigatoni kunis qamni rigame tokko wanta hin rigamne biraa akka harkisu taasisa. Fakkeenyaaaf, fulleen hucuu suufiin /fur/ yoo rigne aangoo wantoota xixiqqoo kanneen akka cicitoota waraqaa, baala aluminiyemii fa'aa harkisuu argata. Qaamni rigamee wantoota harkisuu akka danda'u taasifame '**Elektirikaa'e**' yookiin immoo '**Chaarja'eera**' jedhama.

Dameen elektirisiiitii waa'ee chaarjota boqonnaa irra jiran qo'atu elektirikii dhaabbataa jedhama.

Chaarjotni Maali ?

Gocha 8.11

Hiriyyoota kee wajjin gareen gurmaa'uun beekumsa keemistirii keessan irraa ka'uun gaaffilee kanneen armaan gadii deebisaa:


- i. Atoomiin maali.
- ii. Akaakuwwan chaajotaa lameen maal fa'i?
- iii. Chaarjiin pirotooniin baatamu maali?
- iv. Chaarjiin elektirooniin baatamu maali?
- v. Atoomiin tokko elektirkummaan isaa hinbaabsawaa dha Kan jedhamu yoomi?
- vi. Atoomiin tokko chaarja'eera Kan jedhamu yoomi?

Bu'aawwan yaaliwwan baay'een akka ibsanitti haalota adda ta'an keessatti maatariin amala addaa qaba. Amalli addaan kunis atoomota irraa kan argame yoo ta'u innis elektirik chaarjii jedhamee waamama.

Chaarjiin elektirikii amala fiizikaalaa safaramaa uumamaan suudoowwan ruuqoolee atoomii ta'iwwan elektirikii fi maagneetawaa uumanii dha.

Iddoo bu'een chaarjiin qabee 'Q' yoo ta'u yuunitiin waaltawaan isaa kuulombii (C) dha.

Suudoon baay'ee xiqqa elementii tokkoo **atoomii** dha. Suudoowwan baay'ee barbaachisoo ta'an sadan **pirootoonii**, **elektiroonii** fi **niwutiroonii** yoo ta'an utuboota bu'uuraa ijaarsa atoomii jedhamuun beekamu. Fakkiin 8.10 moodeela haala suudoowwan sadan kunniin atoomii ittiin ijaaran agarsiisa. Pirootoononni fi niwutiroononni waliin ta'uun handhuura atoomii **Nuuklasii** jedhamee waamamu keessatti argamu. Elektiroononni immoo naannawaa nuuklasitti oorbiitii geengawoo ta'e qabachuun saffisa guddaa wajjin naannaa'u. Chaarjiin elektirkii amala suudoowwan ruuqoolee atoomii baay'ee dha. Chaarjiin elektirkii amala maatarii, maatarota lama gidduutti taatee wal harkisuu yookin wal dhiibuu uumuu dha.



Fakkii 8.10 Caasaa atoomii

Akaakuwwan Chaarjotaa

Yaadrimeen elektirisiiitii ti'oorii maatariin kamiyyuu atoomotaan ijaarame jedhu irratti hundaa'a. Atoomiin kamiyyuu handhuura xiqqa **nuuklasii** jedhamu qaba. Elektiroononni immoo orbiitii ofii qabachuun nuuklasii marfat. Nuuklasiin pirootoonii fi niwutiroonii of keessaa qaba.

Chaarjota Negaatiivii fi Poozatiivii

Akkuma asii olitti ibsameen atoomiin tokko suudoota niwutiroonii, pirootoonii fi elektiroonii jedhaman of keessaa qaba.

- Niwutiroonii:** Suudoo chaarjii hin qabne yookiin hinbaabsawaa dha.
- Pirootoonii:** Suudoo chaarjii poozatiivii qabuu dha.
- Elektiroonii:** Suudoo chaarjii Negaatiivii qabuu dha.

Kanaafuu, chaarjota gosa lamaatu jiru, isaanis chaarjota **poozatiivii** fi **netgaatiivii** yoo ta'ani chaarjiin negaatiivii elektironootaan, chaarjiin poozatiiviin immoo pirotonootaan baatamu.

Argamiinsi mallattoowwan chaarjotaa waggoota baay'een dura tilmaamaan kan murtaa'e yoo ta'u, yeroo ammaa illee yaada kanumaan fayyadamna.

Qabxiilee armaan gadii sirriitti qalbeeffadhu.

- Maatariin kamiyyuu uumamaan elektirikaalawaa dha (Pirootoonota fi elektiroonota of keessaa qaba)
- Chaarjota gosa lama qabna. Chaarjiin negaatiivii elektiroonii irratti kan argamu yoo t'au chaarjiin poozatiiviin immoo pirootoonii irratti argama.
- Haala beekamaa ta'een baay'inni elektiroonii fi pirootooniin atoomii tokko keessatti argaman wal qixa dha. Kanaafuu, haala akkasiitiin atoomiin hinbaabsawaa dha.

- iv) Qaama hinbeebsawaa ture irraa elektiroononni muraasni yoo irraa fudhataman qaamichi hir'ina elektiroonii waan qabaatuuf chaarjii poozatiivii qabaata.
- v) Qaamni hinbaasawaa ture tokko elektiroonoota muraasa dabalataan yoo kannameef chaarjii negaatiivii qabaata.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 8.4

1. Jechi elektirikii dhaabbataa jedhu maal ibsa?
2. Akaakuwwan chaarjota lamaan ibsi.
3. Chaarjiin
 - a) Pirootoonii fi
 - b) Elektiroonii gubbaa jiru maali?

8.5. Maloota Qamolee Chaarjeessuu

Chaarjeessuun adeemsa elektrikeessuu yoo ta'u qaama tokko irraa elektironoota fudhachuu yookiin itti dabaluu dha

Maloota qaama tokko ittiin chaarjeessinu garaagaraatu jiru. Fakkeenyaf.

- i) Riguun chaarjeessuu
- ii) Tuqaatiin chaarjeessuu

i. Riguun Chaarjeessuu


Gocha 8.12: Qaama tokko riganii chaarjeessuu

Meeshaalee barbaachisan: Waraqaa xiqqoo, ulee poolitiini /polythene/ (filtuu plaastikii, sarartuu pilaistikii, qalama), huccuu suufii yookiin rifeensa kee fayyadamuu ni dandeessa.

Tartiiba Raawwii:

- i. Waraqaa xixiqeessitee muruun mijaala irra kaa'i.
- ii. Waraqaa mammurame ulee poolitiini hin rigamneen tuqiiti waan uumamu hubadhu.
- iii. Amma ulee poolitiini huccuu suufii (rifeensa keetiin) rigiiti gara waraqaa mummurameetti kaleessiiti waan uumamu hubadhu. Sababiin ta'ii kanaa maal akka ta'e ibsuu ni dandeessaa?

Caasaa atoomii irraa qaamoleen lama yoo wal rigani elektiroononni qaama tokko irraa gara qaama isa lammaffaatti kan daddarban ta'uu hubachuu ni dandeensa. Qamolee lamaan keessaa inni tokko elektiroonota dabalataa kan argatu yoo ta'u inni lammafaan immoo elektiroonota ofii gadhiisee dhaba.



Fakkii 8.11 Uleen pilaistikii chaarja'e waraqaa xiqqoo ol kaasa

Fakkeenyaaf, gocha 8.12 keessatti, uleen pilaastikii huccuu suufiin (rifeensa keetiin) yemmuu rigamu elektiroononni huccuu suufii (rifeensa kee) irraa gara ulee pilaastikii daddarbu. Kanaafuu, pilaastikichi negatiiviin kan chaarja'u yoo ta'u huccuun suufii immoo poozatiiviin chaarja'a. Kanaafuu, riguun qaamolee lama chaarjota faallaa waliinii ta'aniin chaarjeessuu ni dandeenya.


Haala wal fakkaatuun fulleen siilkiin /silk/ yoo rigame elektiroononni fullee irraa gara siilkiitti /silk/ daddarbu. Kanaafuu, fulleen poozatiiviin kan chaarja'u yoo ta'u siilkiin immoo negatiiviin chaarja'a.

Pilaastika suufiin rigame negatiiviin kan chaarja'u yoo ta'u fullee siilkiin (silk) rigame immoo poozatiiviin chaarja'a.

ii. Tuqaatiin (Qooduun) Chaarjeessuu

Qaamni hinbaabsawaa ture tokko qaama chaarja'ee ture wajjin yoo wal tuqe charjii walii qooduun chaarja'a. Tuqaatiin chaarjeessuu keessatti qaamni hinbaabsawaa turee fi chaarja'ee ture elektiroonota walii qoodu.

Fakkeenyaaf, qaama negatiiviin charja'uun elektiroonota dabalataa baay'ee qabu gara qaama hin chaarjoofneetti yoo dhiheessite qaama hin chaarjoofne kana ni harkisa. Qaamoleen lamaan kun yoo wal tuqan chaarjoni negatiiviin muraasni gara qaama hin chaarjoofneetti daddarbuun qaamichi negatiiviin akka chaarja'u taasisu. Itti aansuun qaamoleen lamaan chaarjii wal fakkaatu waan qabaniif wal dhiibu. Adeemsi qaama hinbaabsawaa qaama chaarja'e wajjin wal tuqsiisanii chaarjeessuun "**tuqaatiin chaarjeessuu yookiin qooduu**" jedhama.



Fakkii 8.12 Kubbaa xiqqoo tuqaatiin chaarjeessuu

Alhaarjeessuun adeemsaa qaama chaarja'ee ture irraa chaarjii maqsuu dha. Chaarjii qaama chaarja'ee ture irra ture dabarsoon tuquun irraa maqsun ni danda'ama. Qaamicha irraa guutumaan guututti chaarjiin yoo irraa maqfame hinbaabsawaa ta'a.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 8.5

1. Jecha chaarjeessuu jedhu ibsi.
2. Maloota chaarjeessuu lamaan tarreessi.
3. Riguun chaarjeessuu fi tuqaatiin chaarjeessuu wal dorgomsiisi.
4. Qaan ni tokko poozatiiviin chaarja'eera kan jennu yoomi?
5. Qaan ni tokko negaatiiviin chaarja'eera kan jennu yoomi?

8.6 Seera Elektirikii Dhaabbataa


Gocha 8.13: Seera elektirikii dhaabbataa agarsiisuu

Meeshaalee barbaachisan: Kubbaa xiqqoo fullee, ulee laastikii, huccuu suufii, huccuu haarrii (silk)

Tartiiba Raawwii:

- Kubbaan xiqqoo mala tuqaatiin fullee chaarja'e wajjin wal tuquun chaarja'eera. (Fakkii 8.13 ilaali)
- Itti aansuun waan uumamu hubadhu.
- Gocha kana laastika haarrii /silk/ rigame wajjin irra deebi'iiti raawwadhu. Kubbaa xiqqoo kan biraa wajjin wal tuqsiisuun chaarjeessi. (Fakkii 8.13b ilaali)
- Kubbaawan lamaan, fulleen tuqamee chaarja'ee fi laastikaan tuqamee chaarja'ee walitti dhiheessi. (Fakkii 8.13 (c) ilaali).
- Waan uumamu hubadhu
- Kubbaawan lamaan kunniin chaarjii wal hin fakkaanne waan qabaniif wal harkisu.

Waliigalteen mallattoon chaarjii negaatiivii (-) yoo ta'u kan chaarjii poozatiivii immoo (+) dha.



Fakkii 8.13 Seera elektirikii dhaabbataa

Boqonnaa 3 keessatti chaarjoni elektirikii fageenyaan humna akka dalageessan baratteetta. Qaama chaarja'e kan biraa qaamaan osoo hin tuqin ni harkisa yookiin immoo ni dhiiba. Chaarjoni elektirikii humnoota maagneetawaa wajjin amala wal fakkaatu qabu. Isaan humnoota hin tuqnee dha.

Qaamoleen chaarja'an hundumtuu humna wal irratti dalageessu.

- i) chaarjoni wal fakkaatan waldhiibu.
- ii) Chaarjoni wal hin fakaanne walharkisu.


Kun seera elektirikii dhaabbataati.

Elektiroskooppii fi Faayidaa Isaa


Gochaawan kanneen kanaan duraa irraa karaalee qaamolee chaarja'an ittiin addaan baafnuu fi akaakuuwwan chaarjotaa lamaan qo'atteetta.

Elektiroskooppii meeshaa salphaa amaloota chaarjii qo'achuuf fayyaduu dha.

Mallattoo fi hamma chaarjii qaama tokko irratti argamu beekuuf gargaara.



a) Elektirooskooppii baala alumiiniyeemii



b) elektirooskooppii meeshaalee naannootti argamaniin tolfame

Fakkii 8.14 Elektirooskooppii

Fakkiin 8.14a elektirooskooppii baala aluminiyeemii qabu agarsiisa. Ulee biraasii gama mataa isaatti qaaba yookiin koofiyaa biraasii qabuu fi baala haphii aluminiyemii ulee biraasichaa wajjin walqabate qaba. Ulee biraasichaa qaama elektirooskooppii wajjin akka wal hin tuqne wanta ittisoo elektirikii ta'een haguugameera. Baalli aluminiyemii akka mul'atu sibiilli haguuggame fooddaa fullee qaba.

Faayidaalee Elektirooskooppii

Elektirooskooppiin faayidaalee kanneen armaan gaditti ibsaman qaba.

- i) Chaarjonti sibiiloti keessatti kan sochoo'an ta'uun agarsisu.
- ii) Qaamni tokko chaarja'uu fi chaarja'uu dhiisuu isaa mirkaneessuu.
- iii) Mallattoo yookiin akaakuu chaarjii qama chaarja'e tokko pootatiivii yookiin negaatiivii ta'uun isaa addaan baasuu.

Gocha 8.14: Qaamni tokko chaarja'uu fi kan hin chaarja'in ta'uun agarsisu


- Ulee fullee huccuu haarriin/silk/ riguun chaarjeessiiti gara qoobii elektirookoooppii hinbaabsawaatti dhiheessi, garuu wal hin tuqsiisin. Baalleewwan elektirooskooppichaa wal dhiibuun gargar fagaachuun chaarja'uu fullee agarsiisu. Qaamni hin chaarjoofne haala wal fakkaatuun gara qoobii elektirooskooppichaatti yoo dhiheessine baalonni elektirooskooppii jijiirama tokko illee hin agarsiisani.



Fakkii 8.15 baalota elektirooskooppii addaan fagaatan

Gocha 8.15 Mallattoo chaarjii qaama tokko irratti jiru addaan baasuu

- Mallattoo chaarjii qaama chaarja'e irra jiru addaan baasuuuf dura elektirooskooppii chaarjeessuu qabna. Elektirooskooppii hinbaabsawaan mallattoo chaarjii qaama tokko irratti jiru addaan baasuu hin dandeessisu.
- Qoobii elektirooskooppii ulee negaatiiviin chaarja'een tuquun negaatiiviin chaarjeessi. Kanaan booda ulee chaarjii mallattoon isaa hin beekamneen chaarja'e tokko fiduun mataa elektirooskooppii osoo hin tuqin itti siqsi
- Wal irraa fagaachuun baalota gidduu jiru yoo dabale uleen chaarja'e elektirooskooppii wajjin chaarjii walfakkaataa (-) qabaachuu isaa qaacceessuu ni dandeenya. Garuu ,baalonni yemmuu dura addaan fagaatan deebi'anii walitti siqan ta'e,mallattoon qaama chaarja'e kanaa faallaa (+) chaarjii elektirooskooppiiti.



Fakkii 8.16 Chaarjii hin beekamne addaan baasuu

Hojii Piroojekti: elektirooskooppii ofii Tolchuu

Meeshaalee Barbaachisan:

- Qaruuraa xiqqaa qadaadaa pilaistikii yookiin buushii qabu.
- Baala aluminiyemii (Paakteetii tamboo keessatti yookiin waraqaa hancoo /maastikaa/ haguuge wajjin argama.
- Shuboo koopparii (shuboo elektirikii) yookiin qabsiiftuu waraqaa (agaraafii)

Tartiiba Raawwii

1. Shuboo koopparii gama fiixee tokkotti jal'isi.
2. Qadaadaa qaruurichaa shuboo kooppariin waraaniitti shubicha gara keessatti dhiibi.
3. Baalota aluminiyemii shubicha irratti maxxansuun wal qabsiisi.

4. Shubicha jallate gama olitti akka oolu gochuun qaruurichaa cufi. Kuni elektiroskooppii haala salphaan naannoo keenyatti tolfame dha.
5. Elektiroskooppii kana fayyadamuun faayidaa elektirooskooppii agarsiisi.

Fakkeenyaaaf, qaama hin chaarjoofne tokko gara qoobii elektiroskooppii pootzatiiniin yookiin negaatiiviin chaarja'eetti yoo dhiheessite baalonni elektiroskooppiiin maal ta'u jettee yaadda? Addaan fageenyi baalotaa ni dabala moo ni xiqqaata ?

Gocha 8.16

- Yaalii qaamolee chaarja'anii fi hin chaarjoofne irratti taasifame irratti hundaa'uun gabatee armaan gadii guuti.

<i>Chaarjii elektiroskooppii irra</i>	<i>Chaarjii qaama hin beekamne irra</i>	<i>Wal fagaatiinsa baalotaa</i>
-	-	ni dabala
-	+	ni xiqqaata
Hin baabsawaa	-	ni xiqqaata
+	+	
+	hin baabsawaa	
-	hin baabsawaa	

Chaarjiin elektiroskooppii fi qaama chaarja'e irratti argamu mallattoo wal fakkaatu yoo qabaate addaan fagaatiinsi baalotaa ni dabala. Addaan fagaatiinsi baalotaa hir'ateera jechuun qaamni dhihaatee fi elektiroskooppiiin chaarjii mallattoo wal fakkaatuun chaarja'aniiru jechuu qofa osoo hin ta'in qaamichi hin chaarjoofne jechuu ta'uu ni danda'a.

Kanaafuu, qaamni tokko chaarja'uu isaatiif yaalii sirriin addaan fagaatiinsi baalleewwanii dabaluu isaati.

Gocha 8.17: Daandii elektirkii slaphaa elektiroskooppii qabu fayyadamuun wantoonni dabarsoo yookiin ittisoo ta'uun isaanii mirkaneessuu

- i. Meeshaalee Barbaachisan: Elektiroskooppii fi wantoota garaagaraa kanneen akka ulee pilastikii ulee fullee, muka, meeshaalee sibilaan tolman kanneen akka (koopparii, tiinii, alumiiniyemii fi kkf)
- ii. Tartiiba Raawwii: elektiroskooppii pootzatiiviin yookiin negaatiiviin chaarjesi.
- iii. Wantoota dabarsoo yookiin ittisoo ta'uun isaanii ilaalamuu qaban kanneen harkaan kaasiiti qoobii yookiin mataa elektiroskoopichaa tuqsiisi.

Baalonni elektiroskooppii dafanii takkattuu yoo kottoonfatani wantichi dabarsoo gaarii dha jechuu dha. Sababiin isaas chaarjiin elektiroskooppicha irra ture dafee dabarsicha keessa gara harka keetti yaa'a. Baalonni akkuma haala duraan ittiin turan addaan fagaatiinsi isaanii yoo hin jijiiramne ta'e wantichi ittisoo dha jechuu dha. Sababiin isaas chaarjoni elektirookooppii irra turan ittisoo keessatti sochoo'uu waan hin dandeenyeefi.

Dabarsoon chaarja'uu ni danda'aa?

Akkuma kanaan dura hubachuu dandeesseetti ittisoowwan kanneen akka ulee fulle fi ulee pilaastikii haala salphaa ta'een chaarja'uu danda'u. Dabarsoowwan chaarjeessun ni danda'ama, garuu akka ittisoowanii salphaa miti. Chaarjoonni dirra dabarsoo irra walqixq tamsa'anii argamu. Yemmuu harka keetiin tuqxu,chaarjoonni gara harka keetiin qaama kee keessa seenu. Yaa'insa chaarjiiwanii gara qaama biroo ittisuuf dabarsicha qabanna ittisoo ta'e qabu fayyadamuu ni dandeessa. Fakkeenyaaaf, uleen sibiilaa elektirooskooppii keessaa ,maateeriyaalota haguugamaniin kan akka pilaastika fayyadamuun chaarja'a.

8.7. Kaarentii Elektirkii fi Caalmaa Kuufamaa

Barannoo 8.6 keessatti waa'ee amaloota chaarjoota boqonnaa irra jiran baratteetta. Barannoont kun amaloota chaarjota sochoo'an wajjin wal sibarsiisa.

Gocha 8.18

- i. Kaarentiin elektirkii maali?
- ii. Hariiroo chaarjii fi kaarentii gidduu jiru addeessi.
- iii. Chaarjoni elektirkii shuboo keessa daddarbuu akka danda'an waan taasifamuu qabu irratti walmari'adhaa.

Kaarentii Elektirkii

Qaamolee chaarjolee faallaa waliinii ta'aniin chaarja'an sibiila dabarsoo ta'een yoo wal qunnaman chaarjoni ni sochoo'u. elektiroononni qaama negaatiiviin chaarja'e irraa gara qaama poozatiiviin chaarja'eetti sochoo'u. Sochiin chaarjotaa kunis **Kaarentii elektirkii** jedhama.

Ciminni kaarentii elektirkii dabarsoo tokko keessatti uumamu baay'ina elektiroonotaa qixa qabxii tokkotti yeroo murtaa'e keessatti darban irratti hundaa'a.

Kaarentiin elektirkii hamma chaarjii yeroo yuunitii tokko keessatti yaa'uu dha.

$$\text{Kaarentii elektirkii} = \frac{\text{Chaarjii sochoo'e}}{\text{Yeroo itti fudhate}}$$

$$\Rightarrow I = \frac{Q}{t}$$

I: Kaarentii elektirkii

Q: Hamma Chaarjii yaa'

t : Yeroo itti fudhate

Yuunitiin waaltawaa kaarentii elektirikii ***Ampeerii*** yoo ta'u iddo bu'een isaas qabee guddaa 'A' dha. Ampeeriin tokko chaarjii kuulombii tokko sekondii tokko keessatti yaa'a wajjin wal qixa dha.

$$1A = 1 C/S$$

Miili ampeerii (1mA) = 0.001A

Maayikiroo ampeerii 1 (1 μ A) = 0.000001A

μ = Qabee biyyaa Giriikii yoo ta'u sagalee 'miwuu' jedhamuun dubbisama.

Kaarentiin elektirikii meeshaa ***ammeetira*** jedhamuun safarama.

Kaarentiin elektirikii dabarsoo elektirikii keessa yaa'u ijaan hin mul'atu.

Garuu, taatee isaa arginee dhugoomsina. Taateewwan kaarentii elektirikii hoo'isuu, ifaa maddisiisuu, magneetiziimii fi kkf fa'i.

Fakkeenyota Shallagamoo

- Yeroo daqiqaa 1 keessatti chaarjii hamma 120C qabuutu dabarsoo keessatti yaa'a. Hammi chaarjiin sekondii tokko keessatti yaa'u meeqa dha.

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$Q = 120C$	$I = ?$	$I = \frac{Q}{t} = \frac{120C}{60s} = 2A$
$t = 1\text{min} = 60s$		

Kanaafuu, chaarjiin sekondii
tokkotti yaa'u = **2A**

- Kaarentii 1.5A dabarsoo keessa daqiqaa lamaaf yoo yaa'e, Chaarjiin yaa'e hammam ta'a?

Kennamaa	Barbaadamaa	Furmaata
$I = 1.5A$	$Q = ?$	$Q = It$
$t = 2\text{min}$		$= (1.5A)(120s)$
$= 120s$		$\therefore Q = 180C$

Maddoota Caalmaa Kuufamaa

Gocha 8.19: Marii Garee

- i. Bishaan ujummoo keessa jiru sadarkaa ol'aanaa irraa gara sadarakaa gadi aanaatti akka yaa'u kan taasisu maal akka ta'e ibsi.
- ii. Yaa'insa bishaanii keessatti barbaachisummaa anniisa kuufamaa giraavitii ibsi.

Caalmaan kuufamaa qabxiilee lama gidduu jiru bishaan akka yaa'u godha. Haala wal fakkaatuun caalmaa kuufamaa qabxiilee chaarja'an lama gidduu jiru chaarjoni akka yaa'an taasisa.

Kaarentiin yaa'insa chaarjotaa dabarsoo keessa raawwatu akka ta'e ilaalleerra. Yaa'insa chaarjotaaf maddi anniisaa chaarjoni qabii tokko irraa gara biraatti akka sochoos'an godhu ni barbaachisa.

Maddoonti caalmaa kuufamaa beekamoo ta'an *seelii elektirikikii /dhagaa baatirii/* fi *Jenereetara* dha. *Baatiriin* qindoomina yookiin gurmaa'ina seeliiwan lamaa fi lamaa olii dha. Baatiriin madda caalmaa kuufamaa beekamaa dha.

- Maddi caalmaa kuufamaan kaarentii maddisiisa. Caalmaa kuufamaan *voolteejii* jedhamee illee ni waamama.
- Yuuntiin waaltawaan caalmaa kuufamaa (*voolteejii*) vooltii (v) dha.
- Meeshaan caalmaa kuufamaa safaruuf fayyadu *Vooltimeetira* jedhama.

Seeloota Duraa (Tokkoffaa) fi Lammaffaa

Gocha 8.20

- Seeliiwan garaagaraa naannoo keessanitti argaman funaani. Akaakuu fi hamma caalmaa kuufamaa(*voolteejii*) isaanii qo'adhu.

Maddoota voolteejii beekamoo ta'an keessaa baay'inaan kan argamu seelii aami kaalaatti. Saaliiwan keemikaalaa anniisa kaamikaalaa gara anniisa elektirikaatti jijiiru. Seeliiwan elektirikii gosa lamatu jiru. Isaanis *seelii tokkoffaa* fi seelii lammaffaa dha.


1. Seel tokkoffaan Seelota sababa jijiiramoota keemikaalaa isaan keessatti adeemsifamuun kaarentii elektirikii maddisiisanii dha. Si'a tokkoofa qofa guutamaatti erga itti fayyadamneen booda lammata itti fayyadamuu hin dandeenyu. Fakkeenya seelii gosa kanaa dhagaa baatirii dha. Dhaagaan baatirii fiixeewan lama mallattoo (+) fi (-) qaban qaba. Caalmaan kuufamaa fiixeewan lamaan kana gidduu jirus vooltii 1.5 (1.5v) dha.
Seeliiwan lamaa fi lamaa ol sirriin wal qunnamuun voolteejii guddaa uumu. Fakkeenyaaf, seeliiwan 3 sirriin wal qunnamuun voolteejii 4.5v kenu.
2. Seelii lamaaffaan seelii irra daddeebi'amee chaarja'uun si'a baay'eef tajaajiluu dha. Fakkeenya qabatamaan baatirii lammaffaa baatirii konkolaataati. Seeliiwan lammaffaan kuuftotaa jedhamanii illee ni waamamu.

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 8.6


1. Kaarentiin elektirikii maali?
2. Maddoota caalmaa kuufamaa muraasaa tarreessi.
3. Garaagarummaan seeliiwan tokkoffaa fi lammaffaa gidduu jiru maali?
4. Kaarentiin miili Ampeerii 90 seekondii 150f dabarsoo keessatti yaa'eera.
Chaarjiin yeroo kana keessatti yaa'e hammami?

8.8. Daandii Elektirikii

Kaarentiin elektirikii qabxii tokko irraa gara qabxii biraatti yaa'uuf daandii guutuu yookiin cufaa ta'e barbaada. Daandiin elektirikii salphaa madda caalmaa kuufamaa, balbi fi iswiichiin tolfamuu ni dnada'a. Ruuqooleen kunniin shuboo dabarsoo elektirikii ta'een walqunnamuu ni danda'u. Fakkii 8.17 ilaali.



Fakkii 8.17 Suuraa daandii elektirkii salphaa



Fakkii 8.18 Fakkii daandii elektirkii salphaa iddo bu'eewwan kaafame


Ruuqoolee	Iddoo bu'eewwan
Bantuu – cuftuu/ Iswiichii/	—/—/—
Seelii	— —
Baatirii	— —
Balbii	—○—
Hittisoo	—ℳ—
Vooltimeetira	—+ (V) -
Ameetira	—+ (A) -
Shuboowwan walqaxxaamuran	— —
Shuboowwan walqabatan	—•—

Fakkii 8.19 Iddoo bu'eewwan ruuqoolee daandii elektirkii

Kallattii Kaarentii Elektirikii

Kaarentii elektirikiin daandii elektirikii keessatti kallattii yaa'insaa qaba. Kallattiin kunis akaakuu chaarjota yaa'an irratti hundaa'a. Fakkeenyaaf, fiixeewwan lamaan daandichaa shuboodhaan fiixeewwan lamaan baatirichaa wajjin wal qunnamssiifamu. Itti aansuun elektiroononni fiixee negaatiivii irraa ka'uun gara fiixee poozatiiviitii yaa'u.

Kaarentiin Elektiroonii: Yaa'insa elektiroonotaa fiixee negaatiivii irraa ka'uun gara fiixee poozatiiviitii taasisanii dha. Kallattiin kaarentii elektirikii kallattii elektiroononni haala qabatamaa ta'een itti yaa'anii dha.



Fakkii 8.20 Kallattii kaarentii elektirikii

Garuu yaa'insi elektirooniin osoo hin beekamniniin dura kaarentiin yaa'insa chaarjii poozatiiviitii fiixee poozatiiviitii irraa gara fiixee negaatiivii akka ta'eetti tilmaamee irratti walii galamee tureera. Kaarentiin isa akkasii kun *kaarentii koonveenshinaalii* jedhama. Kallattii kaarentii elektirooniif faallaa ta'e qaba. Kanaafuu, kallatiin kaarentii koonveenshinaalii kallattii kaarentii elektirikii akka ta'eetti waan irratti waliigalameef kitaaba kanaa fi kitaabilee Fiizikii kanneen biroo keessattis haala itti fufiinsa qabuun itti fayyadamna.

Dabarsoowwanii fi Ittisoowwan

Dabarsoowwan meeshaalee atoomota elektiroonota walabaa baay'ee qaabaniin tolismanii dha. Elektiroononni walabaa orbiitii isa dhumaal alaa atoomotaa irratti argamu. Nuuklasii irraa fagaatanii waan argamaniif walabaan sochoo'u. Kanaafuu, dabarsoowwan keessatti yaa'insi elektirooniin uumamuu danda'a jechuu dha. Dabarsoowwan meeshaalee kaarentiin elektirikii isaan keessatti akka yaa'u eeyyamanii dha. Haala faallaa ta'een meeshaalee amala faallaa dabarsoowwanii qaban immoo ittisoowwan jedhamu.

Ittisoowwan elektiroonota walbaa hin qabani yookiin immoo baay'ee muraasa ta'an qabaachuu danda'u. Kanaafuu, kaarentiin isaan keessatti akka yaa'u hin eeyyamamuuf Ittisoowwan meeshaalee kaarentiin elektirikii isaan keessatti akka yaa'u hin eeyyamnee dha.

Daandiin elektirikii salphaa wanti tokko dabarsoo yookiin ittisoo ta'uu isaa ittiin addaan baasuuf fayyada.

Gocha 8.21: Dabarsoowwanii fi ittisoowan addaan baasuu


- Meeshaalee Barbaachisan:** Daandii elektirikii balbii, shuboowwan qunnamssiiftuu, dhagaalee baatirii, meeshaalee yookiin wantoota garaagaraa dabarsoo yookiin ittisoo ta'uunisaanii ilaalamuu qaban:
- Fakkeenyaaf, sibiilota, muka, pilaastikii, huccuu, bishaanii fi kkf.

Tartiiba Raawwii:

- Daandii elektirikii salphaa akkaataa fakkii 8.21 irratti agarsiifameen tolchi.
- Wantoota garaagara qabxiilee A fi B gidduutti qunnamssiisiit waan uumamu hubadhu. Balbichi ifuu fi ifuu dhiisuu isaa ilaali mirkaneessi. Gabatee armaan gadii ifa ni kenna yookiin ifaa hin kennu jedhiiti guuti.

Meeshaalee	Ifa ni kenna	Ifa hin kennu
Ulee laastikaa		
Wantoota sibiila'oo		
Muka		
Pilaastika		
Huccuu		
Bishaan		

- Meeshaalee ifaa kennisiisuu dadna'an dabarsoo, kennisiisuu hin dadneenyeye immoo ittisoo jedhiiti addaan baasuun ramadi.



Fakkii 8.21 daandii elektirikii salphaa dabarsoo ittisoo addaan baasuuf fayyadu

Gaaffilee Mirkaneeffannoo 8.8

- Daandiin elektirikii maali?
- Ruuqoolee daandii elektirikii tarreessi. (Fakkii daandii elektirikii salphaa iddoobu'eewwan fayyadamuun kaasi)
- Hiikcaa dabasoo fi ittisoo kenniiti fakkeenya tokkoon tokkoo isaanii kenni.
- Mala daandii elektirikii salphaa fayyadamuun wantii tokko dabarsoo yookiin ittisoo ta'uunisaanii akkamitti addaan baasuu akka dandeenyu addeessi.

Cuunfaa Barnoota Boqonnichaa

Barnoota boqonnaa kana keessatti kanneen armaan gadii baratteetta.

- Maagneetiin ayiranii, nikelii fi kif ni harkisa. Maangeetonni gosoota gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis, maagneetota uumamaa fi nam tolchee dha. Maagneetiin tokko bantowwan lama qaba. Isaanis bantoo kaabaa fi bantoo kibbaa dha. Maagneetii tokko caccabsanii xixiqqeessuun bantowwan lamaan addaan baasuu hin danda'amu.
- Seerri maagneetiizimiin akka armaan gaditti ibsama: Bantowwan wal fakkaatan kan wal dhiiban yoo ta'u, bantowwan wal hin fakkaanne immoo wal harkisu.
- Maagneetii tolchuu ni dnadeenya. Garuu, wayitiin turtii isaa akaakuu sibiila rigame irratti hundaa'a.
- Maagneetiin qilleensa keessatti rarr'a'e koompaasi jedhamu, sababa taatee maagneetiizimii lafaatiin kallattii kaabaa kibbatti agarsiisuun of qindeessa.
- Wantoonni maagneetiin harkifaman wantoota maagneetawaa jedhamu. Wantoonni maagneetiin hin harkifamin immoo miti maagneetawaa jedhamu.
- Elektirikii dhaabbataan qo'annaa amaloota chaajota boqonnaa irra jiranii dha. Hunde bu'uuraa qo'anno elektrisiitii dha.
- Rigatni chaarjoni qaama tokko irraa gara qaama biraatti akka daadarban taasisa.
- Adeemsa qaamolee lama wal riganii chaarjeessuun riguun chaarjeessuu jedhama.
- Seerri elektirikii dhaabbataa akka armaan gaditti ibsama.
 - Chaarjoni wal fakkaatan kan wal dhiiban yoo ta'u chaarjoni wal hin fakkaanne immoo wal harkisu.
- Elektiroononni uumamaan chaarjii negatiivii kan qaban yoo ta'u pirootoonni immoo chaarjii pootatiivii qabu.
- Alchaarjeessuun adeemsa qaama chaarja'ee ture tokko irraa chaarjoota maqsuu dha.
- Meeshaan wanti tokko chaarja'uu fi chaarja'uu dhiisuu isaa mirkaneessuuf gargaaru elektiroskooppii jedhama.Qo'annoona chaarjotaa elektirooskooppiin deeggarama.
- Kaarentiin elektirikii hamma chaarjii qixa dabarsoo tokko keessatti yeroo yuunitii tokko keessatti yaa'u dha.Yuunitiin waaltawaan kaarentii Ampeerii (A) dha.Kaarentiin koonveenshinaalii fiixee (+) irraa gara fiixee (-) kan yaa'u yoo ta'an, elektiroon kaarentiin immoo fiixee (-) irraa gara fiixee (+)tti yaa'a.
- Kaarentiin meeshaa ammeetira jedhamuun kan safaramu yoo ta'u, voolteejiin immoo meeshaa vooltiimeetira jedhamuun safarama.
- Yuunitiin waaltawaa caalmaa kuufamaa voolteeji vooltii (v) dha.

Gilgaala 8

I. Kanneen Armaan Gadii 'Dhugaa' Yookiin 'Soba' Jechuun Deebisi.

1. Batnoowwan maagneetiin yeroo kamyuu cimdii ta'anii jiraatu.
2. Ayiranii fi nikelii fakakeenyota wantoota maagneetawaati.
3. Fiixeewan lamaan maagneetii bantoowwan maagneetawaa jehamu.
4. Bantoowwan maagneetii wal fakkaatan wal harkisu.
5. Fiixeen ulee ayiranii tokko bantoo lilmoo kompaasii tokko yoo harkise uleen ayiranii maagneetii dha jechuu dha.

II. Jechoota Naqaa 'A' Jalatti Tarreeffaman himoota Naqaa 'B' Jalatti Tarreeffaman Wajjin Walitti Firoomsi.

Naqaa A

1. Kaarentii elektiroonii
2. Seera elektirkii
dhaabbataa
3. Elektiroskooppi
4. Kuulombii/sekondii
5. Vooltii

Naqaa B

- a) Meeshaa wanti tokko chaarja'uu fi chaarja'uu dhiisuu isaa mirkaneessu.
- b) yaa'insa elektiroonii fiixee (-) irraa gara fiixee (+)
- c) chaarjoni wal hin fakkaanne walharkisu, chaarjoni wal fakkaatan immoo wal dhiibu.
- d) Yuunitii waaltawaa caalmaa kuufamaa /voalteji/
- e) Ampeerii

III. Gaaffilee kanneen Armaan Gadii Deebii Sirrii Ta'e Filachuun Deebisi.

1. Meeshaalee kanneen asii gaditti tarreeffaman keessaa isa kamtu maagneetii of keessaa qaba?

A. Bilbila	C. Mootora elektirkii
B. Raadiyoo	D. Hundumtuu
2. Maagneetiin _____ ni harkisa

A. ayiranii fi hadiida	C. muka
B. pilaastikii	D. sibilalota Hunda
3. Kanneen armaan gadii keessaa maagneetii ta'uu kan hin dandeenye isa kami?

A. Ayiranii	C. Aluminiyemii
B. Nikeelii	D. A fi B
4. Harkisni maagneetawaan kan cimu _____ maagneetii irratti dha.

A. walakkeessa	C. batnoowwan lamaan gidduu
B. bantoowwan	D. Deebii hin qabu
5. Maagneetonni _____ n tolfamu.

A. Ayiranii	C. A fi B
B. Hadiidaa	D. Koopparii

6. Mallattoowan kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu baatirii bakka bu'a?



7. Meeshaalee kanneen armaan gadii keessaa kaarentii elektirkii safari isa kami?

A. Vooltimeetira

C. elektiroskooppii

B. Ameetira

D. Mootora elektirkii

8. Kubbaan xiqqoo poozatiiviin chaarjoftee jirti. Qaamni poozatiiviin chaarja'e gara kubbaa kanatti yoo dhihaate maaltu uumama?

A. Wal dhiibuu

B. Wal harkisu

C. Chaarjii wal qooduun hinbaabsawaa ta'u.

D. Homtuu hin uumamu

IV. Iddoowan Duwwaa Ta'an Jechoota Sirrii Ta'aniin Guuti.

1. Chaarjonne wal fakkaatan wal _____; chaarjonne wal hin fakkanne wal _____
2. _____ n maagneetii uumamaa dha.
3. maagneetonni nam tolchee _____ n yookiin immoo _____ n tolfamu.
4. Fiixeewwan maagneetotaa _____ jennee waamna.
5. Maagneetonni bocoota _____, _____, _____ fi (kkf)n tolfamu ni danda'u.
6. _____ meeshaalee yookiin wantoota kaarentii elektirkii of keessatti dabarsanii dha.
7. _____ n hamma chaarjii qixa dabarsoo tokko keessatti yeroo yuunitii tokko keessatti yaa'ee dha.
8. Chaarjii walii qoodanii chaarjeessuun _____ jedhama.
9. Qaamni tokko elektiroonota dabalataa yoo ofitti fudhate _____ n chaarja'eera Jedhama.
10. Ruuqoon atoomawaa hin chaarjooffamne yookiin hinbaabsawaa kan ta'e _____ jedhama.

V. Gaaffilee Kanneen Armaan Gadiitiif Deebiwwan Gaggabaabaa Kenni

1. Fiixeewwan lamaan maagneetii keessaa isa kam bantoo kaabaa akka ta'e akkamitti addaan baaftee beekuu dandeessa?
2. Seera maagneetiizimii ibsi.
3. Qaamolee barbaachisoo elektiroskooppii maal fa'i?
4. Wanta miti maagneetawaa jechuun maal jechuu dha.
5. Wantoota maagneetawaa ta'an sadii eeri.
6. Faayidaalee muraasa maagneetii tarreesi.
7. Wanti a) kuulombiin (c) fi b) Ampeeriin (A) safaramu maali?
8. Chaarjiin kuulombi 10 qixa dabarsoo tokkoo sekondii 2 keessatti yoo darbe kaarentiin uumamu hammam ta'a?

9. Kaarentiin qixa qabxii tokko keessaa sekondii sadif yaa'e Ampeerii 4 yoo ta'e Chaarjiin qixa sanatti yaa'e hammami?
10. Garaagarummaa dabarsoo fi ittisoo elektirikii gidduu jiru ibsi.
11. Daandii elektirikii tiriika harkaa qo'achuun fakkii isaa kaasi.
12. Qaamolee beekamoo elektirooskooppiin maal fa'aa akka ta'an fakkii kaasuun agarsiisi.
13. Garaagarummaan kaarentii koonveenshinaalii fi kaarentii elektiroonii gidduu jiru maali ?
14. Chaarjoonnii qaama tokko irraa gara qaama birootti akkamitti daddarbu ?
15. Rifeensa kee yemmuu filtu chaarjoonni rifeensa kee irraa gara filaatti kan daddarban ta'uun ni beekta. Rifeensa kee erga filteen booda mallatoon chaarjii rifeensaa fi filaa irratti argamu maal ta'a?
16. Afuuffee huccuu suufiin yookiin haxooftuun/daastariin/ yoo rigde negatiiviin chaarjeessuu dandeessa. Chaarjoonni dabalataa kunniin eessa irraa akka argaman ibsi.
17. Gochaawan armaan gadii keessatti wanta uumamu ibsi.
 - a) Ulee fullee rifeensaan/fur/ riguu.
 - b) Fulleen rigame kun qubaan yemmuu tuqamu.